QAACCESSA ERGAA DUBBII HAAROMSA SIYAASAA BARA 2010 HANGA 2011 GEGGEEFFAME (HAALA AANAA KIIRAMUU)

NIGAATUU DHEERESSAA ABDIISAATIIN

WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, HOGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATE

YUUNVARSIITII ADDIS ABABAA KOOLLEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

HAGAYYA, 2011/2019
FINFINNEE

QAACCESSA ERGAA DUBBII HAAROMSA SIYAASAA BARA 2010 HANGA 2011 GEGGEEFFAME (HAALA AANAA KIIRAMUU)

NIGAATUU DHEERESSAA ABDIISAATIIN

GORSAAN: DR. ADDUNYAA BARKEESSAA

WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, HOGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATE

YUUNVARSIITII ADDIS ABABAA KOOLLEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

HAGAYYA, 2011/2019
FINFINNEE

Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuun guuttachuuf Nigaatuu Dheeressaa Abdiisaa Mataduree:'' *Qaaccessa Ergaa Dubbii Haaromsa Siyaasaa bara 2010 Hanga 2011 Geggeeffame Haala Aanaa Kiiramuu''* jedhu irratti qophaa'ee sadarkaa ulaagaa Yuunivarsiitiin kaa'ame guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa_____Mallattoo_____Guyyaa_____

Qoraa keessaa _____Mallattoo_____Guyyaa_____

Gorsaa _____Mallattoo_____Guyyaa_____

Iitti gaafatamaa muummee ykn Qindeessaa sagantaa digirii lammaffaa (MA)

Axereeraa

Kaayyoon qorannoo kanaa dubbii haaromsa siyaasaa bara 2010 hanga 2011 irratti haala uummata aanaa Kiiramuu biratti mul'atu ergaa isaa xiinxaluudha. Kaayyoo kana galmaan ga'uuf, ragaaleen meeshaalee afgaaffii, mariigaree xiyyeeffannoofi daawwannaan waraabbii sagaleefi suuraan, yaadannoo gaggabaabaan funaanamanii gara barreeffamaatti jijjiiramuun kaayyoo qorannichaa akka galmaan ga'anitti mata duree addaa addaaatti qoodamuunii mala akkamtaan ibsuun qaacceffamanii jiru. Ragaan afwalaloofi hololoon, malleen dubbii, qoqqoodama seerluugaa, gurmaa'ina jechootaan haaromsa biyyaafi Naannoo Orimiyaa dubbiin ibsaman jijjiiramaafi rakkoowwan jiran raga himtoonni qorannichaa haala qabatamaa jiru irratti hundaa'uudhaan jedhanidha. Argannoon qorannoo kanaas itti fayyadama afaaniin, haaromsi sadarkaa biyyaatti taasifame kan jajjabee ffamuufi hanqinni qorannoofi hordoffii naannolee akka jiruufi haaromsa kan deeggaraniifi morman akka jiran dhiyeessa. Haaromsa siyaasa 2010 hanga ammaa taasifame waallee dubbiin ergaa isaan qaban ibsuuf yaaleera. Haaromsi sadarkaa Oromiyaa jiru gaarii ta'uufi Naannoo Oromiyaa rakkoon turuu ibsa.Haaromsa kana tarkaanfachiisuuf qorannoo cimsuun caasaa godinaaleetii hang gandaatti rakkoowwan sakatta'uu fayyadamummaa hawaasaa mirkaneessu qabu ni ibsa. Caalaatti haaromsa siyaasaa godina Wallaga Bahaa Aanaa Kiiramuu hanga gan dootaatti jirana akka hojii irra hin oolle, rakkoo siyaasaa diinagdeefi hawaasummaa furuuf mootummaan olaantummaa seeraa kabachiisuu, qorannoofi hordoffii cimsuu, fayyadamummaa uummataa mirkaneessuun akka qabu ibsa. Caalaatti godinaaleetii hanga gandoota teessoo wal jijjiirsisuu osoo hin taane haaromsa dhugaa geggeessuuf nama gahumsaafi aantummaa uummataa qabu haaraa muuduun barbaachisaa akka ta'e qorannichi ni dhiyeessa. Uummanni tokkummaadhaan qabsaa'uu, eeruu kennuun haaromsi siyaasaa sadarkaa gaariitti akka ce'uu danda'uufi ta'uu baannaan garuu kufaatiin sirnaa haaromsa akka qaqqabuufi kufaatii hamaa akka fidu qorannoo kun ni dhiyeessa.

Galata

Duraan dursee waaqayyo isa fayyaa naa laatee asiin nag'eef galanni koo guddaadha.Itti aansuun gorsaa koo Dr. Addunyaa Barkeessaa nuffii tokko malee gorsa barbaachisaa ta'eefi deeggarsa ogummaa qorannoo kanaa naaf kennan, na jajjabeessan, kana malees kitaabilee sakatta'a barruu mata-duree qorannoo koo waliin walqabatanis naaf kennuun dubbisee akkan qorannoo koo ittiin utubee hojjedhuuf waan na gargaaraniif galatoomaa ulfaadhaa jechuun barbaada. Isaan utuu hojiin addaa addaa itti baay'atuu obsaan hojii qorannoo ulfaataa kanaaf gumaacha guddaa waan nabiraa qabaniif isaanan kabaja.

Akkasumas, yeroon wixinee qorannoo kanaa dhiheesse, gorsa barbaachisaa ta'e waa'ee mataduree qorannoo kanaa naaf kennuun na gorsuun na jajjabeessan Dr. Tolamaariyaamiin galatoomaa jechuun barbaada.Saanis jabaadhee akkan hojjedhuufi mata dureen qorannoo koo kun haaraa ta'uun baay'ee kan nadhamaasu ta'uu natti himanii akkan itti yaadee xiyyeeffannoon hojjedhu na gorsaniiru.

Itti aansuun harmee koofi aabbaa koo utuu hin baratiin na barsiisuun sadarkaa kana irra na geessisan kabajamaan jedha. Kana malees maatii koofi obbolawwan koo deeggarsa garaagaraa naaf taasisan, keessattuu soddaa koo obbo Taarraqenyi Gammachuufi obboleettii koo Dr. Urgee Dheeressaa konpiitera naaf kennuun akkan ittiin baradhuufi qorannoo kanas ittiin hojjetadhuuf waan na gargaaraniif galatoomaa jechuun barbaada. Kana malees odkennitoota qorannoo koo raga guutuu qorannichaaf ta'u naa kennuun, yeroofi dandeettii isaanii osoo hin qusatiin waan na bukkee dhaabbataniif baay'een galateeffadha.

Baafata

Qabiyyee **Fuula**

Axereeraa i

Galata ii

Hiika Jechootaa vii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA 1

1.1. Ariirrata Qorannichaa 1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa 3

1.3. Kaayyoowwan Qrannichaa 4

1.3.1. Kaayyoo Gooroo qorannoo kanaa: 4

1.3.2. Kaayyoowwan gooree qorannichaa 4

1.4. Faayidaa Qorannichaa 4

1.5 Daangaa Qorannichaa 5

1.6. Hanqina Qorannichaa 5

1.7. Qindoomina Qorannichaa 6

1.8. Haala Argama Naannoo Qorannichaa 6

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU 11

Seensa 11

2.1 Yaadrimee Haaromsaa 11

2.1.1 Amala Haaromsa Siyaasaa 12

2.1.2. Barbaachisummaa Haaromsaa 12

2.1.3. Ilaalcha Haaromsa Irratti Jiru 13

2.1.3.1. Haaromsuu Akka lammii Gaarii Horachuutti Fudhachuu 14

2.1.3.2. Haaromsuu Akka Hojii Faayidaa Hawaasaa Mirkaneessuutti Ilaaluu 14

2.1.4. Haaromsitoota 15

2.2. Yaaxxina Qarannichi Hordofu 16

2.2.1 Fayyadama Xiinqooqa Sirnaawaa 16

2.2.2. Yaaxxina Illaanyaa 17

2.2.3. Yaaxxina Haalaa 17

2.3. Dubbii 17

2.4. Fayyadama Afaanii 21
2.4.1 Afwalaloo 22
2.4.2. Malleen Dubbiin 22
2.4.3. Qoqqoodama Seerluugaan Kan Walitti Dhufaniin 22
2.4.4. Haala Itti Fayyadama Gurmaa'ina Jechootaan 23
2.5. Qorannoowwan Barruu Walfakii 23
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA 25
Seensa 25
3.1. Mala Qoranichaa 25
3.2. Madda Ragaalee 26
3.3. Mala Iddattessuu 26
3.4. Irraawwatama Qorannichaa 26
3.5. Hirmaattota Qorannichaaf yeroo kenname 27
3.6. Meeshaalee Ragaaleen Ittiin Fnaaname 27
3.6.1. Afgaaffii 28
3.6.2. Mariigaree Xiyyeeffannoo 28
3.6.3. Daawwannaa 29
3.7. Mala Qaaccessa Ragaalee 30
BOQONNAA AFUR: RAGAALEE QAACCESSUU 31
Seensa 31
4.1. Fayyadama Afaanii Haaromsa 2010-1011 Geggeeffame Irratti Uummata Aanaa Kiiramuun 31
4.1.1. Afwalaloo Haaromsa siyaasaa 32
4.1.2. Malleen Dubbii 36
4.1.2.1. Nameessa 36
4.1.2.2. Iddeessa 37
4.1.2.3. Akkasaa 38
4.1.2.4. Eemitii 39
4.1.2.5. Habalaka 40
4.1.3. Qoqqoodama Seerluugaan Kan Walitti Dhufaniin 41

4.1.3.1. Taasifamaa 41
4.1.3.2. Irra deddeebii 42
4.1.3.3. Bamaqaaleefi walqabsiistota 42
4.1.3.4. Raawwima 43
4.1.4. Haala Itti Fayyadama Gurmaa'ina Jechootaan 44
4.1.4.1. Jechoota waliin deeman 44
4.1.4.2. Hiika Masoofi Faallaa 46
4.1.4.2.1. Hiika Faallaa 46
4.1.4.2.2. Hiika masoo: 48
4.1.4.3. Hiika heddee- Jechoota hiika lamaafi isaa ol qabanidha. Qorannoo geggeeffame kana keessatti jechoonni hiika lamaafi isaa ol qaban keessaa akka fakkeenyaatti armaan gaditti ibsameera. 49
4.1.5. Hololoo Haaromsa Siyaasa Bara 2010 Hanga 2011 Geggeeffame Irratti 50
4.1.5.1. Haaromsa Siyaasaan 50
4.1.5.2 .Haaromsa siyaasaa Keessatti Gama Diinagdeen 53
4.1.5.3. Haaromsa Siyaasaa keessatti Gama Hawaasummaatiin 54
4.2. Qaaccessa Ergaa Ragaalee Waallee Dubbii Haaromsa Siyaasa 2010-2011 55
4.2.1. Faaruu Haaromsa Akka Biyyaatti Taasifame Irratti jijijjiirama argame Ibsu 55
4.2.2. Faaruu Haaromsi Akka Biyyaatti Taasifame Diimookiraasiin Sirna Gadaa Irraa Akka Dhufe Agarsiisu ibsu 58
4.2.3. Afwalaloo Warra Haaaromsa Akka Biyyaatti Mormaniifi Gufachiisan Balaaleffachuu Ibsu 60
4.2.4. Afwalaloo Tabaallii Warra Haaromsa Akka Biyyaatti Simatan ibsu 61
4.2.5. Haaromsa keessatti Gaaffilee Uummata Oromo Akka Biyyaatti Hin Deebiin Jiran ibsuu 62
4.3. Qaaccessa Ergaa ragaalee waallee dubbii Haaromsa siyaasaa Akka Oromiyaatti 63
4.3.1. Afwalaloo Haaromsa Naannoo Oromiyaaf Shoora Obbo Lammaa Ibsu 63
4.3.2. Faaruu Haaromsa Naannoo Oromiyaa 2010-Ammaa Gootummaafi Tokkummaa Jiru Ibsu 65
4.3.3. Hololoo Haaromsa Naannoo Oromiyaan Geggeeffameen jijjiirama jiran ibsu 66

4.3.4. Afwalaloo Haaromsaa Bara 2010-Ammaa Akka Naannoo Oromiyaatti Komii Jiru Ibsu 68
4.3.4.1. Afwalaloo Haaromsi Naannoo Oroniyaa Gaarii Ta'uufi Komii Godinaa -Aanaa Jiru Ibsu 69
4.3.4.2. Haaromsa Naannoo Oromiyaa komii Bulchiinsaa Godinaa –Aanaa Kiiramuu Ibsu 70
4.3.4.3. Hololoo Haaromsa Naannoo Oromiyaa komii Hojii Dhabdummaan Aanaa Kiiramuun mul'atu Ibsu 73
4.3.4.4. Haaromsa Naannoo Oromiyaa Bu'uuraalee Misoomaan komii Godinaa -Aanaa Jiru Ibsu 74
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, BU'AA QORANNOO FI YABOO 76
5.1. Cuunfaa 76
5.2. Bu'aa Qorannoo 78
5.3. Yaboo 79
Wabiilee
Taatoo
DABALEEWWAN
DABALEE –B
Dabalee C. Daawwannaa
DABALEE –D

Hiika Jechootaa

Barreeffama qorannoo kana keessatti jechoota qorataan gargaarame dubbistootaa rakkisu jedhee yaade ifa akka ta'uufi hubatamuu danda'utti hiika isaanii waliin akka armaan gadiitti taa'aniiru.

Hiika Jechootaa

Akkayyoo- **kan kaayyoo qorannoo koo galmaan naaf ga'a jedhee mala qorataan itti fayyadamu**

Dirroojii - **qoqqoodama birkiilee hojii**

Wayyeebaan- **walfaana gareen jechuu**

Shira- **daba kan namni tokko isa biro irratti geggeessu**

Waallee- **ijaarsa dubbii (haasaa), barreeffamaafi mallattoo kan ilaallatu.**

Gaashiree- **kan hojii hin jaallanne**

Faallaa waliin alaa- **jechoota waliif faallaa ta'anii waliin deeman (wal ilaallatan)**

Haaromsa – **fooyya'iinsa (reformation)**

Faallaa qaraa- **jechoota waliif faallaa guutuu ta'an**

Salaabii- **hattuu (kan biyya hattu ykn gareefi nama dhuunfaa)**

Kalaqaa - **dandeettii addaa waa uumuu (afwalaloo sammuu keessa yommuu dubbiin burqisiisanii dubbatan)**

Birmadummaa- **mirga diimookiraasiifi uumamaan kabajamuu**

Asxaa- **mallattoo hawaasni tokko ittiin beekamu**

Hiikaheddee- **jechoota hiika lamaafi isaa ol qaban**

Qaaccessa- **xiinxala (kan dubbii, barreeffamaafi mallattoo) ta'uu danda.a.**

Afheddee- **namoota dandeettii afaanii lamaa ol qaban**

Addaggee- **gurxee (nyaara haaddattee, kan safuu hin beekne)**

Masoo loogaa- **jechoota moggaasa garaa garaa qabaatanii hiikaan tokko ta'an.**

Masoo fayyadamaa- **jechi tokko yeroo yaadrimee (galumsa) addaa addaan hiika addaa qabaatu.**

Gungumuu-hamachuu

Gabaajee

Tv- **televizyinii**

K.k.f- kan kana fakkaatan

Dh.D.U.O- Dhaabbata diimookiraasii Uummata Oromoo

A.L.A.- akka lakkoofsa Awuroophaatti

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Boqonnaan kun adeemsa saayinsii qorannoo keessatti qabiyyee akka bu'uuraatti dhiyaachuu qaban hammatee jira. Qabiyyeewwan asjalatti hammataman: ariirrata, Ka'umsa, gaaffilee qorannoo, kaayyoo, barbaachisummaa, daangaa, hanqina, qindoomina qorannichaafi haala argama naannoo qorannichaa qabatee kan argamudha. Isaan kunniinis kutaa kutaa isaanii keessatti addeessamaniiru.

1.1. Ariirrata Qorannichaa

Namoonni dubbiin afaanitti gargaaramuudhaan miira, ilaalcha, gammachuu, gaddafi kan biro afaaniin ibsatu.Kunis ergaa barbaachisaa ta'e ittiin dabarfatu jechuudha.Tajaajilli afaanii inni jalqabaa walqunnamtii ykn waliigalteef ooluudha.Afaan meeshaa walqunnamtiitiif ibsituu eenyummaa saba tokkoo ta'uun shoorri inni jiruufi jireenya hawaasa tokko keessatti qabu oolaanaadha. Kitaaba Afaan Oromoo 9, (2005:4). Yaaduma kana kan cimsu Hoffman (1991) "Language has always been used both as a means of communication and as asymbol and group identity.''Akka yaada kanaatti, afaan yeroo mara akka meeshaa walqunnamtiifi mallattoo eenyummaa saba tokkoo ta'ee tajaajiluu isaa hubanna. Afaan waahallee kan itti jiraatani jireenya, yaada kanarraa afaan waan hunda kan.hammatu ta'uu, jiruufi jireenya namaa kan ittiin ibsamu,akkasumas, jiruufi jireenyi namaa kan ittiin geggeeffamu ta'uu hubanna kana malees; afaan karaa ittiin odeeffannoon qaama tokkorraa kan birootiif darbu qofa osoo hintaane, qaamolee hawaasaas ta'e hawaasa tokko kan biroo wajjiin, walitti fiduuf kan tajaajiludha

Dhimma kana ilaalchisee hayyuun Hudson (1996:230) yoo ibsu, "The social functions of language are the ways in which we use language to give our view of our relationships to other people" jedha. Namoonni sadarkaa adda addaa hawaasa keessatti argaman maaliif bifa gara garaatiin akka dubbatan, afaan tajaajila hawaasummaa akkamii akka kennu, kutaa hawaasa adda addaa biratti ergaa akkamii akka qabu baruuf immoo gaaffilee handhuura xinqooqa hawaasaa kan ta'an eenyutu, maaliif, haala akkamii keessattifi eessatti akka dubbatamu beekuun barbachisaadha (Clark:1996, Fishman: 1971, Wolff: 2000). Dhimmi afaan keessaa hafe hin jiru: kallattiinis ta'ee alkallatiin jiruufi jireenyi dhala namaa afaanirratti ijaarame. Afaan malee waanti hojjetamu tokkollee hin jiru. Haaluma kanaan hawaasni gosa hojii garaa garaatti bobba'ee jiraata. Bakka hojii isaatti ammoo, dubbiidhaanis ta‟ee barreeffamaan wal-qunnamtii

nitaasiisa.Wal-qunnamtii kana keessatti afaan bakka hojii sanaa gahee guddaa qaba. Qorataanis qorannoo haaromsa siyaasaa afaaniin bifa dubbii haaromsa 2010-2011 akka biyyaafi Naannoo Oromiyaatti irratti godina Wallagga Bahaa aanaa Kiiramuutti waan uummanni aanaa kanaa jedhan qorachuuf yaaleera.

Kana irraa waanti hubatamu afaan tajaajila hedduu qabaachuu dha. Kunis uummanni tokko bifa barbaachisummaa isaatiin akka itti dhimma bahu dha.Kana jechuun, ilaalcha isaa, waanta itti dhagahame, gadda, gammachuu, yaada garee, dhuunfaafi k.k.f. ittiin ibsachuu akka danda'ani dha.Siyaasnis jiruufi jireenya keessaa tokko waan ta'eef, haaromsa siyaasa 2010 hanga ammaa ibsuu keessatti afaan gahee ol aanaa qaba. Qorataanis uummanni dubbii haaromsaa akkamitti akka haaromsa 2010 -2011 ibsanergaa isaa qorachuuf yaaleera.

Mohaamed (2007:109) "Sirna gita bittaa Nafxanyaa, Itoophiyaan mana hidhaa sabaafi sablammiifi cubbuun itti mo'e, uummanni biyyattii garbummaa jala turan hundi sirna bulchiinsa garboonfataa kana jalaa bilisa bahuudhaaf qabsoo hidhannoo geggeessaa turan "jedha. Akkasumas Darajjee (2010:102) "Biyyi keenya Itoophiyaan waggoota 27 guutuu siyaasa baay'ee rakkisaa keessa turte.Keessattuu Noonnoo Oromiyaa keessatti namoonni baay'een kan siyaasaan hidhaman baay'een kan du'aniifi haalonni baay'ee rakkisoo turan ",jedha.Yaada kana irraa mootummoonni Itoophiyaa haaromsa duraa sirna bulchiinsa gabroonfataafi uummata sadarkaa oliin gara gadiitti dirqamaan ajajuun akka bulchaa turaniifi uummanni immoo akka falmachaa ture hubanna.

Asaffaa Jallataa kitaaba isaa'ogummaa' jedhu keessaatti kan inni kutattoonni sabboontota oromoo miliyoonaan lakkaa'aman oromummaa guddisuufi hawaasa isaanii saamichaafi waanjoo hacuuccaa jalaa bilisa baasuuf lubbuu isaanii aarsaa godhaniiru. Kaan immoo dararaafi salphinaafi hidhaadhaaf saaxilamaniiru (Asaffaa, 2007:245). Quuqqaa kana irratti uummanni ka'ee diddaa fincila garbummaa geggeesseen jijjiiramni haaromsaa akka dhufe hubanna. Haaromsa jechuun immoo waan duraan ture tokko irra deebi'anii fooyyessuu ykn haaressuu jechuudha.Kunis qulqullina hojichaa ilaaluun akkasumasa qorachuun haaressuudha.Kana malees Haaromsa jechuun waan tokko waan biroon bakka buusuun haala ijaarsa waantichaafi iddoorakkoo isaa suphuu jechuudha (http:www marriam wabstercom).

> *Moodelii haaromsaa faayidaa hawaasa bal'aa mirkaneessuuirratti kan hunda'aniidha jechuun ni danda'ama. Namootni gurmaa'uun hawaasa uumanii waliin jiraachuu erga eegalani as nageenya, qabeenyaafi lubbuu isaanii kabachiifachuuf jecha seera tumachuufi mootummaa hundeessuu jalqaban. Hundeeffamuun mootummaa gochaan hawaasa miidhu akka balaaleffamuu fi yakki akka Ittifamu gochuurratti xiyyeeffachuu eegale. Haala yakka ittiin ittisa keessaa inni beekamaan tokko nama yakka raawwate adabuu dha. (Bultii 2006).*

Yaada kana irraa kaayyoon isaa ammoo nageenya hawaasaafi mootummaa mirkaneessuudha. Kanaafuu qorataan haaromsa 2010-2011 irratti dubbii haaromsa siyaasaa qorachuuf yaaleera. Egaa xiyyeeffannoon qorannoo koo waallee dubbii waan ta'eef, hayyoonni waallee dubbii ibsan, Crstal (1995) waalleen dubbii dubbataan haala uumame irratti hundaa'ee, akka isaaf mijatutti kan yaada isaa dhaggeeffataa waliin waljijjiiru akka ta'e ibseera. Akkasumas Fennegan (1977:11) Afwalaloon karaa ittiin waraananiifi miira ofii ibsatan keessaa tokko akka ta'e ibseera. Kanamalees Fennegan (1976) faaruun dhimma yeroo ibsuufi yaada uummataa beeksisuu akka danda'u addeesseera.Anis kan Ummanni dubbii afwalaloofi hololoon haaromsa ibsan qaaccessuuf yaaleera.

1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Namoonni afaanitti haala addaa addaan gargaaramu.Haaluma kanaan qorataan uummanni haaromsa siyaasaa bara 2010 as geggeeffame irratti gunguman arge. Kunis bara 2010 baatii caamsaa keessa magaalaa Aanaa Kiiramuutti, namoonni bakka buna dhuganittiifi barsiisonni immoo mana barumsaa kiiramuu sadarkaa lammaffaa istaafii qorataa keessatti haaromsi akka Federaalaafi Naannoo Oromiyaatti ta'etti gammaduun dudubbatanii, haaromsi kun immoo hojiirra oolmaa irratti qaawwa akka qabuufi kanneen haaromsa taasifamaa jiru mormanis akka jiran akkasumas haaromsi kun hojii jalqabbii agarsiisee akka jiruufi ammas hawaasni haaromsatti akka hinquufne haasa'an dhaga'e. Keessattuu godinaaleetii kaasee hanga Aanaatti hojiittii hiikamee akka hin jirre haasa'anii" haaromsi mataa malee miilla hin qabu" jedhan argee dhaga'e.Qorataan quuqama dhugaan iddoo hundatti hojiitti akka hiikamuuf hawwiifi kaka'umsa guddaa qaba. Kunis Oromiyaa jijjiiramteefi biyyi guddatee mirgi uumamaafi diimookiraasiin itti dagaage arguuf fedha guddaa qaba.

Haaluma kanaan qorataanis kana dhaga'ee quuqama dhugaafi aantummaa uummatasaaf qabuun dirqamee dubbii haaromsa bara 2010 hanga 2011 filatee qorannoo geggeessuun, haaromsa kana saayinsii qorannoon deeggaree, haaromsi sadarkaa biyyaatii fi Naannoo Oromiyaatti

geggeeffame haala Aanaa Kiiramuun maal akka fakkaatu kan uummatichi jedhu qoratee jijjiirama jiru, rakkoo jiruufi falli isaa maal akka ta'es adda baasuuf kaka'umsa godhatee, qorannicha ragaan mirkaneessee qoratee qaaccessuuf yaaleera. Kunis jijjiiramni haaromsaan jiru maal akka ta'ee fi rakkoonis maaltu akka jiruufi bu'aan qorannoo bira ga'amee yaada furmaataadha jedhamee kan yaadames gabaasa qorannichaan taa'eera gaaffelee Qorannichaa

1. Haaromsa siyaasa 2010 hanga 2011 sadarkaa biyyaatti taasifame irratti uummatni Aanaa Kiiramuu akkamiin ibsu?
2. Haaromsa Siyaasa 2010 hanga 2011 Mootummaan Naannoo Oromiyaa geggeesse irratti uummanni Aanaa Kiiramuu akkamiin ibsu?
3. Haaromsa siyaasa 2010 hanga 2011 taasifame irratti kan uummanni Aanaa Kiiramuu jedhu ergaa akkamii dabarsa?

1.3. Kaayyoowwan Qrannichaa

1.3.1. Kaayyoo Gooroo qorannoo kanaa:

Dubbii haaromsa siyaasaa bara 2010 hanga 2011 geggeefameen haala Aanaa Kiiramuu biratti ergaa mul'atu xiinxaluu dha.

1.3.2. Kaayyoowwan gooree qorannichaa

1. Haaromsa siyaasa 2010 hanga 2011 sadarkaa biyyaatti taasifame irratti kan uummanni Aanaa Kiiramuu jedhu ergaa isaa addaan baasuu.
2. Haaromsa siyaasa 2010 hanga 2011 sadarkaa Naannoo Oromiyaatti taasifame irratti kan uummanni Aanaa Kiiramuu jedhu ergaa isaa tarreessuu.
3. Haaromsa siyaasa 2010 hanga 2011 taasifame irratti kan uummanni Aanaa Kiiramuu jedhu ergaa inni dabarsu ibsuu.

1.4. Faayidaa Qorannichaa

Faayidaa qorannoon kun qabu kan armaan gadiiti.Kunis:

Itti fayyadama afaanii

- ✓ Namoota qorannoo kana dubbisaniif hubannoo wa'ee dubbiin itti fayyadama afaanii ni kenna.

- ✓ Haaromsa Siyaasaa Naannoo Oromiyaa 2010-2011 geggeeffame keessatti jijjiiramaafi qaawwa jiran eeruun qaama dhimmi isaa ilaaluuf galtee ta'ee fayyada.
- ✓ Namoota gara fuulduraatti qorannoo mata duree kana waliin walfakkaatu irratti geggeessaniif.
- ✓ Hiika dubbii haaromsa siyaasaa 2010-2011 gama malleen dubbiifi biroon jiru hiika itti kennuun qopheesitoota barnoota Afaan Oromootiif.
- ✓ Qabsoon haaromsa siyaasaa gara fuulduraa maal ta'uu akka qubu kallattii kaa'uun uummata Itoophiyaaf.
- ✓ Warra Afaan Oromoo, Seenaafi barnoota lammummaafi amala gaarii barsiisaniif.

1.5 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun qaaccessa ergaa dubbii haaromsa siyaasaa 2010 hanga 2011 geggeeffame irratti haala Aanaa kiiramuu irratti kan daangeffame dha. Mataduree kana ilaalchisee dubbiin haaromsa siyaasaa sadarkaa biyyaafi Oromiyaatti jiru irratti raga dubbiidhaan funaannachuudhaan ibsuun qaaccessuuf yaaleera. Kunis kan daangefame kana caalaa yoo bal'ate yeroo dheeraafi maallaqa guddaa akkasumas meeshaaleefi humna hedduu waan gaafatuuf. Akkasumas odeeffannoo odkennitoota sadarkaa biyyaa, naannoo, godinaafi aanaa mara irraa meeshaalee odeeffannoo qoranichaaf taa'aniin funaananii qindeessanii qaaccessuun waan ulfaatuuf. Kanaafuu qorannoon kuun Afaan Oramootiin dubbii siyaasaa haaromsa bara 2010-ammaa akka biyyaafi Naannoo Oromiyaatti geggeeffame haala Aanaa Kiiramuu irratti daanga'ee qorannoon geggeeffamee gabaasni qorannoo kun qophaa'eera.

1.6. Hanqina Qorannichaa

Hojii kana keessatti qoratichi rakkoolee mul'atan maksee ifatti baasee, qorannoo amanamaafi dhugaa irratti hundaa'e akka ta'u yaalii yoo taasiseyyu; hanqinoonni mul'atan jiru.Hanqinoonni mul'atan kunis qorannichi mata duree haaraa ta'uun qorannoon mata duree kana irratti kan geggeeffame dhubuufi kitaabilee mataduree kana irratti barreeffaman hedduu dhabuun kan walqabataniifi hanqinoota yeroo waliin kan walqabatanidha. Akkuma beekamu hojiin qorannoo tokkoo hojii yeroo ga'aafi meeshaalee ga'aa barbaadudha. Haata'u malee qorannoo kana hojjechuuf hanqinni gama yeroo mul'atus jira.Kunis utuu hojii mootummaa hojjetanii qorannoo geggeessuun ni ulfaata.

1.7. Qindoomina Qorannichaa

Gabaasni qorannoo kun kutaa ykn boqonnoo shan qaba.Boqonnaan duraa: ariirrata (seenduubee), ka'umsa qorannoo, barbaachisummaa daangaa, hanqinafi hiika jechootaa kan qabatedha. Tokkoo tokkoo isaanii jalatti qabxiiwwan calla barbaachisoo ta'an kan jiran yeroo ta'u, kanneen qaaccessa yaadolee ijoof shoora guddaa kanneen taphatan ta'u. Boqonnaan itti aanu kitaabilee wabii ijaarsa qorannichaa utubuun ga'ee qaban ilaallata.Sadaffaan malleen qorannichi ittiin geggeeffame kan ibsudha.Arfaffaan qaaccessa ragaalee irratti xiyyeeffata.Ragaaleen argamanis kallattii kaayyoowwan gooree yaadrimee qorannichaa walsisiifamanii argamu.Inni dhumaa cuunfaa, argannoofi yaada furmaataa ykn yaboo kan qabate dha. Xumurarratti wabiilee, dabaleewwan gabateewwanii, gaaffilee qorannoo, maqaa taattoowwwaniifi seenduubee namoota yaada ibsaniifi ragaalee dubbii haaromsaa bu'uura qorannichaa kallattii qorannichaan qindaa'an hammatee jira.

1.8. Haala Argama Naannoo Qorannichaa

Biyyi Itoophiyaa jedhamtu keessa sabaafi sablammoonni hedduu ta'an kallattii garaagaraatti tamsa'anii akka jiran ni dubbatama. Tilahun (1992:21) uummanni biyya itoophiyaa keessa jiraatu qomoo addaa addaa irraa kan maddedha. Isaanis Oromoon jalqaba kan jiraachuu eegale, kutaalee wallaggaa, Iluu Abbaa Booraa, Jimmaa, Shawaa, Arsii, Baalee, Haarargee, Walloo, Booranaafikutaa Kibba Dhiyaa, Gojjam keessadha jedhu. Akka ibsa hayyoota kanaatti qoqqooddiin godinaalee kunis kan ta'e Oromiyaa, bara sirnoota darbanii dachee bal'aan ibsamaa turte kan hammatedha.Yeroo sirna ammaa kana keessa godinaaleefi Aanolee hedduun isaanii Bahaafi dhiya, Kaabaafi Kibba akkasumas moggaasa biroon waamamaa akka jiran beekamaadha Tesema, (1980:21) Oromoon kallattii addaa addaan sababoota diinagdeefi baayina lammii isaa abbaa qabiyyee lafummaa mirkaneeffateera jechuun ibsa. Caasefamni hidda latiinsa Oromoo kunis Oromoo irraa ka'ee, Booranaafi Baarentuun, Boorana irraa Tuulama, Baarentuu irraa macci akka dhufaniifi haaluma kanaan caasichi kan itti fifu ta'ee Oromoon Kiirumuu immoo caasaa hidda latinsa Gidda irraa dhufe (Jabeessaa 1995).

Bifa fakkiin:



(Madda jabeessaa 1995).

Waajjirri Aadaafi Turiizimii aanichaa odeeffannoo maanguddoota yeroo garaagaraa argatee galmeessee jiruun hiddi latiinsa qomoo kana sirrii ta'uu karaa obbo Zalaalem Moosaa hoogganaa waajjirichaa aadaafi turiifimii aanichaa ibsameera.Asaffaan (1995:2) amantaa hawaasa aanichaa ibseera. Akka ibsa isaatti 'ortodpksii ', pirootestaantii 'fi' waaqeffataa 'dha. Maddi galii hawaasa aanaa Kiiramuu inni guddaan qonnaafi horsiisa looniiti. Hojii ogummaa keessaa muraasni: kanneen akka huccuu dhahuu, (jaliila, bullukko*o*, balee, Wandaboo, sabbata), sibiilatumuu, (qubeelaa, alboo, hambaarrii, madabii, eeboo, ankaassee, haaduu, qottoo, tuggii, maakkee,

qiyyii,…) hodhaa migirarraa hojjetamu (gundoo, mosobii, qolomshaashii igilgilii, gingilchaa) fa'a dha.

Uummanni Oromoo Aanaa Kiiramuu akkuma Oromoo biroo sochii siyaasdiinagdee keessatti ni hirmaata. Kunis cunqursaa sirnaan gabrummaa haaromsa dura tureef kan fincilaafi warraaqaa turedha. Keessattuu haaromsa siyaasaa 2010 dura warraaqsa ciniinsuu geggeessaa ture. Kana keessatti namoonni baay'een hidhamaa, reebamaa kan turanidha. Miidhama qaamaafi sammuu qofa osoo hin taane barataa kutaa kudhanii qeerroo barata kudhanii tokko itti wareegeera.Kunis qeerroon aanaa Kiiramuu hiriira nagaa bahuun "daawon daawon wayyaanee "jechuun bara 2009 baatii waxabajjii keessa osoo faaruun dabaalanii fincilaa jiranii humni waraana mootummichaa rasaasaan dhahee ajjeese. Fedhiin uummata aanaa kanaa haaromsi akka taasifamuufi mirga diimookiraasiifi uumamaa uummanni Oromoo akka gonfatuuf ture. Haata'u malee erga haaromsa 2010-2011 taasifamee haaromsi sadarkaa Federaalaa fi naannoo gaarii ta'us sadarkaa godinaaleetii kaasee hanga gandootaatti haaromsi miila akka hin godhanneefi gama fayyadamummaan uummataan rakkoon akka jiru ibsa. Kanaafuu haaromsi dhugaan hundeen akka geggeeffamu barbaadu.

Qonnaa keessatti yeroo waktii arfaasaa ooyiruu bal'inaan qotuun,: xaafiiadiifi diimaa garbuu, qamadii, daagujjaa, boqqoloo, boobee, talbaa, saalixa, nuugii, baaqelaafiatara oomishu. Kanamalees horsiisni beeyiladaa: loon, re'ee, hoolaa, harree, lukkuufi kaannisani bu'uura olaanaa ittiin jireenya hawaasaa aanichaati. Bu'uuraaleen misooma aanichaa mootummaafi uummataan kan kan deeggaranidha. Haaluma kanaan manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa, lamaffaafi qophaa'inaa, buufata fayyaa, gorsitoota ogeeyyii qonnaafi tajaajilli human ibsaa irra caalaa gandeen aanichaa kan qaqqaban yeroo ta'u, rakkoon gama bishaan qulqulluu immoo hammaatee bal'inaan kan mul'atudha. Hanga ammaaatti hawaasni hedduun bishaan lagarraa waraabee fayyadama.Burqaa bishaanii malee bishaan eelaa kan fayyadamu hin jiru.

Hirmaannaan hawaasummaa bal'inaan ni mul'ata. yeroo gaddaas ta'e gammachuu waliin qooddata. Hojii humnaa daboon walgargaaru.Yeroo gaa'elaa gumaata walii kennuun walbareechu.Gadda irratti dhiiraafi dubartiin bahanii hirmaachuun maatii warra boo'ichaa ni jajjabeessu. Guyyaa ayyaana waggaa akkaataa walitti siqeenya manaafi firoomiin walmaamanii walafeeruun bashannanu. Akaakuun nyaataafi dhugaatii iddoo kanatti baramoo ta'an jiru.Isaan keessaa: buddeena, cumboo, marqaa eelee, qorii, cukkoo, tussoofi cafaqoon isaa beekamoodha.

Gosoonni dhugaatiis, farsoo, qunduftii, daadhii (booka) mana dhuunfaattis ta'e mana daldalaatti kanneen qophaa'anidha. Baay'Ina uummata aanaa Kiiramuu raga waajjira misoomaafi maalaqa diinagdee irraa argameen dhiira 38,690fi dhalaa 43,882 waliigalatti 82,572 akka ta'e ibseera.

Argamni aanaa kiiramuu akka armaan gadiitti ibsama.Aanaan Kiiramuu naannoo Oromiyaa, godina wallaga Bahaa gara kaabaatti daandii konkolaataa guddaa gara naannoo Amaaraatti bishaan Murmur (Abbayyaa) kutee deemu irratti argamti. Magaalaa guddoo biyyattii Finfinnee irraa magaalaa Naqamtee keessa darbee yeroo deemamu kiloomeetira 445 gaafatti.daandiin guddaan Naqamtee kaasee hanga Bureetti KM 250 dheerattu ispaaltiin reefuu waan jalqabamuuf deemuuf nuffisiisaadha. Aanaan Kiiramuu bara 1990 Aanaa Giddaa Ayyaanaarraa kan cite dha. Haadhuura magaalaa isheerraa kaasuun yeroo ilaalamtu, karaa kaaba naannoo Amaaraa, ykn laga Abayyaan, Kibbaafi Dhihaan Aanaa Giddaa Ayyaanaa, Bahaan Aanaa Amuuruu , Kibba Bahaan aanaa Abee Dongoroofi Jaartee Jaardagaan daangeffamti.

Haalli qilleessa ishee baddaa, badda dareetiifi gammoojjiidha. Akka odeeffannoo Waajjira qonnaa aanichaa irraa argameen ol ka'insi lafashee sirrii irra galaanaan yeroo madaalamtu meetira 50dha. Teessumni dachee ishee gandeen muraasa kan qabate baddaa yeroo ta'u, kunis tabbaafi diriiraa qonnaaf toludha. Gandeen lafa bal'aa cufanii argaman immoo badda dareefigammoojjiidha. Isaanis goodaa diriiraa qonnaa midhaan gammoojjiifihorii furdisuuf tolan ta'anii mul'atu. Lageen gurguddoo sadii aanolee Ollaa wajjiin ishee daangessan ni jiru. Laga Abbayyaa, waraabessaafilaga Angar jedhamanii waamamu.

Moggaasa maqaa kiiramuu ilaalchisee walmormiin yaadaa yoo jiraateyyu dhuma irratti yaada tokkoon goolabameera. Kunis akka odkennitoonni marii garee ganda kiiramuu 01 gaaffiifi deebii ta'een mirkaneessaniin "Kiiramuu" kan jedhu maqaa namaa ilma Jiddaarraa dhalate ta'uun ibsameera.

Ragakennitoonni koo kanneen biroo immoo bara lolaa sana duras maqaan kun jira jechuun yaadicha mormu Mootonni Oromoo naannoo kana bulchan of danda'anii jiru. Daangaan Oromoo fi Amaaaa bishaan Abbayyaati. Karaa aanaa Eebantuu bishaan ceenee lafa qabna.Matakkaliifi Dibaaxeen kan Oromooti jechuun ibsu. Kanaafuu 'Kiiramuun' moggaasa lafaa ykn waan biroo utuu hin ta'iin qomoo lammii Oromoorraa dhufedha. Sanyiin warra Amaaraa senaa hawaasa Oromoo aanaa kanaa gara kan isaaniitti harkifachuu yaalaa akka turan (obbo Dhugaasaafi Obbo

Himiruu Yaadataa) bal'inaan mormanii ibsaniiru.Isaanis bara waraana "Imbaaboo" seenaa sana dura qorowwan Oromoo naannoo naannoo isaanii bulchan adeemsa kutaa bulchiinsaa babal'ifachuu keessatti waraana walirratti bananii fardaafi eeboodhaan yeroo turan maqaan "kiiramuu" akkasumaan beekama jedhu. Walumaagalatti Oromoon Oromummaa isaa waan ittiin raggaasifamtu eenyummaa isaaf iddoo guddaa akka kennu ibsaniiru.

Anaan Kiiramuu qilleensa baramaa baddadareefi gammoojjii kan qabdu yoota'u, bal'ina lafa waliigalaa hektaara 107110 keessaa badda dareen %57.3 yoota'u, gammoojjiin %42.7 uwwisa. Haaluma kanaan, aanaan kun waggaatti ho'a giddugaleessaan argattu yeroo ilaalamu olaanaan digirii seelishiyeesii 29 gad anaan Digirii selishiyeesii 15 ta'uu isaa akkasumas roobni aanaa kana keessatti roobu waggaatti giddugaleessaan inni guddaan millii meetira1800f**i** inni xiqqaan millii meetira1500 ta'a. Lafa waliigalaan aanaan kun qabdu keessaa,%59.8 kan ta'u qonnaaf,%14.83 dheeddichaaf, %2.9 bosonafi %22.4 lafoota adda addaa jedhamuun lafa akka tulluu, hallayyaa, caffeefi kkf of keessatti qabatetti qoqqoodamuu jirachuu isaa ragaan waajjira lafaafi eegumsa naannoo aanaa Kiiramuu irraa gaafa 27/8/20211 argame niagarsiisa.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

Seensa

Boqonnaa kana jalatti irra caalaatti qabxiilee bu'uuraa sadiitu ibsame.Isaanis: Jalqaba irratti yaad rime mata duree qorannoo kanaatu ibsame. Lammaffaa irratti immoo yaaxxinoota qorannoon kuun irratti bu'uuraffame hojjetametu ibsame .Kunis gabaasa qorannoon mata duree qorannoo kana waliin kan deeman yaadni hayyootaa qorannicha utubaniiru. Kanamalees sadaffaa irratti sakatta'a barruulee addaa addaa mata duree qorannoo kana waliin deemaniifi deeggaran addaa addaa sakatta'uun dhiyaataniifi qorannoowwan mataduree qorannoo kana faana walsiman skattaa'amanii qorannoolee mataduree kanatti dhiyaatantu walfakkeenyaafi garaagarummaan isaanii ibsamanii dhihaataniiru.

2.1 Yaadrimee Haaromsaa

Jecha haaromsa jedhu kitaabota adda addaa haala tokkoon hin ibsan**.** Fakeenyaaf, guuboon jechootaa '*The American Heritage Dictionary'* jedhamu haaromsa jechuun "Toofataa wallaansaa fi leenjii qalamaa fi ogummaa adda addaatti fayyadamuun gara haala gaarii, dandeettii fooyya'aa jireenya bu'a-qabeessa ta'etti deebisuu jechuudha" jedha (Bultii 2006:11) . Jechi Afaan Ingilizii "rehabilitation" jedhu immoo afaan Latiin irraa madde. Innis, maxxantuu duraa "re" fi jecha ."habitare" jedhaman irraa ijaarame. "Re" jechuun *lammata ykn irra deebii* jechuu yoo ta'u "habitare" jechuun ammoo *simsiisuu, wal-taasisuu ykn wal-fudhachiisuu* kiika jedhu kenna. Kanaaf, "rehabilitation" jechuun bakka duraan ture irraa wanta sababa adda addaatiin gadi bu'e bakka duraan turetti ykn sadarkaa gaariitti ol-guddisuu (fooyyessuu) jechuu dha (Bultii 2006).

Haaromsa jechuun yoo waanti tokko akka fooyya'uuf qaamni sochii godhu jiraate kan geggeeffamudha.. Kunis haalli haaromsaaf mijeessu yoo jiraate waanti tokko irra deebi'amee jalqabaa kaasee ijaaraminsi waantichaa kan haareffamu ykn foomyyeffamudha. Kuis yommuu sochiiwwan, haalawwan ykn deemsi waan tokkoo dhaabbatu, haaromsi waldhabdee ykn waaligaltee duraanii kan geggeeffamu akka ta'edha. Karaa biraa yommuu waliigaltee tokko raawwatamu waliigaltee seera qabeessaa waan ta'eef, hanga dhuma waliigaltee sanaatti hojiirra oolee, sanaan booda immoo waliigaltee sana haaressuun akka danda'amuufi waliigaltee yeroo irratti hundaa'ee raawwatama (https:wwwcollidisdicionary com).

Hima biraan, nama seera cabse nama seera kabaju taasisuun hojii tokko kan battalatti hojjetamee kaayyoo guddaa kana galmaan gahu miti: adeemsa mataa isaa danda'ee dha. Haaluma kanaa, guuboonjechoota seeraa '*Black's Law'* jedhamu ammoo jecha "haaromsa" jedhuuf hiikkoo yoolaatu, "Adeemsa amalaa fi ilaalcha nama yakka raawwate fooyyessuun jireenya hawaasummaa namni sun jiraatu keessatti yakka kan biraa deebi'ee akka hin raawwanne taasisuuf adeemamuu dha" jedha. Barreessitootni baay'een adeemsa kana "reformation" jedhanii waamu yaad-rimeen jecha "rehabilitation" jedhuu fi "reformation" jedhu irraa maddu ergaa tokko dabarsa (Bultii 2006).

Bu'uura kanaan dubbii haaromsaa bara 2010-2011 keessatti geggeeffameen kan Uummanni Aanaa Kiiramuu bifa hololoofi walaloodhaan ibsan addaan ergaan isaa addaan baafamee ibsameera.

2.1.1 Amala Haaromsa Siyaasaa

Llaalchi ykn yaanni ammayyaa'aan kan inni agarsiisu amala bulchiinsa gaarii dha. Kunis firii hawaasummaa gaariifi dorgommii siyaasaa bal'isuu qaba. kunis kan ta'u, humna hirmaachisummaa guddisuun aangoon nama hundaaf banaa ta'uun dirreen diimookiraasii yoo dagaagedha. Inni faayidaa jaallatamaa kan qabaatu bulchiinsi gaariin yoo waantoota hundumaa kallattii sirriin walqabate ykn hojjetedha. Uummta giddugaleessa godhachuun gatii kennuun bulchiinsaaf xiyyeeffannoo gochuun seerota gadi diriirsuun hojiirra oolchuu dhiisuuniifi ilaalchi badaan garuu waldhabdee fiduu danda'a (Montesonot 2010).

Kana irraa ka'uun siyaasni waamara akka ta'e hubachuun nidanda'ama.Kunis gama bulchiinsaa, diinagdeefi hawaasummaan ilaaluun ni danda'ama. Qorataanis haaromsa siyaasa bara 2010-ammaa taasifame qabxiilee kanneeniin amala akkamii akka qabuufi bulchiinsi amma jiru maal akka ta'e dubbiidhaan akka Aanaa Kiiramuutti uummanni maal akka jedhu raga iddattoowwan qorannichaa irraa argameen qaaccessuuf yaalameera.

2.1.2. Barbaachisummaa Haaromsaa

Dimookiraasiin hirmaachisummaa, iftoomina, diimookiraatawaa, ittigaafatummaa,walqixummaa fi olaantummaa seeraa irratti hundaa'a. Bulchiinsa gaarii galmaan ga'uuf hojmaata uummataa keessatti mootummaan uummataaf iftoomina qabaachuu, uummannis mootummaaf iftoomina

qabaachuudha (Conistitution 1995). Darajjee (2010:87)" Dhukkuba hamaa gosummaafi gooxii kan Itoophiyaatti fide wayyaanee dha" jedha. Kunis waggoottan 27 guutuu aangoo giddugaleessa godhatee biyya saamuufi jeeqaa kan ture ta'uu isaati. Kanaafuu qorataan rakkoo tureef jijjiiramni argamuu isaa Waallee siyaasaa: qaaccessa qabiyyee dubbii haaromsaa 2010-ammaa haala Aanaa Kiiramuun haaromsa akka biyyaafi Naannoo Oromiyaatti geeggeeffame irratti Godina Wallagga Bahaa haala Aanaa kiiramuun hanga gadiitti haaromsa keessatti iftoominni hojmaata biyyaa jiraachuufi dhiisuusaa qaaccessuuf yaalameera.

> *hojii haaromsaa hojjechuun lammii oomishaa horachuu Jedhu sirna dinagdee mootummaan tokko hordofuu wajjin Hariiroo kan qabuu dha.Mootummaan sektera dinagdee adda addaa keessa seenuun hojii giddina dinagdee hojjetu(mootummaan misoomawaa) hojiiwwan gahumsa dandeettii fi amala lammiilee dhugoomsuudanda'an hojjechuu keessattis shoora guddaa xaphata Bultii (2006:14*).

2.1.3. Ilaalcha Haaromsa Irratti Jiru

Sina gita bittaa nafxanyaa kanaan dura darban hunda keessatti qabsoo hadhooftuu adeemsisuu isaaniitiif hedduun oromootaa jiruufi jireenya isaanii irraa buqqa'anii biyya hambaatti Galan. Hedduun oromootaa bara dheeraaf hidhaman; dhaanaman. Kana malees harkaa lukaa lamshaa'an, madaa'an, cooraan dirmammaa'an. Hedduun walqixxummaa dhugaa argamsiisuuf jecha dhiiga isaanii dhangalaasan kana malees wareegaman (Mohaamed ,2009:109).

Yaada kana irraa waanti hubatamu Oromoon durii kaasee ilaalcha diimookiraasiifi walqixxummaa, akkasumas ilaalcha biyyaalessummaa qabaachuun qabsoo dhugaa adeemsisuu isaati. Haaluma walfakkaatuun waggoottan 27 keessattis haaromsi akka dhufuuf kan qabsoo adeemsisaa ture ta'uudha.

Lammii tasgabbaa'ee mariin rakkoo uumamu furuu danda'uuf hojjetee ofii fi maatiisaa jiraachisuu danda'u barsiisuun haala kanaanis jiraachuu akka danda'utti leenjisuun dandeettii, ilaalchaa fi amala sirreeffamaa fooyyessuun bifanaga-qabeessaan hawaasatti makamuun lammii naga-qabeessa ta'ee jiraachuun misoomaafi tokkummaa hawaasichaaf gumaacha taasisa jedhamee fudhatama'aa ture dha. Keessattuu bara 2010tti gama ilaalchaan yoo hari'atamanyyu, qeerroofi qarreen, beektonni siyaasaa kanneen akka jawaariifi biroo guutummaan uummata oromoo qabsoo finiinsaa turan. Geggeessitoonni biyyattii yommuu dubbiin bita itti galtu

Dhaabbanni Diimokiraasii Uummata Oromoos ilaacha haaromsaa qabatee qabsaa'uu isaati. Keesumaa bulchaan mootummaa naannoo Oramiyaa obbo Lammaa Magarsaa haaromsa bara 2010 keessa "bittinnoofnee waan turreef murni xiqqaan akka barbaadetti, akka looniitti, bakkee keessa nu oofeeti, gara barbaadetti asiifi achi nu oofeeti, iddoo barbaade oolchee nu bulchaa ture .Sammuudhaan, onneedhaan, humna walii taanee walitti gurmaa'uu qabna"jedhee waltajjii irratti dubbate.Kunis ilaalcha haaromsaa qabaachuu isaa agarsiisa.

2.1.3.1. Haaromsuu Akka lammii Gaarii Horachuutti Fudhachuu

> *Sirreeffamtoota sirreessuun hojii Waaqaaf lubbuu booji'uu utuu hin ta'iin hojii gahumsa dandeetti, jijjiirraa amalaa fi bu'a-qabeessummaa sirreeffamtootaa mirkaneessuun faayidaa uummata bal'aa fi mootummaa kan dhugoomsu ta'uu akka qabu kallattii hojiirra oolmaa rifoormii kanaa booda kaayyoon sirreessa sirreeffamtootaa yaada nama gaarii baasuu jedhurraa lammii oomishaa horachuu jedhutti jijjiirame Mana sirreessaa keessatti yaadni 'hojii haaromsaa hojjechuun sirna dinagdee mootummaan tokko hordofuu wajjinis hariiroo kanqabuu dh. Mootummaan sektera dinagdee adda addaa keessa seenuun hojii guddina dinagdee hojjetu (mootummaan misoomawaa) hojiiwwan gahumsa dandeettii fi amala lammiilee dhugoomsuu danda'an hojjechuu keessattis shoora guddaa xaphata. Haala kanaan, hojiin sirreeffamtoota haaressuu hojii gahumsa dandeettii fi jijjiirraa amala lammiilee dhugoomsuu waan ta'eef hojii mootummaan misoomawaa xiyyeeffannoo itti kennuu qabu akka ta'e hubachuun salphaa dha (Bultii 2006*).
>
> *Yaada kana irraa haaromsi jijjiiramaaf kan hojjetuufi bu'a qabeessummmaaf kan deemu ta'uu isaa hubanna. Anis dubbiidhaan ergaa haaromsa siyaasaa keessatti darbu qaaccessuuf yaaleera.*

2.1.3.2. Haaromsuu Akka Hojii Faayidaa Hawaasaa Mirkaneessuutti Ilaaluu

Haaromsi jijjiirama fiduun faayidaa hawaasaa mirkaneessuun murteessaadha**.** Yoo jijjiiramni hin jiru ta'e haaromsi hiika dhabuu danda'a**.** yaaduma kana Bultii (2006:16) haaromsa faayidaa hawaasaa waliin walqabsiisee yoo ibsu, " haaromsi gama faayidaa hawaasaa galmaan gahuun kan xiinxalamu dha .Kunis hawaasaa bal'aa fi sirreeffamaa giddu-galeessa godhatee kan adeemuu dha ," jedha. Yaada kana irraa waanti hubatamu haaromsi kan hawaasaaf hojjetuufi uummata dhageeffatee deemu ta'uu isaati. Bu'uuruma kanaan haaromsi siyaasa 2010 hanga ammaa jijjiirama hawaasaaf fiduu irratti maal akka fakkaatu qorannoo kana keessatti ibsamuuf yaalameera. Maal akka Taateen itti fufu Muummicha Ministeera yerichaa kan turan Hayilemaariyaam Dassalenyi xalayaa aangoo gadlakkisuu galchachuu isaanii ture. Dubbichi

akka hin taane ta'aa yeroo dhufu labsiin muddamaa tokkorraa gara lamaa kan labsame ta'us uummaticha labsichi dhaabuu hin dandeenye.

2.1.4. Haaromsitoota

Sirnaafi warraaqsa haaromsa keessatti, adda dureetiin kanneen jijjiirama fidan mootummaa Naannoo Oromiyaaf kabajini koo guddaadha. Oolmaa isaanii ana duwwaa osoo hin taane, Itoophiyaanonni hundi kan hin daganne dha. Wallaansoo isaanii faana onneen itti baatee qoraattii itti marsee utuu hin sodaatiin, shaamaa bilisummaa ibsuuf namoonni du'an, gidiraa hidhaafi dararama rakkisaa keessa turan.akkasumas mootummaa Naannoo Amaaraa goota jijjiiramaaf deegarsaafi wal'aansoo isaan taasisan hindagatamu. Kana malees itti aanaa Muummicha Ministeera jijjiiramaaf gahee isaanii taphataniiru.Akkasumas xiinxalaa siyaasaa qindeessaa O.M.N. fi kanneen biroos jiru. Wal'aansoofi abjuun isaanii garaagarummaa tokko melee jaalalaan kan hidhameefi dhiifamaan bilisa kan bahe garaagarummaa tokkummaan kan jabeessite, itoophiyaa ijaaruuf waan ta'eef deebiin keenyas kana (Darajjee, 2010:9).

Kana irraa waanti hubatamu geggeesitoonni haaromsaa kunniin diimokiraatawaa ta'uu isaaniiti.Kunis kan lammiif gaddaniifi biyya jaallatan ta'uu isaanii hubanna. Kana malees dhaabbilee mana maree biyyattii arfan keessaa Dhaabbanni Diimookiraasii Uummata Oromoo yerosii Keessaa uummata waliin qabsoon haaromsaa finiinaa turuun hojiiwwan haaromsaa hojjetamuu isaati. Qorataanis hojiwwan karaa geggeessitoota kanaa akka biyyaatti hojjetaman bu'uureffachuun haaromsa kuma lamaafi kudhaniin walqabatan uummanni aanaa Kiiramuu akkamitti akka dubbatan waallee dubbiin ibsuufi maal akka jedhan qaaccessuuf yaaleera.

Akton (2009), bulchiinsi gaarii nageenya akka fidu ibseera. Kanamalees Abdellaa (2010), dhiyeenya kana qindoominni bulchiinsaa akka jiru ibseera. Akkasumas Toksoz (2008), bulchiinsi gaarii guddina biyyaa keessatti gahee guddaa akka qabu eereera. Mintesnot (2016), mootummaan Itoophiyaa hiyyummaa hir'isuuf bulchiinsa gaariifi diimookiraasii lafa qabsiisuu akka qabu ibseera. Kanamalees Dinissa (2008), bulchiinsi gaarii nageenyaafi diinagdee amansiisaa akka fidu addeesseera. Haaluma kanaan qorataan waallee siyaasaa dubbiin haaromsa bara 2010-ammaa keessatti karaa haaromsaa jijjiirama maaltu akka karaa siyaasaafi diinagdeen gama bulchiinsaan mul'atan maal akka ta'aniifi rakkoowwan gama bulchiinsaan jiraniifi

furamaanni gara fuulduraatti akka laatamuu qaban raga qorannichaan qaacceffamuuf yaalamaniiru.

Bulchaa Naannoo oromiyaa kan ta'an obbo lammaa Magarsaa biyyattiitti muddamniifi raafamuun yommuu ta'e, gidduutti akka atileetii saffisaatti darbatamanii ba'uudhaan "Itoophiyaafi Itoophiyummaa sagalee jiraataatiin haala seenawwan darbanitti dhaadachuun miira ho'aafi asheetii uummata keessatti uumuun rakkoowwan biyyattii kallattii arfaniin hubachiiseera. Darajjee (2010:58). Gabaabaabaatti haaromsa akka biyyaatti taasifame kanaaf irra caalaatti caasaa hooggantootaa keessaa shoora olaanaa kan taphatan bulchaa naannoo Oromiyaa Dr. kabajaa obbo lammaa magarsaa ta'uu isaati. Kanaafuu haaromsa kanaafi boquu ol qabachuu argameef carraa cufamee ture saaqee cabsee itti lixe. Haala Aanaa kiiramuu haaromsi Naannoo Oromiyaatti geggeeffame Uummanni Aanaa Kiiramuu adeemsa haaromsa kanaaf maaltu gahee taphate kan jedhuufi yaada olitti caqasame akkamitti akka hubataniifi haaromsa waliin walqabatee maal akka isaan jedhan ergaa isaanii faana qaacceffamuuf yaalameera.

2.2. Yaaxxina Qarannichi Hordofu

Qabxii ijoon boqonnaa lama keessatti lammaffaa irratti ka'u yaaxxina qorannichi hordofu dha. Kunis

2.2.1 Fayyadama Xiinqooqa Sirnaawaa

Yaaxxinni tooftaa itti fayyadama xiinqooqaa haala hawaasni yaada isaafi ilaalcha isaa ittiin ibsatu dha. Systemic Fucnctional Theory is afunctionally based theory, developed during the past 45 years, which examines the functions that language has evolved to serve in society. Such a view involves the examination of 'real' language events to understand the purposes language serves in avariety of contexts, and to understand the way language itself functions. Systemic functional linguists, then, study how meanings are made in different contexts (Holliday 1994:1).

Yaada armaan olii irraa waanti hubatamu yaaxxinni tooftaa fayyadamni xiinqooqaa yaaxxina fayyadama bu'uuraati.kunis waggoottan afurtamii shaman kan hundeeffameefi tajaajilli afaan hawaasa tokko keessatti qabu taateewwan sirrii sababa isaanii hubachuuf gargaara. Kana malees xinqooqni haala dubbatame irratti hundaa'uudhaan hiikuuf kan affeerudha. Kanaafuu qorataanis yaaxxina kana qaaccessa dubbiin haaromsa siyaasaa bara 2010-2011 akka biyyaatti

(federaalaatti) fi Naannoo Oromiyaatti, jiru kan uummanni Aanaa Kiiramuu dubbiin xiinqooqa sirnaawaatti fayyadamee xiinxalee qaaccessuuf yaaleera

2.2.2. Yaaxxina Illaanyaa

Akka Dorson (1972) Yaaxxinni illanyaa kun afoola **kallattii siyaasaatiin** ykn ija siyaasaatiin ilaalanii itti dhimma bahuu ilaallata. Qorataanis haaromsa bara 2010 hanga 2011 akka biyyaatti, naannoo Oromiyaa, godina wallagga Bahaa,Aanaa Kiiramuu irratti geggeeffame haala qabatamaa Aanaa Kiiramuu irraa ka'uun Uummanni Aanaa kanaa dubbiin haaromsa 2010-ammaa akka biyyaafi Naannoo Oromiyaatti geggeeffame irratti, bifa afwalaloon, afwalaloo faaruudhaan, hololoodhaanfi tabaallii ibsan, ija siyaasaatiin qaaccessuuf yaaxxinni kun mata duree qorannoo kanaaf mijataadha jedhee filatee, waan raga himtoonni kun jedhan ija siyaasaan ibsee hiikee qaaccessuuf yaaleera .

2.2.3. Yaaxxina Haalaa

Yaaxxini kun haala iddoofi yeroo itti waanti tokko dubbatame xiinxaluu irratti xiyyeeffata.Kunis Daangaa hawaasaa keessumaayyuu xinaada, xinqooqa, xiinsammuu, xinhawaasa irratti xiyyeeffata. Leellistoonni dayeessa kanaa, hafeen yoomessa afaanii amalaa,walqunnamtii ,akkaataatti hurruban (ibsan) keessatti ilaalamuu qaba jedhu.Qorannoon kun kan inni irratti xiyyeeffate qaaccessa dubbii haaromsa siyaasaaa 2010 hanga 2011 haala Aanaa Kiiramuu irratti haala isaan keessatti dubbataniin raga kennitoonni haaromsa keessatti miira xiinsammuufi egaa dubbii ragahimtootaa qorataan kun waan ittiin xiinxaleef yaaxxina haalaattis dhimma itti ba'ateera. Kun immoo haala dubbii uummata iddattoo qorannoo kanaa keessatti dhimma itti ba'ameen hubannoon dubbii isaanii haala garaagaratiin hubatamee qaacceffameera.

2.3. Dubbii

Dubbii dubbataan dubbii afaaniin dhaggeeffataa waliin kan yaada isaa waljijjiiru ta'ee, akka isaaf mijatutti yaada isaa qindeessee kan haasa'u qindoomina yaadaafi duraaduubni isaa ergaa dabarsuu irratti kan xiyyeeffate dha (crystal 1995). Kanaafuu qorataan dubbii sana bifa afwalaloonfi hololoo faaruudhaan, malleen dubbii bifa garaa garaan ragaa argame hiikee ibseera. Haaluma kanaan Haaromsa bara 2010-2011 irratti akka biyya keenyaatti Naannoo Oromiyaattiifi Godina Wallagga Bahaa kaasee hanga Aanaa Kiiramuutti maal akka jedhan haala uummanni

Aanaa Kiiramuu dubbatu, dubbataan maal jechuu akka barbaade ibseera. Kunis xiinxala gadfagoo kan gaafate dha.

Fennegan (1977:11) yoo ibsu," oral peotery is one type of warsong it is means of expressing feeling" jedha. Addisuu (1999:117) irratti,"geerarsi deebisanii wal ijaaruu uummata oromoof sababa bu'uuraa ta'ee jira," jedha. Akka Hoy (2004:6) ibsetti "diddaan kan uumamu ka'umsi isaa yoo bulchiinsi mootummaa ykn imaammanni isaa uummata kallattii hundaan miidhe dha"jedha. Finnegan (1976:273) faaruu yoo ibsu," faaruun dhimma yeroo ibsuufi yaada uummataa gabaasuu danda'a," jedha.

Walumaagalatti yaada beektota armaan olii irraa waanti hubatamu, uummanni dubbii bifa geerarsaan, faaruufi ogafaan biroon yaada isaafi dhimma yeroo ibsachuu akka danda'u dha. Kanaafuu qorataanis Haaromsa bara 2010-ammaa irratti dubbiitti fayyadamanii bifa afwalaloofi hololoo akkamitti uummanni oromoofi biroo wal ijaaree qabsaa'eefi bulchiinsi tures maal akka ta'eefi haaromsi maal akka fakkaatuu, miiraafi yaada isaaniin haala qabatamaa jiruun ibsan erga isaanii waliin qaacceffamuuf yaalamaniiru.

Fennegan (1970-111-299) afwalaloo bakka addaa addaatti qoodee ibsetti ogwalaloon dhugaafi faayama afaanii ibsuu irratti miira gaariin tajaajila.akka hayyuu kanaatti kanneen ibsaman keessaa Political songs poetry (walaloo faaruu siyaasaa, Religious poetry (walaloo amantaa), Special purpose poetry (walaloo xiyyeeffannoo addaa), Childrens song poetry (walaloo faaruu ijoollee) fi k.k.f. akka jiran ibsa.

Kanneen keessaa walaloo faaruu yoo ilaalle, walaloon kun kan abbaan ofiisaa ykn nama jajachuu barbaade ittiin faarfatudha. Kunis hawaasa keessatti bifa garaagaraan ibsama.

> *It seems to go with particular ethos astress on royal or aristocratic power and Administration for military achievement.It is true that praise also occer among non centralized people particularly those who laystress on the significance of personal achievement in war orhunting and also that the use of praise names is nearly universal .These are most often give to people lwt may also describe clans, animals or inanimet, objcts and they usually explicitly* (Finnegan 1970:110).

Yaada armaan olii irraa waanti hubatamu, gosti afwalaloo faaruu, nama dhuunfaa faarsuu fi amantaa yookaan yaada garee tokkoo ibsuu kan danda'udha. Hooggantoota jajjaboo ta'aniinis ittiin seenaa isaanii faarsa. Injifannoo human waraanaatiin argame ittiin dinqisiifatu. Injifannoo

dhuunfaa dirree waraanaattis ta'ealoolaan bineensota gurguddoo nama sodaachisan ajjeesuun mirga argameefis ni dhiyaata. Hawaasa bal'aa addaa addaan walarges ta'e kan biro keessatti ni dhiyaata. Haaluma kanaan dubbii haaromsa bara 2010-2011 keessattis walaloofi hololoon, malleen dubbii, qoqqoodama seerluugaafi gurmaa'ina jechotaan haaromsa bara 2010-ammaa haala raga kennitoonni qorannichaa akkaataa ittiin isaan haala qabatamaa haaromsa akkaa biyyaatti, Naannoo Oromiyaattifi jedhaniin ibsamuun ergaan isaaniis maal akka ta'e qaacceffamuuf yaalamaniiru.

Hayyuun Hojjer (1954:11)" The instrumental nature of language is very important thing "jedha. Afaan amala meeshummaa qaba. Dhalli namaa kan ittiin ergaa waliif dabarsudha. Haaluma kanaan Okopewho (1997:78) ogafaan bakka gurguddoo sadiitti hiree ibsa. Isaanis: Hololoo (prose Narratives), Afoola unka gaggabaaboo (witticism)fi Walaloo (oral poetry)dha.

Akka ibsa hayyuu kanaatti seeneffamni hololoo yaada dhangala'aa tartiiba gochaa qabatee yoomessaan ibsamudha. Bifa keeyyata dheeraan ibsamuu danda'a. Xumurri bo'oo himootaa mana rukkutuuf hin dirqaman. Af walaloon amala muuziqaa qabatee yeroo baay'ee immoo rukkuttaa manaan hordofama. Miira namaa ogbarruu kam caalaayyu sochoosuuf human guddaa qaba.Aartii jechootaatti fayyadamuudhaan yaada tokkoof suuraa kaasuun gammachiisuu ykn gaddisiisuu kan danda'udha. Miidhagina guddaa gonfatee argama. Haaluma kanaan qorannoo kana keessatti ragaa dubbii haaromsa bara 2010-ammaa bifa walalooon argamaniifi holoon ijaarsa qorannichaaf raga kennitoota irraa argaman ibsamanii qaacceffamuuf yaalamaniiru.

Dubbii malleen dubbii addaa addaan hojiitti hiikama.Isaanis: akkasaa, iddeessa, nameessa, arbeessuu, fakkoomii, eemitii, habalakafi kanneen biroon ibsamuu danda'a. Kunis: Addunyaa (1014:208) Yoo ibsu,"malleen dubbii fayyadama afaanii haala salphaa ta'een haasaa tokko kan namaaf dabarsudha," jedha. Haaluma kanaan Biraanuu (1999:82) akkasaa yooibsu," jecha akka jedhutti fayyadaamuudhaan waan lama waldorgomsiisuudhaan kan dhiyaatudha," jedha.akkasumas arbeessuu Addunyaa (2014:214) yoo ibsu,"waantatokko guddisanii amma arbaa, xiqqeessanii hamma huubaa taasisuudha," jedha. Eemitiis Addunyaan (214:212) yoo ibsu," akka waantonni faallaa lama walfaana dubbifaman taasisuudhaan itti fayyadamuudha" jedha. Nameessi immoo amalaafi dandeettii dhala namaa kan biroof kennuu yoo ta'u, fakkoomiin waanti jechaan ibsamu ykn mallattoon argamu hiika inni qabudha. Habalakas Addunyaan (214:213) yoo ibsu," habalakni tooftaa ittiin faallaa isaatiin ibsanidha," jedha.

Haaluma kanaan qorataanis qorannoo isaa keessatti raga kennitoonni afwalaloofi hololoon qaacceffaman keessatti malleen dubbii jiran akka barbaachisummaa isaaniitti haaromsa siyaasa bara 2010 - 2011 haala Aanaa kiiramuun ibsamanii qaacceffamanii jiru.Kanneenis ergaa isaanii waliin qaacceffauuf yaalaniiru.

Austin, (1962), "How to do things with words," jedha. Kana jechuun jechatti gargaaramnee waa hojjechuu akka dandeenyudha. Kunis jechaan attamittiin arrabsuu, ajjeesuu, ijaaruu, diiguufi k.k.f. gochuu akka dandeenyu kan nutti agarsiisu dha.Egaa jechi hojii guddaa hojjechuu waan danda'uuf ragaakennitoonni dubbiitti gargaaramuun haaromsa bara 2010-ammaa ibsaniin jechaan qabsaa'onni akkamittiin akka haalicha diiganiifi ijaaran ibsan qorannoo kana keessatti akkaataa hawaasni jechootatti gargaaramanii haaromsa ibsaniifi ergaa jechichaa duuba isaa qorachuun qaaccessuuf yaalamaniiru.

Fairclough (1992:57)," No word is inosent it is ideologically charged "jedha. Kana jechuun jech kamiyyu akkasumaan kan ta'e hin jiru; jechi kamiyyu bilisa miti jechuu dha. Kana Irraa waanti hubatamu jechi dubbatamu tokko ergaa mataa isaafi hiika mataasaa qabaachuu isaati. Kanaafuu mata duree qorannich waliin jechoonni ija siyaasaan hiika waahundaan maal akka ta'an ibsamaniiru.kunis hiika isaan gama dubbiin qabnii haaromsaa bara 2010-ammaa keessaa sakatta'uun qaaccessuuf yaalamaniiru.

Dandeettiin dhala namaafi jireenya hawaasummaa mallattoolee uumuufi itti fayyadamuu irratti bu'uureffata. Yeroo sochii qaamaa taasifnu haasofnu, barreessinu dubbisnu, qophiilee TV daawwannu, sirboota garaagaraa dhaggeeffannu, suura daawwannu mallattooleetti fayyadamuufi hiikuuirratti fuulleffanna. Ga'een jalqabaa hayyoota xinmallattoo mallattoolee adda baasuu, galmeessuu, gosootatti qooduufi akkamitti akka bakka bu'an ibsuu dha (Marcel 2004).

Gabaabaatti Xin mallattoon saayinsii hiika mallattoolee ibsu yommuu ta'u, akka yaaxina hiikti mallattoolee akkaataa itti argamuufi madduu danda'utti ilaalaalama. Warreen waliigalteen uumaman jechuunis namaan itti yaadamanii kan uumamanidha.kunis kanneen akka sochii qaamaa, mallattoo qaqqabaman, jechootaafi k.k.f. hammata. Haata'u malee xiyyeeffannoo mata duree qorannoo koo waallee dubbii waan ta'eef waalleen mallattoof ibsa gabaabaan kenneef.

2.4. Fayyadama Afaanii

Fayyadama afaanii jechuun beekumsa dandeettii afaanii irratti kan xiyyeeffatu ta'ee akkaataa afaan namni barumsaafi addunyaa qabatamaa keessatti haala fayyadama afaanii irratti kan xiyyeeffatudha. Fayyadama afaanii ilaalchisee (Richard 2008) akka ibsutti, fayyadama afaanii afaan keessatti guddisuuf hubannaa kennuu irratti gahee guddaa qaba. Gahee fayyadami afaani jireenya namaa keessatti taphatu qaacceessuu keessatti jiddu galli isaa yaaxxina fayyadamaafi hojiirra oolmaa isaa kan qu'atuudha.

Kana malees, itti fayyadamni afaanii afaan dagaagsuufi hubannoo kennuu irratti shoora guddaa qaba. Kanaaf, yaada kanarraa kan hubatamu fayyadama afaanii qorachuun afaan tokko dagaagsuufi hubannoo kennuu irratti gahee olaanaa akka qabudha. Akkasumas, Goldman (1998) yaada kana gabbisu, fayyadamni afaanii tajaajilli afaan jireenya namaa keessatti qabu hubachuu kan jajjabeessuufi addunyaa dhugaa keessatti gahee gurguddoo afaan taphatuu kan qo'atu akka ta'e ibsa. Kanarraa kan hubatamu, fayyadama afaanii jechuun rakkoo afaaniin walqabatanii dhufan hiikuu keessatti ga'ee guddaa taphachuu akka danda'uufi gahee guddaa kan inni taphachu danda'u, yoo haala of eeggannoo qabuun itti dhimma bahaman ta'eedha. Kana keessatti immoo kanneen naannoofi biyya sana hoogganan gaheen isaanii olaanaadha.

Karaa biratin, barreeffamni kan barreessan afaan barbaadeen barreessufi kan hawaasni afaanicha dubbatu sammuutti yaaduun, qabachuun, duubatti aggammachuuni fuulduratti yaaduun kan barreessaniifi haasa'aniidha. Yaaduma kana deeggaruun Gumiin Qormaata Afaan Oromoo (1995:1) og-barruu yeroo ibs**u** afaan qabeenya dhalli namaa ittiin yaada ibsatuufi ittiin waliigaluu isa olaanaadha. Innis akkaataa miidhagina qabuun afaanitti tajaajilamanii yaada, fedhii, amantiifi falaasama qaban, akkasumas dhugaa jireenya hawaasaa hunda ibsuu yoo danda'amu haala kanaan afaanitti fayyadamuunis ogummaa ykn aartii ta'a. Aartiin kunis, ogummaadha.

Akka yaada kanarra hubachuun danda'amutti afaan jechuun ilaalcha, falaasama, amantaafi fedhii hawaasa tokkoo haala miidhagina qabuun kan ibsuudha. Akkasumas, dhugaawwan hawaasicha keesatti mul'atan kan ittiin ibsamuudha. Gamabiraatiin immoo fayyadamni afaanii haalaafi bakka kamitti hawaasni afaanitti akka fayyadamuu qabu addeessa. Ayub (2008) Clark (1996) wabeeffachuun akka ibsutti: fayyadamni afaani iddoo ykn bakka fi haala hawaasni sun keessatti

fayyadamurratti akka hundaa'u kan ibsuudha. B'uura kanaan qorataanis waallee dubbii haaromsa 2010-2011 geggeeffame irratti kan akkaataa uummanni Aanaa Kiiramuu afaanitti fayyadamuun ibsan qaacceffamaniiru.

2.4.1 Afwalaloo

Afwalaloon itti fayyadama afaanii keessaa tokko ta'ee bifa miidhagina qabuun kan jiruufi jireenya ittiin ibsatanidha. kennedy, (1987:127)'' Filannoo jechoota afwalaloon jechoota xiyyeeffannoo mataa isaa kan qabudha'' jechuun ibse. Bu'uuruma kanaan qorataan haaromsa siyaasaa 2010-2011 ilaalchisee kan uummanni Aanaa kiiramuu afwalalootti fayyadamuudhaan haaromsa akka biyyaafi Naannoo Oromiyaatti geggeeffame ibsan qaaccesseera**.**

2.4.2. Malleen Dubbiin

Malleen akkaataa ittiin afaanitti fayyadaman keessaa tokkodha. Addunyaan, (20 16:2 08) yoo ibsu, "malleen dubbii fayyadama afaanii kan haala salphaa ta'een ergaa tokko nama hub achiisudha." Jedha. Birhaanuu Maatiwoos (1999:82) 'Malleen dubbii akka kaa'utti' Barreeffamaan ala (non literal) wanta tokko waan birootiin ibsuudha' jedha. Quunnamtii afaaniifi barreefamaa keessatti Malleen Dubbii faayidaa garaagaraa akka qabudha. Isaanis: hiika iftoomsuuf, fakkeenya ifa ta'e dhiyeessuuf, cimsuuf, walitti dhufeenya uumuuf, wantoota lubbuu hin qabnetti lubbuu horuuf, gammachiisuuf akkasumas bashannansiisuufi irra caalaa tajaajila miidhaginaa namootni gadi fageenyaafi bal'inaan akka yaadan gochuudha. Malleen dubbii sammuu dhaggeeffataa tokkoo keessatti fakkii uumuun akka ergaa sun gadi fageenyaan hubatamu taasisa. Malleen dubbii dhugummaa yaada tokkoo kallattiin ibsuu irra wanta hawaasa keessatti kalaqamuun walqabsiisuun fakkii sammuu dubbisaa yookiin dhaggeeffataa keessatti kan mul'isudha. Bu'uura kannaan qorataan malleen dubbii raga qorannichaa keessatti hammatamanii jiran akka barbaachisummaa isaaniitti qaaccessee ergaa isaaniis ibsaseera.

2.4.3. Qoqqoodama Seerluugaan Kan Walitti Dhufaniin

Qoqqoodamni seerluugaa itti fayyadama afaanii keessatti iddoo guddaa qaba. Kunis ergaa tokko akka barbaachisummaa isaatti dabarsuudhaaf gargaara. Addunyaa, (2016:101), Gee, (2005) wabeeffachuudhaan "one of the focuses of texual analysis is girammatical feature "jedha. Haaluma kanaan haaromsa siyaasaa 2010-ammaa akka biyyaafi Naannoo Oromiyaatti geggeeffame ilaalchisuun uummanni Aanaa Kiiramuu ragaan jedhan qaaccesseera.

2.4.4. Haala Itti Fayyadama Gurmaa'ina Jechootaan

Jechoonni itti fayyadama afaanii keessatti ergaa barbaadamu galmaan ga'uuf shoora olaanaa qabu. Kunis jechoonni haala walitti dhiyeenya xiinqooqaan ergaa barbaadamu dabarsuuf gargaara. Addunyaa (2016:91), Halliday, (1994) fi kanneen biroo wabeeffachuun," lexcal unitis are the building blaks for the structure and function of a given discource.Stracturally lexical units build larger units such as pharess, clouses in a sentence constraction "jedha. Bu'uuruma kanaan haaromsa siyaasaa 2010-2011 geggeeffame irratti uummanni Aanaa Kiiramuu fayyadama gurmaa'ina jechootaan ragaa qorannoo kana keessa jiran qaaccessuuf yaalamaniiru.

2.5. Qorannoowwan Barruu Walfakii

Bakka kanatti qorannoooleen mata duree wixinee qorannoo koo wajjin walitti dhufeenya qaban ykn walfakkaatan kan keessatti dhiyaatanidha. Kunis tokkummaafi garaagarummaa isaan wixinee qorannoo koo waliin qabantu ka'a.

Haaluma kanaan qopheessaan waraqaa qorannoo kanaas waraqaalee qorannoo garaa garaa sakatta'uun waraqaa qorannoo isaaf kan gargaaran armaan gaditti dhiyyeesseera. Qorannoowwan barruu walfakii addaa addaa kunis akka armaan gadiitti haa ilaallu.

Guddataa (2016) mata duree "xiinxala haasbarruu meeshaalee ayyana warra giiftii Elemoo" Qorannoo kanaanis itti fayyadamni afaaniifi meeshaalee ayyaana giiftii Elemoo keessatti maal akka fakkaatu qaaccessameera. Kunis xiyyeeffannoon qorannichaa meeshaalee aadaa ayyaana giiftii Elemoomoo irratti yommuu ta'u, argannoo isaa meeshaalee aadaa ayyaanaa dagataman bira ga'eera. Qorannoo ani qorachuuf yaale waliin akkaataa afaanitti gargaaramuu walitti dhufeenya isaanii yommuu ta'u, garaagarummaan isaanii immoo qorannoo ani geggeessuuf yaale qaaccessa dubbii haaromsa siyaasaa bara 2010-ammaa haala Aanaa Kiiramuu irratti kan jedhu dha. Argannoon isaas waallee dubbii: afwalaloofi hololoon kanneen haaromsa fidan ibsan jijjiiirama haaromsaan argaman akkasumas qaawwa haaromsa irratti mul'atuufi sababa gungummii uummataa bira ga'uu fi furmaatessuuf yaboon kan kaa'uuf yaale ta'uu isaati.

Akkasumas qorannoo barruu walfakii ani dubbise qorqnnoo Gammachiis (2016) mata duree "xiinxala hasbarruufi fayyadama Afaan Oromoo mana murtii Aanaa Hidhaabuu Abootee" Jedhudha. Qorannoo kanaan rakkoo gama fayyadama afaaniin abbootii dhimmaafi abbootii

murtii gidduutti mul'atu bira ga'ameera. Argannoon kunis abbootiin dhimmaa jechoota gadaantummaa mul'isan fayyadamuufi abbootiin murtii immoo jechoota olaantummaa mul'isanitti fayyadamuufi kitaabni seeraa afaan amaaraa qofaan qophaa'uu irraan kan ka'e abbootiin murtii dhimma tokko irratti murtii addaa addaa kennuun rakkoo fayyadama afaanii akka ta'e argannoo bira ga'eera. Qorannoo kana waliin tokkummaa isaan qaban gama fayyadama afaaniitiin yommuu ta'u, garaagarummaan isaanii immoo qorannoon gammachiis dubbiifi barreeffamaan naannoo mana murtiitti kan hojjetame yoota'u gabaasni qorannoo kun immoo qaaccessa dubbii haarmsa siyaasaa bara 2010-ammaa haala Aanaa Kiiramuutti dubbiifi ergaa isaa haaromsa akka biyyaafi Naannoo Oromiyaatti bara 2010-2011 geggeeffame qorachuun immoo garaagarummaa isaaniiti.

BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA

Seensa

Boqonnaa kana jaiatti qorannoo kana keessatti dhimmoonni dhiyaatanii jiran; mala qorannichaa, madda ragaalee, mala iddaatessuu, irraawwatama qorannichaa, hirmaattota qorannichaaf yeroo kenname,, meeshaalee ragaaleen ittiin funaanamaniifi mala qaaccessa ragaalee kan of keessatti qabate dha. Kunis matadurii isaanii jalatti akka barbaachisummaa isaaniitti hojjetamanii ibsamaniiru.

3.1. Mala Qoranichaa

Qorataan tokko mata dureefi kaayyoo isaa irratti hundaa'ee qorannoo isaa gaggeessuuf mala ittiin qoratu beekuun barbaachisaadha. Kunis milkaa'ina qorannichaa murteessa. Qorataan qorannoo kana yommuu geggeessu dursee qoranicha maaliif akka geggeessu, akkamiin akka geggeessu, maal irratti akka xiyyeeffatu, mala akkamiin yoo fayyadame kaayyoo (akkayyoo) barbaadame bira gahuu akka danda'amu adda baasuun barbaachisaadha. Kanaaf malli qorataan kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'ee itti fayyadame mala akkamtaadha. Kunis qorannoo kana keessatti jechaan ibsuuf filatame malee lakkoofsaan miti. Malli kun qorannoo qoratamuuf ragaa gadi fageenyaan dhiyeessuun qorannoof haala mijeessuu irratti xiyyeeffata. Kunis maaltu akka ta'e kan ittiin xiinxalludha Kana irraa kan hubatamu, malli kun waan jireenya hawaasichaa keessatti argamu qorachuuf kan gargaaru ta'uu isaati. Qorannoo geggeeffamu keessatti malli qorannoo dursamee akka hubatamuu qabu, qajeelfama waliigalaa qorannoo qajeelchuu danda'uufi falaasama qorannoo akka ta,e yaada kanairraa ni hubanna. Qorataan raga qorannoo kanaan argame keessatti mala kanaan xiinxalee ergaa dubbii haaromsa siyaasaa bara 2010-2011 geggeeffame irratti uummanni Aanaa Kiiramuu maal akka jedhu, meeshaalee odeeffannoo afgaaffii, mariigaree xiyyeeffannoofi daawwannaan ergaa qindaa'e qaaccessee mala akkamtaan ibsee ittiin geggeesseera.

Ragaan argame kun ibsa akkamtaan kan ibsame dha. Kun immoo, odeeffannoon mala akkamtaan argame jechaan ibsuun raawwatame.

Qorataanis bu'uuruma kanaan mala akkamtaa fayyadamee siyaasaa dubbii haaromsaa bara 2010-ammaa haala Aanaa Kiiramuu akkaataafi qabata isaa akkasumas maal jechuu akka ta'e qorataan

kan ittiin xiinxale dha. Malli akkamtaa gaaffii ‘akkamitti?’, ‘maaliif’ jedhu kaasuun bal’inaan qorachuuf waan haala mijeessuuf qorataanis gaaffii kana fayyadaamee ragaa akkamtaatti (qualitative data) fayyadameera. .Haaluma kanaan qorannoo kana keessatti mala kanattaatti fayyadamee ragaa dhimmoota qoranicha keessatti dhiyaatan marri jachaan ibsamaniiru.

3.2. Madda Ragaalee

Qorannoo geggeeffamu tokko keessatti, maddi ragaalee isa bu’uuraati. Haaluma kanaan maddi odeeffannoo qoranichaa madda jalqabaa yommuu ta’u, qaama iddattoo qoranichaa irraa namoota iddaattoo miti carraa irraa ragaalee argame dha. Kanaafuu ergaa dubbii haaromsa siyaasaa bara 2010-2011 akka biyyaafi Naannoo Oromiyaatti geggeeffameirratti haala Aanaa Kiiramuun ragaalee barbaachisu qulqullinaafi gahumsaan akka naaf kennan mala eeruutti fayyadamuudhaan ,Aanaa Kiiramuu keessaaa namoota bilchina siyaasaa qaban jiraattota gandoota Aanaa Kiiramuu gandoota toorba irraa iddattoo miti carraan filatamanii afgaaffiifi marii garee xiyyeeffannoo qorannichaa irratti hirmaatanii raga kennan dhiira jaatamii lamaafi dhalaa tokko kan ta’an walitti nama 66 irraa ragaalee fudhee qorannicha geggeessedha. Maddi lammaffaa immoo barruulee mata duree qorannoo kootti dhiyaatan kanneen qoranicha utubanidha.Kunis kitaabolee, madda interneetiifi qorannoowwan madda addaa addaa sakatta’uun boqonnaa tokkoo-afurii keessatti tumsuun argamani dha. Haata’u malee qorannichi ragaaleen madda jalqabaan kan qorataman ta’uun raawwii qorannichaa kan ittiin geggeeffamedha.

3.3. Mala Iddattessuu

Qorataan gosaafi kaayyoo qorannoo isaa irratti hundaa’ee mala iddaatessuu filachuun barbaachisaadha. Kunis kaayyoo keenya irratti hundaa’uudhaan akka filannudha. Haaluma kanaan iddattoon qoranichaa iddattoo itti yaaddeen ykn miti carraan geggeeffameera. Qorataan raga funaannatee qindeessee ibsee qaaccessuun gabaasa qorannoo kana dhiyeessuuf yaalee jira.

3.4. Irraawwatama Qorannichaa

Irraawwatama jechuun qaama ykn waanta qorannoon tokko irratti gaggeffamudha. Qaaccessa ergaa dubbii haaromsa 2010-2011 geggeeffame irratti Godina Wallagga Bahaa Aanaa Kiiramuutti qoratame. Kunis namoota bilchina waa’ee mata durichaa qaban 66 irraa ragaaleen fudhataman.waallee dubbii haaromsa siyaasaa akka biyya keenyaafi Naannoo Oromiyaatti geggeeffame irratti kan xiyyeeffatedha.

3.5. Hirmaattota Qorannichaaf yeroo kenname

Qorannoo qaaccessa dubbii haaromsa siyaasaa bara 2010-ammaa jedhu kun Oromiyaa godina Wallaga Bahaa, Aanaa Kiiramuu irratti kan hojjetamedha. Aanaan sun gandeen kudhasagal qabdu keessaa kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'uun 7 filataman iiru . Kunis gandeen kallattii arfan aanichaa irraa fageenya irratti argamaniifi magaalaa guddoo Aanichaa irraa ragaan yaanni giddugaleessa ta'e argama jedhameeti.Gandeen toorban irraa kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'uun bifa eeruun ragaan funaanameera. Kunis bifa walfakkaatuun tokkoo tokkoo gandeen toorbaa irraa af gaaffiin nama 1-2 tiif waliigalatti namoota kudha sadii yommuu ta'u marii garee xiyyeeffannoof immoo namoota 6-8 waligalatti namoota 53f dhiyaateera. Nmoonni afgaaffiifi mariigaree xiyyeeffannoon raga kennan waliigalatti nama 66 dha.Akkaan filannoo kanaa bifa odeeffannoon guutuu itti argama jedhamee amanameen daangaa tokko malee qaama hawaasaa keessaa kamiifuu dhiyaachuu kan danda'edha. Bu'uuruma kanaan qorataan gaaffilee akka ijootti qindaa'an namoota sanaaf bifa walfakkaatuun dhiyyeesseera. Gaaffileen kunniin hubannoo odkennitootaa akka gabbisaa deemaniif tooftaa addaa addaa fayyadamanii ibsamaniiru. Bilisaan yaadni qulqulluu ta'e akka argamuuf bakkiifi haalli yoomessa mijataa ta'e iddoon addaa addaa odkennitootaaf filatameera. Kunis odeeffannoo barbaadame qulqullinaan argachuuf gargaara. Kanamalees raga kennitoonni shakkiifi soda malee yaada akka kennaniif jajjabeessa.

Gaaffii qomaas ta'e; Afgaaffiin nama tokko tokkoo marii garee xiyyeeffannoof yeroon kenname jira. Afgaaffii nama tokko tokkoo daqiiqaa 30-45 yeroo ta'u, kan mariigaree xiyyeeffannoo ommoo daqiiqaa 50-60 keessatti kan geggeeffamanii xumuramani. Marii garee keessatti garaagarummaan yoo jiraates sirriitti qabamee kan ibsamedha. Gaaffileen qorannoo lamaan yommuu adeemsifaman fedhiifi yaada isaanii irratti hundaa'ee waraabbiifi suuraan hojjetameera.

3.6. Meeshaalee Ragaaleen Ittiin Fnaaname

Qorataan mata duree qorannoo waallee siyaasaa: qaaccessa dubbii haaromsa bara 2010-ammaa haala Aanaa Kiiramuu jedhu kanaaf meeshaaleen ragaa ittiin funaannate moloota lamaan.Kunis afgaaffiin kan dhuunfaafi marii gareedhaani. Daawwannaa keessatti immoo daawwataa gartokkee ta'ee muuxannoo mataa isaa itti ida'ee hojjeteera. Afgaaffii, marii gareefi daawwannaadhaan fayyadame kunis akka barbaachisummaa isaaniitti mata duree walsiman jalatti qaacceffamanii ibsamaniirur.

3.6.1. Afgaaffii

Afgaaffiin meeshaa qorannoo akkamtaan taasifamu keessatti ragaalee qoranichaaf malu qorataan ittiin argatu keessaa tokko. Qorannoon Kunis qaamni qorannoo taasisuufi iddaattoon odeeffannoo qoranichaa kennu qaamaan wal arguun ykn fuulaafuulatti gaaffiifi deebii taasisuun kan geggeeffame dha. Meeshaaleen kunniin qaama qorannoo akkamtaa ta'uu isaanii dhimma qorannoo geggeeffamee qophaa'e kana haaluma kanaan qorataa fi qaama gaafatame gidduutti fuulaafuulatti kan raawwatame dha. Gosti afgaaffii qorannoo kanaaf qophaa'ee ittiin geggeeffame gaaffii hin caaseffamneen afgaaffii banaadha.

Gaaffiin banaa Kun akka deebisaan yaada isaa daangaa malee bilisaan dubbatee ibsuuf kan eyyamu waan ta'eef qoranichaaf kan filatamee ittiin geggeeffame dha. Kanamalees meeshaan kun odeeffannoo bal'aa iddaattoo qoranichaan irraa argachuuf kan qoraticha gargaaredha. Kana irratti hirmaatu hawaasa gandeen filatamanii keessaa bakka madda odeeffannootti ibsaman irraa umuriifi koorniyaan qoodameeti.Haaluma kanaan Afgaaffiin dhuunfaafi garee, waantota daawwannaan alatti xiinxalanii bira ga'uun ulfaatu hundaaf yaada akka argatan gargaara. Afgaaffiin dhiyaates qaaccessa dubbii haaromsa siyaasaa bara 2010-2011 irratti ragaa akka naaf kennaniif, xalayaa deeggarsaa Aanaa irraa fudhachuun gara gandootaa imaluun gandoota Aannichi qabu **19** keessaa, namoota hubannoofi bilchina siyaasaa qaban gandoota **7** irraa tokkoo tokkoo gadaa irraa nama 1-2 irraa fudhatame. Yoomessi isaa immoo, iddoo mana jireenya isaaniifi waajjira kana malees yeroofi iddoo raga kennitootaaf mijatutti geggeeffame. Kun dhiira 13f qorataan yeroofi iddoo iddattootaaf mijataa garaagaraa fayyadamuun, afgaaffii qoranichaa dhiyeessuun qorataan ragaa itti fayyadama afaanii funaane sana of eeggannoo dhaan, isa waraabe dhaggeeffachuudhaan, yaadannoo gaggabaabaa qabatee ture sanafaana walbira qabuudhaan, gara barreeffamaatti erga jijjiiree booda, akka barbaachisummaa kaayyoo qorannoo sanaatti mata duree aaddaa addaatti qooduudhaan ibsuun mala akkamtaan qaaccessuuf yaaleera.

3.6.2. Mariigaree Xiyyeeffannoo

Meeshaan funaansa raga kun akkuma afgaaffii raga akkamtaa keessatti gargaaru funaanuuf oola..

Bu'uuruma kanaan qorataan qorannoo kanaa gaaffiwwan marii bu'uura ta'anii qoranicha keessatti dhiyaataniif deebii quubsaa argachuun kaayyoo kaa'ame bira ga'uuf qaamni waliin mari'achuun ragaa kennuun nibarbaachisa. Qorannoo kana keessatti gaaffileen mariigaree

xiyyeeffannoo kanaaf qophaa'ee ittin adeemsifame gosa gaaffii banaadha.Gosti gaaffii kun immoo iddattoon mariif taa'an akka hubannoo isaaniitti bal'inaan daangaa malee akka dubbataniif qoratichaan filatamee geggeeffame. Marii garee kanaafis gadoota 19 aanichi qabu keessaa gandoota 7 irraa marii garee tokko tokko walitti mariigaree **7,** miseensa 6-8 qabu qeerroo (dargaggoota) fi namoota umuriin bilchaatoo, waa'ee siyaasa biyya keenyaa hordofaniifi xiinxalan, mata duree qorannoo, waallee siyaasaa: qaaccessa qabiyyee dubbii haaromsa bara 2010-2011 irratti hubannoofi dandeettii dubbii qaban hojii garaagaraa kan hojjetan waliigalatti dhiira 52fi dhalaa 1 waliigalatti namoota 53f garee gareen ijaaree yoomessa isaanii mijateen: biirootti, mana jireenya isaaniittifi mana barumsaatti mariisisuun raga barbaachisu suuraafi waraabbii sagaleen akkasumas yaadannoo gaggabaabaa qabachuun itti fayyadama afaanii walitti qabadhee ofeeggannoodhaan walbira qabee gara barreeffamaatti ergan jijjiiree booda kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'uun mataduree addaa addaatti qooduun ibsuun qaaccessuun qoranicha hojjechuuf yaaleera **.**

3.6.3. Daawwannaa

Qorataan iddoo qorannicha itti geggeessu sanatti yeroo yeroon argamee qaama qorannicha irratti geggeessu sana hordofaa waan argete tokko raga akka sassaabbatu kan taasisudha," jedha. Kana malees guutuutti keessatti hirmaachuun daawwachuufi gartokkeenfi ala dhaabbatanii ilaalanii ragaa barbaachisu fudhachuu akka ilaallatu ibseera. Qorataanis qorannoo kana yeroo isaan waltajjii haarosaa geggeessan keessatti argamuudhaan taa'ee dhaggeeffachuudhaan, gartokkeen yomuu caasaa gandaa waliin sadarkaa Aanaatti geggeessaniifi ganda irratti uummata waliin waltajjiin haaromsaa geggeeffame shan deddeebi'ee itti hirmaachuudhaan odeeffannoo funaannachuun kan geggeesse dha. Kunis mata duree qorannoo qaaccessa dubbii haaromsa siyaasaa bara 2010-ammaa ilaalchisee Uummanni Aanaa Kiiramuu haaromsa siyaasaa akka biyyaattiifi Naannoo Oromiyaatti geggeeffame irratti yommuu dubbatan miira itti dhaga'ameefi waan dubbiin miseensonni waltajjichaa jedhan daawwateera.. Kana malees bfa faaruu akkasumas yommuu marii gareen mari'atamu haalli isaan calaqqisiisan maal akka ta'e kan daawwatamedha. Akkasumas dubbii haaromsa siyaasaa bara 2010-2011 dubbiin haasa'ame waraabameera. Kana malees bifa walaloon waltajjicha irratti dhiyaate suuraafi sagaleedhaan waraabuun daawwatamee gara barreeffamaatti jijjiirame. Haaluma kanaan waan isaan haaromsa irratti dubbatan haala qabatamaa waliigalaa haaromsa 2010-2011 akka biyyaafi Naannoo Oromiyaatti,godinaafi Aanaa

Kiiramuu waliin walbira qabanii dubbatan itti fayyadama afaanii addaa addaa raga qabachuun hubachuun danda'ameera.

3.7. Mala Qaaccessa Ragaalee

Qorannoon mala akkamtaa keessatti argamu lakkoofsaan osoo hin taane jechaan ibsama. Qorannoon qaaccessa ergaa dubbii haaromsa siyaasaa bara 2010-ammaa haala aanaa Kiiramuun jedhamu geggeessee ragaaleen iddaattoo kan irraa argamu ykn meeshaaleen ragaaleen ittiin funaaname: afgaaffii, marii garee xiyyeeffannoofi daawwannaadha. Kana malees sagaleen waraabamanii fisuuraaleen ka'an qorataan qoranicha dhugummaa isaa mirkaneessee ifa godhee ragaalee gara barreeffamaatti jijjiiree qaaccessuuf yaalee jira. Ragaalee iddattoo qoranichaa irraa funaanames bifa qindoomina qabuun haala gaaffilee qorannichaa deebisuu danda'aniin qorataan mata-durewwan addaa addaatti qooduun hiika itti kennuuf yaaleera. Hiikni kennamu kun mala akkamtaan jechaan ibsamuun gadi fageenyaan xiinxalamuun qaacceffamuun gabaasni qorannoo kun kan dhiyaatedha.

Haalumakanaan, gaaffilee bu'uuraa dhiyaataniif tokkoo tokkoo isaaniitiif gosoota meeshaalee odeeffannoo dhiyaatan hunda keessatti deebii iddaattota tartiiba isaa eegee callaarraa ka'uun gara dimshaa shaattii qaaccessuuf yaalamee jira.

BOQONNAA AFUR: RAGAALEE QAACCESSUU

Seensa

Boqonnaan kun haaromsa siyaasa 2010 hanga 2011 akka biyyaatiifi Naannoo Oromiyaatti geggeeffame, Godina Wallagga Baha haala Aanaa kiiramuun waallee siyaasaa : dubbii /haasaa haaromsaan jiru itti fayyadama afaanii jiru hammatee, Aanaa kiiramuu irraa funaaname qaaccessuurratti xiyyeeffata. Kunis ragaalee bifa afwalaloofi hololoon, akkasumas bifa malleen dubbiin, qoqqoodaminsa seerluugaafi gurmaa'ina jechootaan kan mul'atan walitti qabamanii xiinxalamaniiru.Kanamalees ergaan waallee dubbiiwwanii maal akka ta'e ibsamaniiru. Dabalataan yaadni beektonni waa'ee mataduree qaaccefame irratti qabanis ragaa qindaa'e waliin walbira qabamanii dhiyaataniiru. (Dastaa, 2013:67). Odeeffannoon funaanames akka calqaba irratti karoorameen xiinxalamuun hiika waliin qaacceffamaniiru.Yaada kana irratti NEK (1999:169) yeroo ibsu: "*The collected information is analyzed and interprets in the way specified earlier during the planning stage of the study"* jechuun qaaccessii fi hiikni ragaa qo'annoo wixinee calqabaa irratti hundaa'uu akka qabu ibsa. Qaaccessi ragaalee kunis gaaffilee qorannoo kanaa deebisuuf matadureewwan garaagaraa jalatti geggeeffamee jira. Jalqabairratti waa'ee haaromsa biyya keenyaa ilaalchisee dhiyaate. Itti aansuun uumanni Aanaa Kiiramuu haaromsa Naannoo Oromiyaa irratti jedhantu mata-duree garaagaraa jalatti dhiyaachuun qaacceffame. Kana malees haalli Godina Wallagga Bahaa Aanaa Kiiramuu hanga gandaa qaacceffameera. Ergaan waanti uummanni haaromomsa irratti jedhan dabarsus qabiyyeewwan addaa addaa jalatti xiinxalamee jira. Waan jedhan addaan baasuufi ergaa waan jedhamee addaan baasuun gaaffilee bu'uura qorannichaa isa 1ffaa.2ffaafi3ffaa 'n kan dhiyaatanii jiran deebisa.

4.1. Fayyadama Afaanii Haaromsa 2010-1011 Geggeeffame Irratti Uummata Aanaa Kiiramuun

Afaan jiruufi jireenya hawaasaa keessatti iddoo olaanaa qabaata. Kunis afaan, dhalli namaa yaada isaa akka waljijjiruuf, akka waliigaluuf akkasumas fedhiifi miira isaa ibsachuuf isa gargaara. Haata'u malee, faayidaan afaanii kana qofaarratti kan daanga'ee miti. Afaan qabeenya ilmi namaa qabu keessaa hunda caalaa kan humna qabuufi dhageettii keessa keenyaa waa'ee dhimma dhuunfaas ta'e dhimma hawaasaa; ka biyyaas ta'e kan addunyaa xiinxallee gadi baasuun ittiin ibsannuudha. Kun immoo afaan meeshaa waliigaltee ta'uu irra darbee kan nuti ittiin yaadaafi qalbii namoota ittiin booji'uun yaada keenya akka fudhatan goonuufi hubannoo itti

uumnudha. Kun immoo dhimmi afaanii qorannoo adda addaa barbaaduurra darbee tumsa hayyoota afaanii kan gaafatuudha. Haala fayyadama afaanii naannoo tokkoo sirritti adda baasuun beekuun barbaachisaadha.

Yaada kanarraa kan hubannu fayyadamni afaanii iddoo tokkotti ergaa tokko yoo qabaate iddoo kan biraatti ammo ergaa adda ta'e qabaachuu akka danda'u kan agarsiisuufi seera afaanichaa beekuun ammo iddoo haalletuu barbaachisaa akka ta'edha.

Uummanni Aanaa Kiiramuu haaromsa kana irratti dubbii Haaromsaa siyaasaa garaagaraan calaqqisiisan. Kunis raga kennitoonni qarannoo kanaa qabxiiwwan haaromsa kana waliin walqabatan qaaffilee qorannoo bifa afgaaffiifi marii garee xiyyeefannoon dhugoomsaniin dubbii bifa afwalaloo, afwalaloofaaruu, afwalalootabaallii fi hololoon raga kennantu ibsame.Kana malees waltajjii haaromsaa irratti yaadawwan ka'an qorataan daawwannaadhaan dubbii taasifame waraabee hubateefi argateen qoratamaniin ibsameera. Hololoofi walalootiin kan itti toleen jedhanii yaada isaanii calaqqisi isantu ibsame. Ragaan dubbii haaromsaa kanneen tokko tokkoon akka armaan gadiitti tartiibaan akka barbaachusummaa isaaniin mata dureen qoqqoodamanii qaacceffamaniiru.

4.1.1. Afwalaloo Haaromsa siyaasaa

Walaloon jechoota gaariin filatamee; barreeffama gabaabaan barreeffamee yaada bal'aa dabarsuudha. Filannoon jechootaa ergaa barbaadame dabarsuudhaaf walaloo barreessuu keessatti bakka guddaa qaba. Af-walaloo keessattis jechoonni filatamaan jechoota hiika dacha fi hiika mul'ataa ta'uu qaba.Bu'uuruma kanaan kan qragaa kennittoonni qorannoo kanaa afwaloo addaa addaan armaan gaditti dubbii haaromsa siyaasa 2010 -ammaa ibsan akka armaan gadiitti qaacceffamaniiru. Kunis Haaromsa siyaasa 2010-2011 akka biyyaafi Naannoo Oromiyaatti geggeeffame kan ibsanidha. Haaromsa kana uummanni Aanaa Kiiramuu afwalalootti fayyadamuun haaromsa ibsa akka armaan gadiitti adda ba'anii qaacceffamaniiru. Haaluma kanaa ragaan afwalaloo af-gaaffiitiin qeerroo Sooressaa Amanuu (ganda Lalistuu Somboo) haaromsa 2010 hanga 2011 Akkamiin ibsita ? Jedhu gaafachuun argame kan armaan gadiiti.

Fkn.a .Amaarriifi Oromoo
Haaromsa fidan kunoo
Lameen waliif qomoo
Soddoota waliin deemoo

Ollaa waliiti daangaanoo
Wal keessa jiru dhiigaanoo
Tiim Lammaadha isaanoo.
Oromoofi Amaarri qabsaa'anii
Diimookiraasii arguuf hawwanii
Jijjiirama fiduuf walii galanii
Tiim lammaan kunoo beekamanii
Imala qabsoo waltajjii itti fufanii
Quuqama biyyaa kan qabanii
Qeerroofi qarreen deeggaranii
Uummata qabsaa'u dhaga'anii
Haaromsa biyyaaf kunoo fidanii.

Afwalaloon fkn a.armaan olii buufata lama qaba. Buufanni kunneen lama lamaan yaadni isaanii walitti hidhamanii jiru. Fkn.a. bo'oo**1**[ffaa] "amaarriifi Oromoo" jedhuufi fkn.a.bo'oo **2**[ffaa]**,"** haaromsa fidan kunoo " jedhu yoo ilaalle,bo'oon lameen waldeeggaranii jiru. Kunis amaarriifi oromoo haaromsa 2010 ammaa irratti shoora olaanaa taphachuu isaanii agarsiisa. Haaluma walfakkaatuun bo'oo **3**[ffaa] 4[ffaa] walduraa duubaan "lameen walii qomoo" jedhuu " soddoota waliin deemoo "jedhanis yaada waldeeggaranii jiranidha. Kunis lammiin kun lamaan isaanii gaa'elaan walitti hidhamanii waan jiraniif yaadaan kan waldeeggaranii waliigaluu danda'aniiru jechuudha.

Kana malees bo'oo walalooma kanaa 5[ffaa]"olla waliiti daangaanoo" jedhuufi wal keessa jiraatu dhiigaanoo "jedhan yoo ilaalles yaadni bo'oowwan lameenii waldeeggaruu hubanna. Kunis daangaan Oromiyaafi Amaaraa olla walii akka ta'aniifi Amaarriifi Oromoo walfuudhanii dhiigni isaanii walitti dabalamuudhaan akkuma firoomanii jiran haaromsa kana irrattis kan waldeeggaraa jiran ta'uu isaaniiti. Yaada walaloo armaan olii irraa waanti hubatamu, haaromsa bara 2010-2011 keessatti naannoon Oromiyaafi Amaaraa adda dureedhaan waldeeggaruun akka haaromsa geggeessan ta'uu isaa agarsiisa. Kunis dhalootaanis baay'inaan kan walirraa horanii uummata waliin jiraatan ta'uu agarsiisa.Akkasumas bo'oo fkn.a.**12**[ffaa]," Uummata qabsaa'u dhaggeeffatanii " kan jedhuufi bo'oo afwalaloo ," haaromsa biyyaa kunoo fidanii" jedhu yoo xiinxalle, Adeemsa haaromsaa bara 2010-ammaa kana keessatti tokkummaadhaan uummata isaanii faana ta'anii bu'aa bahii hedduu keessa akka darbanidha. Fkn afwalaloo armaan olii keessatti bo'oo **13**[ffaa] " tiim lammaan kunoo beeksmanii" kan jedhu kanneen akka obbo Dagguu Indaargaachoo, obbo Dammaqee Mokonnoniifi kaan obbo Lammaa waliin jabaatanii qabsaa'uu

isaanii ibsa .Walumaagalatti Uummanni Oromoofi Amaaraa biyyattii ijaaruu keessatti kanneen olaanaa taphatan waan ta'eef gara fuulduraattis tokkummaan uummata kanaa biyyattiif baay'ee murteessaa ta'uu hubachiisa

Finnegan (1976:273) faaruu yoo ibsu, "faaruun dhimma yeroo ibsuufi yaada uummataa gabaasuu danda'a, "jedha. Bu'uuruma kanaan uummanni Aanaa Kiiramuu faaruudhaan haaromsa siyaasaa 2010 hanga ammaa bifa faaruu addaa addaan akka armaan gadiitti ibsaniiru.

Haaluma wal fakkaatuun ragaa kennitoonni marii garee xiyyeeffannoo qeerroo (gandamti Guddina Jireenyaa) kun bifuma faaruutiin haaromsuma akka biyyaatti argame dubbii haaromsa 2010-amma irratti marii gareen miira gammachuu haaromsaan argatan mariin garee qeerroo (Guddina Jireenyaa) yaada armaan oliitti dabaluun af walaloo bifa faaruutiin ibsame kan armaan gadiiti.

Fkn. Haaromsi haaromsa nutti tolee jalqabiinsaa
Haaromsi haaromsaa kan biyyaa gammachiisa
Haaromsi haaromsaa kan gadii nuu qolquleessaa
Haaromsi haaromsa haabareedu firiinsaa
Haaromsi haaromsaa dookteriin nu jajjabeessaa
Haromsi haaromsaa hidhaa keessaa nama baasaa
Haaromsi haaromsaa boquu olqabachiisaa
Haaromsi haaromsa arganeerra gaaddisaa
Haaromsi haaromsa nu cimsaa tarkaafiisaa.

Yaada faaruu afwalaloo faaruu kun jecha" haaromsi haaromsaa" jedhu fayyadamuudhaan tokkoon tokkoo isaanii ergaa guutuu dabarsu. Kana irraa waanti hubatamu haaromsi sadarkaa biyyaatti taasifame gaarii ta'uufi kan jajjabeeffamu ta'uu isaati.Ta'us gara gadiitti haaromsi rakkoo akka qabu ibsa.Fkn.b. bo'oo walaloo **2^{ffaa}** yoo fudhane,"haaromsi haaromsa kan gadii nuu qulqulleessaa" jedha. Yoo xiinxalle, haaromsi caasaa hooggantootaa gara gadii seecca'amuu akka qabu ibsa. Akkasumas fkn.b. bo'oo sarara **6^{ffaa}** "haaromsi haaromsa hidhaa keessaa nama baasa " jedhu yoo ilaalle, haaromsi bara 2010 hanga ammaa keessatti namoonni baay'een kanneen mirga diimookiraasiifi uumamaa falmachuun hidhaman bay'een akka hiikaman ibsa.Kana malees Oromoon mirgi isaa sarbamaa waan tureef xiinsammuudhaanis isa hidhame boqonnaatti ba'uu mul'isa.

“haaromsi haaromsa haabareedu firiinsaa,” jedhu fudhannee yoo ilaalle, haaromsi jalqabbii hojiin isaa yoo jiraateyyu gara fuulduraatti firiin gaariin kan eegamu ta’uusaati

Akkasumas afwalaloo bo’oo 9ffaa “Sirna nama jibbu jijjiirtee haaromsaan kunoo hidhaa nu hiiktee” kan jedhu sirni haaromsa duraa ture sirna nama miidha akka ta’e hubachuun warraaqsa diimookiraasii qeerroofi qarree waliin hirmaachuun haaromsi akka dhufetu ibsame. Fkn. Bo, oo **6ffaa**,” sirna nyaatee hin quufne hubayyee dhugaa faana hidhatte” jedhu yoo ilaalle, sirni haaromsa duraa saamicha biyyaa irratti kan bobba’eefi sirnicha jijjiiruu irrattis dhugaa jiruun qabsoo waltajjii geggeessuun haaromsa uummataaf kan gumaache ta’uu ibsa.

yaadni haaromsi qabatee jiru haaromsa jijjiiramatti amanu waan ta’eef rakkoon sadarkaa godinaaleetii kaasee hanga gadiitti yoo jiraatellee gara fuulduraatti rakkoowwan jiran akka furamuu danda’aman ibsa.Kan armaan gadiis kanuma ibsa.

Fkn. Silaa ulaagaan dandeettiifi gahumsa
Godinaa-Aanaa garuu wal beekumsa
Faayidaan of ijaaruuf dhuunfaasaa
Kun miti fayyadamummaa hawaasaa
Kaan hin jijjiiranme kaayyoon kaa’ame
Kaaniif hin galle haaromsi taasifame
Haaromsi gara olii seeraan taasifame
Haaromsi gara gadii faayidaan taasifame.
Baatee deema dhokfateetu garaasaa
Gara gandaatti yoodhufne baddubaasa
Dhaloota qubeen bakka nuu buusaa
Dhugaan soba mo’ee haamul’atu ofisaa
Yoos mirga uumamaafi diimookiraasii bilisa
Hoogganaan tokko tokko utuu nyaatuu beela’a
Haaromsi haaguddatu sakatta’uun caasaa.

Afwalaloo armaan olii buufata lamaafi bo’oo kudhashan qabu irraa waanti hubatamu, filannoon muudamtoota geggeessitootaa godinaa kaasee jiru walitti hidhannaa ykn neetwoorkii faayidaa ,walbeekumsaafi loogii irratti hundaa’e ta’uu isaati.Kunis caasaa ijaarrachuudhaan olaantummaa seeraafi ittifayyadamummaa uummataa kabajuu irra faayidaa mataa isaaniif kan deeman ta’uu isaati.Fkn.b.bo’oo **1ffaa** ,” silaa ulaagaan dandeettiifi gahumsaa” jedhuufi bo’oo **2**$^{\textbf{ffaa}}$ “godinaa hanga gandaa garuu walbeekemsa.” Jedhus kanuma ibsa. Bu’uuruma kanaan, fkn.b. bo’oo **7**$^{\textbf{ffaa}}$ “haaromsi gara olii seeraan taasifame” jedhuufi fkn.**8**$^{\textbf{ffaa}}$ haaromsi gara gadii faayidaan

taasifame" jedhu yoo ilaalle, haaromsi sadarkaa Naannoo Oromiyaattitti taasifame akkaataama gahusaafi dandeettiitiin kan taasifameefi jajjabeessaa ta'uu isaafi sadarkaa godinaatii kaasee hanga sadarkaa gandaatti jijjiiramni aangoo geggeessitootaa immoo dandeettiifi gahumsaan utuu hin taane, walfayyaduuf karaa dhoksaa ta'een kan geggeeffameefi geggeeffamaa jiru ta'uun isaa kan agarsisudha. Kanaafuu haaromsi hundee gadi fageeffatee hojiirra oolee firii gaarii akka godhatuuf, gaggeessitoonnitoonni gara olii warra gadii irratti qorannoon addaa addaa yeroo yerootti adeemsifamuudhaan rakkoo kana hundeedhaan furuun baay'ee barbaachisaadha. Fkn.b. bo'oo **11 ffaa** ,"dhaloota qubeen bakka nuubuusaa" jedhu,bo'oo **14ffaa** "hoogganaan tokko tokko utuu nyaatuu beela'a" jedhu fi bo'oo **12 ffaa** "dhugaan soba mo'ee haamul'atu ofiisaa" jedhu yoo hubanne, muudamtoonni siyaasaa kanneen rakkoo gahumsaa qabaniifi loogiifi faayidaa hin malleen argachuun duuromuuf deeman hanga gandaatti irraa harca'anii dhaloota qubeetiin bakka buusuudhaan haaromsi yoo sirriitti geggeeffame bu'a qabeessa ta'uu danda'a.

4.1.2. Malleen Dubbii

Malleen dubbii akkaataa itti yaada tokko ibsan yommuu ta'u hiika jechoota beekamoofi akkaataa idileen baratameen ala akkasumas, tartiiba himootaa dhiibbaa addaa uumuu danda'aniin kan dhiyaatudha.Kunis ergaan isaa bar- reeffamaan isa taa'e irra kan darbudha " jedhee kaa'eera.

Yaadni waraabbii kana keessa taa'e kunis akka ibsutti malleen dubbii akkaataa itti yada tokko nama biroof ibsan ta'uu isaafi malleen dubbii kana keessatti hiikni jechootaafi himootaa akkasumas tarttiibni isaan ittiin qindaa'uun dhiyaatan hiikafi tartiiba idileetiin ittiin dhiyaatan irra haala adda ta'een hiika dhokataa kan of keessatti qabatan ta'uu isa agarsiisu.

4.1.2.1. Nameessa

Nameessi mala dubbii ittiin ergaa dabarfannu keessaaa tokkodha. Kunis amala dhala namaa waan biroof kennuun ta'a.

Bu'uuruma kanaan raga qorannoo kana keessatti ergaan bifa malleen dubbii nameessaan ibsaman akka fakkeenyaatti akka armaan gadiitti qaacceffamaniiru.

Fkn.a.141-Haaromsi gara olii mataa toleera; gara gadii garuu miilla badeera
80- Waa'ee Oromoo dubbata dacheenisii
182-Haaromsi mataa malee miilla hin qabu

164- Haaromsi haaguddatu sakatta'uun caasaa

165- Haaromsi yoo deemee miilla godhate

202- Haaromsi deemee ce'ee galma ga'e

Bo'oon walaloo armaan olii kuun mala dubbii nameessaatti fayyadamuudhaan yaada addaa addaan ibsamaniiru.. Kunis bo'oon **1ffaa** "haaromsi gara olii mataa toleera; gara gadii garuu miila badeera" jedhu amala namaa gonfachuun haaromsi qorannicha keessatti sadarkaa biyyaafi Naannoo Oromiyaatti gaarii ta'uudha. Akkasumas bo'oon **2ffaa** " waa'ee Oromoo dubbata dacheenisii" jedhu immoo waa'ee Oromoo dacheeniyyu beeka yaada jedhu ofkeessaa qaba. Bo'oon **3ffaa** " bhaaromsi mataa malee miilla hin qabu" jedhu immoo haaromsi gara gadii laafaa ta'uu isaa ibsa. Akkasumas bo'oon **4ffaa** "haaromsi haa guddatu sakatta'uun caasaa" jedhu immoo haala qorannicha keessatti ibsameen haaromsi hojii jalqabbii agarsiisu waan ta'eef qaamni hooggansa olii caasaalee hooggansaa jiran yoo sakatta'e, haaromsi itti fufuu danda'uu ibsa. Bo'oon **5 ffaa** "haaromsi yoo deemee miilla godhate "jedhu akkaataa qorannicha keessatti ibsameen haaromsi yoo hijiitti hiikame kan jedhu ibsa. Bo'oon 6 ffaa "haaromsi deemee ce,ee galma ga'e" kan jedhu namni hundi haaromsa yoo hojiitti hike haaromsa akka jedhamu ibsa.

4.1.2.2. Iddeessa

Akkuma malleen dubbii warra kaanii iddeessi malleen dubbii ergaan ittiin darbu keessaa isa tokkodha. Bu'uuruma kanaan mala kanaan qorannoo kana keessatti ragaan mul'atan armaan gaditti ibsamaniiru. Fkn.

180-Namni gaararraa ta'e diina biyyasaa

198-Muudama irraa yoo ka'an warri gufuu ta'e

93-Namatu waraabessa guyyaa ta'e…

272….Oromoon leencuma duruu..

52…Haasaan afaan kee damma; hojiin kee dhama.

283….Oromoon kaannisa duruu…

Bo'oowwan armaan olii itti fayyadama afaanii iddeessaan yaada addaa addaa qabu.. Kunis bo'oon **1ffaa** "namni gaararraa ta'e diina biyya isaa" jedhu akkaataa qorannicha keessatti ibsameen haaromsa 2010-2011 geggeeffame keessatti sadarkaa godinaa kaasee namni hooggansa irra jiru ammallee kan waliin dhahu akka jiru agarsiisa. Bo'oon **2ffaa** "muudama irraa yoo ka'an

warri gufuu ta'e jedhu" immoo warri haaromsa hin tarkaanfachiisne hooggansaaf barbaachisoo akka hin taane agarsiissa. Bo'oon **3ffaa** "namatu waraabessa nyaataa ta'e " jedhu immoo kan ofii yaadu malee namni biyyaaf yaadu baay'een akka hin jirre ibsa.akkuma haala dubbii afwalaloo irratti ibsametti namni ofiif malee hooggansaaf ta'u nama ijjennoo dhugaa qabu ta'uuakka qabuufi namamni waan arge fakkaatu biyya akka hin fayyanne ibsa. Bo'oon **2ffaa** immoo akkuma haala dubbii afwalaloo fuula 81 irratti ibsametti, caasaan hooggantootaa godinaa hanga gandaatti walfayyaduu irratti hundaa'anii warri biyya quucarsan dhaloota sirriitti hojjetaniif iddoo gadhiisuu akka qaban ibsa. Bo'oon **3ffaa** akkuma afwalaloo fuula irratti ibsametti warri haaromsa 2010 haga ammaa mormaa jiran warra biyya saamaa tureefi saamuu barbaadu akka ta'e ibsa. Bo'oon **4ffaa** "Oromoon Leencuma duruu jedhu" Oromoon durii kaasee gootummaatiin akka beekamu ibsa.Bo'oon **5ffaa"** haasaan afaan kee damma hojiin kee dhama" jedhu warra sirna haaromsa duraa keessatti nama sossobaa tureefi ammas haaromsa keessatti ilaalcha dulloomaa qaban ibsa. Bo'oon **6ffaa** "Oromoon kaannisaa duruu" jedhu Oromoon kan waliin gurmaa'u ta'uu ibsa.

4.1.2.3. Akkasaa

Akkasaan malleen dubbii keessaa tokko ta'ee karaa ittiin tooftaa ittiin afaanitti fayyadaman keessaa tokko. Garuu akkasaan wal fakkeenyaa tokko karaa dhokataa ta'een ibsa." Jechuun barreesseera. Yadni waraabbii kanaa akka agarsiisutti gosa mala dubbii akkasaa jedhamu kana gargaaramuun wantoota uumamni isaanii gargar ta'e ittiin walbira qabuun ibsuun ni danda'ama. Bu'uuruma kanaan qorannoo haaromsaa kana keessatti kan Uummanni Aanaa Kiiramuu itti fayyadamuun haaromsa 2010-2011 ibse akka fakkeenyaatti armaan gaditti qaaccfffamaniiru.

Fkn. 349- Mucayyoo akka dargaggoo siif baga laanne aangoo.
100-Mucayyoo akka qeerramsaa sodaatee maal irraa dheessaa.
110- Kaayyoo haaromsaa hin dagattu akkuma leencaa aggaamta.
144- Haata'an akka Lammaa Magarsaa sirriitti haa cabu ilaalchi kaleessaa.
149- Nama akka gaararraa adda nuu baasaa.
340- "…Haaromsi akka nama uffata haaraa uffata dhumaa irratti erbuuti…."

Itti fayyadamni malli dubbii akkasaa armaan olii qoranicha keessatti yaada addaa addaa ibsu.Kunis bo'oon **1ffaa** " mucayyoo akka dargaggoo siif baga laanne aangoo" jedhu Ummanni

Oromoo aangoo obbo Lmmaaf akka ta'u ibsa.Bo'oon **2**[ffaa] " mucayyoo akka qeerramsaa sodaatee maal irraa dheessaa jedhu " kan jedhu qorannicha keessatti Obbo lammaa Magarsaa kan ibsuuf ibsudha. Kan dudduubatti hin deebine ta'uu issati. Bo'oon **3**[ffaa] "kaayyoo haaromsaa hin dagattu akkuma leencaa aggaamtaa" jedhu immoo leenci akkuma boquu olqabatee gootummaa isaa mul'isu innis ejjennoo qabaachuu isaa agarsiisa. Bo'oon **4**[ffaa]**"** haata'an akka lammaa Magarsaa haa cabu ilaalchi kalleessaa" kan jedhu, qorannicha keessatti akkaataa ibsameen caasaan hooggantoota godinaa kaasanii hanga Aanaatti jiran ilaalchuma haaromsa duraa kan qaban ta'uu isaanii agarsiisa. Bo'oon **5**[ffaa]" nama akka gaararraa adda nuu baasaa" kan jedhu qorannicha keessatti geggeessitoonni haaromsaa godinaa gadii keessa nami waan arge fakkaatu kan ejjennoo hin qabne akka jiru ibsa.Bo'on **6**[ffaa] "haaromsi akka nama uffata haaraa uffata dhumaa irratti erbuuti **"**kan jedhu qorannicha keessatti haaromsi gartokko taasifamee gartokko immoo akka hin taasifamne ibsa.

4.1.2.4. Eemitii

Eemitiin mala dubbii ittiin ergaan darbu ta'ee, irra keessa yoo ilaalan soba fakkaatee sirriitti yoo xiinxala garuu dhugaa ta'edha. Jechoonni kun faallaa waliiti. Amaluma jechoonni kun dhuunfaan qaban faana bu'uun akka waantonni faallaan lama walfaana dubbataman dubbii haaromsa 2010-2011 geggeeffame keessatti kan raga himtoonni qorannoo kanaa mala eemitiin itti fayyadaman keessaa akka fakkeenyaatti akka armaan gadiitti qaacceffamaniiru.

Fkn. 185. Haaromsi ammaa utuu hin nyaatiin quufuu
184 –Uummanni utuu gammaduu gadduu
186- Namni baay'een nidhaga'a malee hin dhaga'u
187- Waajjira seenee ba'uu
188-Uummanni utuu kolfuu boo'uu
163-Hoogganaan tokko tokko utuu nyaatuu beela'uu
187 Namni kaan utuu ilaaluu hin arguu
191- kaan utuu dubbatuu kan callisu

Ittifayyadamni afaanii mala eemitii kun haala garaa addaa addaan ibsame.Kunis bo'oon **1**[ffaa]" haaromsi ammaa hin nyaatiin quufuu" kan jedhu haaromsi 2010-2011 keessatti akka biyyaafi naannoo Oromiyaatti geggeeffame jalqabbii gaarii qabaatus kan hojiin baay'een hin hojjetamiin

jiru ta'uu isaa ibsa. Bo'oon **2**[ffaa]" Uummanni utuu gammaduu gadduu "kan jedhu immoo haala qorannicha keessatti ibsameen haaromsi sadarkaa Federaalaafi Naannoo Oromiyaa gaarii ta'us sadarkaa godinaa kaasee jiru hanga Aanaa jiru garuu kan namatti hin tolle ta'uu ibsa. bo'oo **3**[ffaa] "namni baay'een nidhaga'a malee hin dhaga'u" jedhu namni baay'een waa'ee haaromsaa nidhaga'a malee dhimma irraa hin qabu kan jedhu ibsa.Bo'oon **4**[ffaa] **"**waajjera seenee ba'uu jedhu akkaataa qorannicha keessatti ibsameen haaromsa sadarkaa godinaa hanga Aanaa jiru keessatti namni waajjira isaa keessatti hojii hojjetaa hin jiru kan jedhu ibsa.Bo'oon **5**[ffaa] " Uummanni utuu kolfuu boo'uu" jedhu haaromsi 2010 hanga ammaa keessatti akka Federaalaafi Naannoo Oromiyaatti jalqabbiin hojii gaarii jiraachuu fi gara gadiitti immoo kan hin jirre ta'uu ibsa. Bo'oon **6**[ffaa] "hoogganaan tokko tokko utuu nyaatuu beela'uu" kan jedhu namoonni haaromsa dura kiraasassaabdummaa baran ammas barbaaduu isaanii ibsa.Bo'oon **8**[ffaa] "kaan utuu dubbatuu kan callisu" jedhu akka qorannichaan ibsamitti namoonni hooggansa irra jiran sadarkaa godinaa hanga Aanaa jiran waa'ee haaromsaa afaaniin dubbatu malee hojiitti hiikaa hin jiran kan jedhu ibsa.

4.1.2.5. Habalaka

Habalakni mala dubbii waan tokko bifa faallaadhaan bira qabanii ibsanidha. Addunyaa Bu'uuruma kanaa malleen dubbii haala ragaalee qorannoo haaromsaa 2010 -2011 keessatti argamaniin mala dubbii habalakaan akka fakkeenyaatti armaan gaditti ibsamaniiru.

Fkn. 120-Gariin isaanii warra faranjii

1121- Qabeenyaan warra iyyeessasii

122- Hojiin isaanii biyya ijaaruufii

Itti fayyadama afaanii mala habalakaan afwalaloo armaan olii keessatti hiika addaaa addaa argina. Kunis bo'oon haala ragaalee qorannoo kanaa galumsa irratti ibsamaniin ibsama. Bo'oo 1[ffaa] "gariin isaanii warra faranjii" kan jedhu haala qorannicha keessatti ibsameen kanneen karaa Asoosaa waraana Oromoo irratti banan walakkaan isaanii warra Gumuz akka ta'an ibsa. Bo'oon **2**[ffaa] "qabeenyaan warra hiyyeessasii" jedhu immoo warri haaromsa mormuun waraana karaa Asoosaa bara 2011 Oromoo irratti bane warra qaxxaamuraan biyya saamanii qarshii qaban akka ta'e ibsa. Bo'oon **3**[ffa]a "hojiin isaanii biyya ijaaruufii" jedhu immoo kanneen haaromsa 2010-2011 gufachiisan kun warra biyya diigan akka ta'e ibsa.

4.1.3. Qoqqoodama Seerluugaan Kan Walitti Dhufaniin

Qoqqoodamni seerluugaa itti faffadama afaanii keessatti iddoo guddaa qaba. Kunis hiika tokko akka barbaachisummaa isaatti ibsuuf gargaara. Yaada kana irraa waanti hubatamu, xiinxala xiyyeeffannoo galumsaa keessatti qoqqoodaminsi seerluugaa isa tokko akka ta'edha. Haaluma kanaan mata duree qorannoo qaaccessa ergaa dubbii haaromsa siyaasaa 2010 -2011 qoqqoodama seerluugaa mul'atan keessaa akka fakkeenyaatti armaan gaditti ibsamaniiru.

4.1.3.1. Taasifamaa

Waallee haaromsa siyaasaa 2010-2011 kana keessatti dubbii bifa garaagaraan argaman keessaa haala qoqqoodama seerluugaa isa tokko dha, waanti hala qabatamaa Uummanni Aanaa Kiiramuu haaromsa 2010-ammaatti tasifame keessatti waanti adda baafame tokko raawwat amaa ykn Taasifamaadha. Kunis ergaa gochaawwanii irratti kan xiyyeeffatudha. Taasisaatiin kan raawwatamu ta'uufi raawwii gocha tokkoo akka agarsiisuu danda'udha. Haaluma kanaan siyaasaa haaromsa 2010 hanga ammaa keessatti kanneen akka fakkeenyaatti haala Aanaa Kiiramuun argaman ergaan isaanii akka armaan gadiiti.Kunis:

Fkn.Ragaa:156-Haaromsi gara olii seeraan taasifame

157- Haaromsi gara gadii faayidaan taasifame

155- Kaaniif hin galle haaromsi taasifame

154-Kaan hin jijjiiramne kaayyoon kaa'ame

Bo'oowwan hima taasifamaa armaan olii arfan ergaa addaa addaa qabu. Kunis: Ergaan bo'oo 1^{ffaa}, haaromsi sadarkaa biyyaatti taasifame sirriifi gaarii ta'uu ibsa. Bo'oon $\mathbf{2}^{ffaa}$ immoo godina irraa ka'ee hanga sadarkaa gandaatti yommuu deemu muudamni aangoo dandeettiifi gahumsa irratti kan xiyyeeffate osoo hin taane loogiifi walfayyaduutiin akka ta'edha. Kana malees bo'oon $\mathbf{3}^{ffaa}$ immoo waa'ee hojii haromsaa kana irratti ilaalchi namoota tokko tokkoo kan hin jijjiiramne ta'uu ibsa.kunis muudamni aangoo gara gadii taa'umsa fi itti gaafatamummaa wal jijjiiruu irratti kan bu'uureffate malee dhaloota haaraan bakka bu'anii waan hin jirreef hubannoon namootaa haaromsa irratti jiru addaa adda ta'uu isaa ibsa. Bo'oon $\mathbf{4}^{ffaa}$ immoo kaayyoo haaromsi qabatee imalaa jiru kan abdii namaa kennu ta'us, caasaan hooggansa mootummaa baay'een hojiitti jijjiiranii fayyadamummaa uummataa kan hin mirkaneessiin jiran ta'uu isaati.

4.1.3.2. Irra deddeebii

Irra deddeebiin haala qindaa' ina jechootaan garaagara ta'anii kanneen hiikti isaanii tokko ta'uu danda'u.

.Kunis miira gaddaa Yeroo sana itti haala miira gaddaa isaanitti dhaga'eme irraa ka'uun akka haaromsa Naannoo Oromiyaatti dallanuun birmachuu dhabnee kan jedhu ibsu .Akkasumas bo'oowwan armaan gadii lamaan irra deddeebii agarsiisu.

Fkn.. Ragaa :

296-Himaanaa uummataa akka hin nyaanne

301-Ilaa adaraa fuutan galmaan ga'aa

Itti fayyadamni afaanii bifa irra deddeebii armaan olii bo'oowwan lamaan yaaduma tokko ibsu. Bo'oon **1ffaa** "himaanaa uummataa akka hin nyaanne kan jedhu akkaataa qorannoo geggeffameen hooggantoonni haaromsa duraa himaanaa uummataa waan nyaataa turaniif hooggantoonni haaromsaa akka himaanaa utuu hin dagatiin itti gaafatamummaa isaanii akka ba'an jechuudha.Bo'oon 2ffaa "elaa adaraa fuutan galmaan ga'aa" kan jedhus yaaduma bo'oo tokkoffaa ibsa. Kanaafuu bo'oowwan lamaan armaan olii kun jechoota garaagaraan haa barreeffaman malee hooggantoonni haaromsaa itti gaafatamummaa isaanii amanamummaan akka hojjetaniif kan qeequdha. Kunis hiikti isaanii tokko waan ta'eef irra deddeebii agarsiisu.

4.1.3.3. Bamaqaaleefi walqabsiistota

Bamaqaaleefi walqabsiistonni hiika barbaachisaa ta'e dabarsuudhaaf haala isaan ittiin walitti dhufan murteessaadha. bamaqaaleefi walqabsiistonni qabiyyee kenname tokko keessatti akka hiikti isaa walqabatuufi keessatti hammatamuuf akka gargaaranidha. Bu'uuruma kanaan bamaqaaleefi walqabsiistotaan ragaalee qaaccessa dubbii haaromsa haaromsaa 2010-2011 kana keessatti hammatamanii jiran hiikkaan isaanii akka fakkeenyaatti armaan gaditti ibsamanii jiru.

Fkn.Ragaa:.219- Haaromsi haaromsaa nutti tolee jalqabbiinsaa.

221-Haaromsi haaromsa kan gadii nuu qulquleessaa.

227- Haaromsi haaromsaa nuu cimsaa tarkaanfiisaa.

223-Haaromsi haaromsaa Dr. Abiyi nuu jajjabeessaa.

114- Nu walumaan tolla

111- Diimookiraasii nu jalqabsiistee haaromsa nu gonfachiiste.

71- Ni tarkaanfachiifna waliigalleetu.

Bo'oowwan afwalaloo garaagaraa irraa haala fayyadama afaanii bamaqaaleefi walwabsiistotaan walitti dhufeenya waan qananiif haaromsa siyaasa 2010-2011 keessatti uummanni Aanaa kiiramuu fayyadamanidha.Kunis bo'oon " haaromsi haaromsaa nutti tole jalqabbiin isaa" jedhu haaromsi akka biyyaafi Federaalaatti taasifame jalqabbii gaarii qabaachuu isaa ibsa.Bo'oon **2 ffaa**

" haaromsi haaromsaa kan gadii nuu qulqulleessaa" jedhu immoo akka qorannoo keessatti ibsameen haaromsi sadarkaa godinaatii kaasee hanga Aanaatti bu'uuraan akka hingaggeeffamne ibsa.Bo'oon **3ffaa** "haaromsi haaromsaa nuu cimsaa tarkaanffiisaa jedhu" haaromsi jajjabaachuu akka qabu ibsa.Akkasums bo'oon **4ffaa** "haaromsi haaromsaa Dr. nuu jajjabeessaa" jedhu immoo sirni haaromsaa muummicha ministeeraan geggeffamaa jiru jajjabeeffamuu akka qabu ibsa. Bo'oon **5ffaa** "nuwalumaan tolla" jedhu immoo haaromsi kan galma ga'uu danda'u yoo sabaafi sablammiin hundi walii galee tarkaanfachiise ta'uu isaa agarsiisa.Bo'oon **6ffaa** "diimookiraasii nu jalqabsiistee haaromsa nu gonfachiiste" kan jedhu haaromsi akka federaalaafi Naannoo Oromiyaatti jiru sirna haaromsaa kan jajjabeessu ta'uu isaa agarsiisa. Bo'oon **7ffaa**

"ni tarkaanfachiisna waliigalleetu " jedhu immoo akka qorannicha keessatti ibsametti sadarkaa gaariitti ce'uuf huduu ida'amee tarkaanfachiisuu akka qabu ibsa

4.1.3.4. Raawwima

Raawwimni akaakuu himaa itti fayyadama seerluugaa keessaa tokkodha. Raawwimni raawwii gabaasuudha.Bu'uuruma kanaan dubbii haaromsa siyaasaa 2010 -2011 keessatti hima bifa raawwimaan ragaa qorannoo kanaan akka fakkeenyaatti argaman hiikkaan isaanii maal akka ta'e armaan gadiitti ibsamanii jiru.

Ragaa.1.-208-Haaromne haaromnee biyya haaressine.

216-Haaromne haaromnee basaastuu ariine

217-Haaromne haarome Oromoon diina waraane.

246-Haaromnee haroomne adduunyaafuu gumaachine.

230- Moonee ni moone haaromsaan biyya bulchine.

215-Haaromnee haaromnee fuulduraaf aggaamne.

Itti fayyadamni afaanii raawwii himaan qorannicha keessatti ni mul'ata. bo'oo walaloo armaan olii hiika raawwii addaa addaa dabarsa. Kunis ergaan bo'oo **1ffaa"** haaromne haaromne biyya haaressine "kan jedhu akkaataa qorannichaa keessatti ibsameen dhiibbaa addaa addaa jijjiiramaaf Oromoon taasiseen sadarkaa biyyaatti haaromsi raawwatamuu ibsa. Bo'oon **2ffaa** "haaromne haaromnee basaastuu ariine" jedhu immoo haaromsi 2010 as taasifamee warri uummata mirga isaa falmataa ture sirna haaromsa duraa jala deemuun odeeffannoo dabaa ta'e kennuun sadarkaan muudamaa turan, haaromsa 2010 hanga ammaan iddoo kan dhaban ta'uu ibsa.Hiikti bo'oo **3ffaa** "haaromnee haaromnee Oromoon diina waraane" jedhu haaromsi kan dhufe Oromoon sirna diina itti ta'ee gad isa qabaa ture meeshaa waraanaa malee jilbeeffachiisuudhaan haaromsa gonfatee akka jiru ibsa. Kana malees bo'oon 4ffa "haaromnee haaromnee addunyaafuu gumaachine**"** kan jedhu immo haaromsi akka biyyaatti 2010- taasifame kanaan jijjiiramni argame kan fakkeenyummaa gaarii qabu waan ta'eef addunyaa kan jajaa jirtu ta'uu isaati. Akkasumas bo'oon **5ffaa** "moonee ni moone haaromsaan biyya bulchine" jijiirama siyaasaa sadarkaa biyyaatti taasifameen muummeen ministeera haaromsaa Oromoo akka ta'e ibsa Kanamaalees ergaan bo'oo **6ffaa** "moonee ni moone fuulduraafuu aggaamne" kan immoo haaromsa 2010-2011 uummanni abdiin kan jiruufi garafuulduraatti hojiiwwan hedduu hujjetamuu akka dannda'amaniif karaan kan baname ta'uu ibsa.

4.1.4. Haala Itti Fayyadama Gurmaa'ina Jechootaan

Itti fayyadama afaaniin qorannoo kana keessatti jechoonni haaala barbaadamaniin waliin gurmaa'uu argamu. Kunis jechoonni haala walitti dhiyeenya xiinqooqaan ibsamuuf gargaaru. Addunyaa gurmaa'inni jechootaa kan seerluuga ijaaraniifi waallee keessatti fayyaduu danda'anidha. Kunis ijaaraminsa xiinqooqaa keessaa tokko ta'ee, ijaaraminsa gaaleefi ciroon hima keessatti akka ta'edha. Bu'uuruma kanaan ergaa barbaadamu,dubbii haaromsaa siyaasa 2010 -2011 haala ragaa keessatti ijaaraminsi jechootaa haala xiinqooqaan qorannicha keessatti mul'atan akka fakkeenyaatti armaan gadiitti ibsamaniiru.

4.1.4.1. Jechoota waliin deeman

Jechoonni waliin deeman jechoota lamaafi isaa ol ta'een haaluma galumsa isaaniitiin dubbii keessatti fayyadamna.Isaanis walitti qabaan jechootaafi hiika jechootaati. Jechoonni waliin deeman xiinxala hiikaan jechoota keessatti karaa ifa ta'eefi hin taaneen gumaacha gochuu

danda'u. Bu'uuruma kanaan qaaccessa dubbii haaromsa 2010-2011 keessatti raga qorannoon ibsamanii argaman jechootni waliin deeman akka fakkeenyaatti armaan gaditti ibsamaniiru.

Fkn.Ragaa:a.Haaromsa waliin kan deman:

321…haaromsa simachuu
323…haaromsa mormuu
.325…haaromsa gufachiisuu
327…haaromsa deeggaruu

Itti fayyadama afaanii qorannoo qaaccessa dubbii haaromsa 2010-2011 geggeeffame kana keessatti jechoota 'haaromsa' waliin deeman keessa yommuu ta'u, yaada garaagaraa ibsu. Bo'oon **1ffaa**" haaromsa simachuu" jedhu haala qorannicha keessatti ibsameen kanneen haaromsa sityaasaa 2010-2011 deeggaran kan ibsudha.Bo'oon **2ffaa** "haaromsa mormuu" jedhu immoo akkaataa qorannoo geggeeffameen haaromsa siyaasaa 2010-2011 geggeeffame keessatti kanneen faayidaan isaanii tuqamnaan haaromsa gufachiisan ibsa. Bo'oon **3ffaa** "haaromsa gufachiisuu "jedhus haala qorannoo geggeeffame keessatti ibsameen warra haaromsa morman ibsa.Bo'oon **4ffaa** "haaromsa deeggaruu" jedhu immoo kanneen haaromsi akka itti fufuuf hojiifi yaadaan tumsan ibsa.

Akkasumas gurmaa'inni jechootaa armaan gadii jechootuma waliin deeman ibsu.

Ragaa: c .Dhiibbaa waliin jechoota deeman:

333 ….dhiibbaa qeerroofi qarree
331….dhiibbaa miidiyaa
334…..dhiibbaa Ummata Oromoo
329. …dhiibbaa alaa

Itti fayyadama afaanii siyaasaa kana keessatti mul'a armaan olii hiika addaa addaa qabu.sararri 1ffaa " dhiibbaa qeerroofi qarree" kan jedhuufi sarara 3ffaa "dhiibbaa miidiyaa " kan jedhuufi sarara 4ffaa" dhiibbaa Uummata Oromoo" jedhuufi sarara 5ffaa " dhiibbaa alaa" kan jedhan hundi isaanii akkaataa qorannicha keessatti ibsamaniin jechoota ' dhiibbaa' waliin deeman ta'anii kanneen haaromsa haaromsi akka taasifamuuf gargaaraa turaniifi siyaasa 2010-2010 keessattis mulatan ta'uu ibsa.

4.1.4.2. Hiika Masoofi Faallaa

Hiikti moggoofi faallaa walitti dhufeenya jechaa kan qabanidha. walitti dhufeenyi kun garuu bifa garaagaraa qaba. Hariiroon jechootaa ittiin walitti dhufaniifi addaan ba'an keessaa muraasni: masoo, faallaa, hiikheddee, moggoo, fi wf kaasuun nidanda'ama Bu'uuruma kanaan raga qorannoo qaaccessa dubbii haaromsaan 2010 hanga ammaa keessatti argaman hiika masoofi faallaan argaman akka fakkeenyaatti armaan gadiitti ibsamaniiru. Kunis:

4.1.4.2.1. Hiika Faallaa

a. Hiika faalla sadarkeessaa

Fkn.Ragaa 1.(371) …fooyyessuu-balleessuu…

222… bareeduu –fokkisuu

(369)…gaarii- badaa…

(370)…olaanaa-gadaaanaa…

(368)…fooyya'aa-badaa…

Itti fayyadama afaanii Uummanni Aanaa kiiramuu dubbii haaromsa 2010-2011 geggeeffame keessatti itti fayyadamuun haaromsa ibsan kanneen qorannicha keessatti xiinxalaman keessaa akka fakkeenyaatti jechoota faallaa sadarkeessoo armaan olii akkaataa qorannicha keessatti ibsamaniin hiika addaa addaa qabu.Bo'oon **1^{ffaa}** "fooyyessuu-balleessuu" keessatti 'fooyyessuu' kan jedhu akkaataa qorannicha keessatti ibsameen haaromsi sadarkaa Federaalaafi Naannoo Oromiyaa jalqabbii jijjiiramaa haarosaa kan ibsu yommuu ta'u'balleessuu' kan jedhu immoo caasaan hooggansa godonaa gad jiran garuu hojii haaromsaatti hiika laachaa akka hin jirre agarsiisa. Bo'oon **2^{ffaa}** "bareeduufi fokkisuun "jedhuufi bo'oo **3^{ffaa}** "gaarii –badaa" jedhu " jedhu ,haaromsa 2010-2011 geggeeffame keessatti hojiin walfaallessu hojjetamuu isaa ibsa. Kunis yeroo mootummaan haaromsaa sadarkaa federaalaa hojii fakkeenyummaa qabu hojjechuu jalqabetti kanneen qaxxaamuraan aangoo qabachuun biyyaafisablammii irratti ilaalcha sira bittaa fe'uu barbaadan uummata nagaa goolaa, ajjeessaafi buqqisaa turan ibsa. Bo'oon **4^{ffaa}** "ol aanaa-gadaanaa" jedhuufi bo'oo **5^{ffaa}** 'fooyya'aa-badaa"jedhu immoo akkaataa qorannoo kana keessatti xiinxalameen sadarkaan hubannoofi ilaalchi haaromsa Federaalaafi Naannoo Oromiyaa irra jiru fooyya'iinsa kan qabuufi sadarkaa godinaafi isaa gadjiran immoo kan hin jijjiiramne ta'uu isaa ibsa.

b. Hiika faallaa guutuu (qaraa) : Fkn

Ragaa.1. 262- hidhaa-hiikaa
307-gaaffii-deebii
188- Kolfuu-boo'uu
51- dhiyeera –bari'eera
195-gammaduu-gadduu
294- dukkana- ifa

Itti fayyadamni afaanii Ummata Aanaa Kiiramuu haaromsa siyaasaa 2010-2011 geggeeffame keessatti bifa faallaa guutuun mul'atan keessaa akka fakkeenyaatti armaan olitti ibsaman kun akkaataa qorannicha keessatti ibsamaniin hiika addaa addaa qabu. Bo'oon **1^{ffaa}** "hidhuu-hiikuu" jedhu sirni haaromsa siyaasaa 2010-2011 hidhaa qaamaafi sammuu keessaa kan nama hikeefi sirni haaromsa duraa immoo kan siyaasaan nama hidhu ta'uu isaa agarsiisa.Bo'oon **2^{ffaa}** 'gaaffii-deebii' jedhu akkaataa qorannoo kana keessatti xiinxalameen haaromsa 2010-2011 geggeeffame keessatti gaaffiin Uummata Oromoo akka federaalaatti jiraachufi Uummanni Oromoo deebii akka barbaadu ibsa. Akkasumas bo'oon **3^{ffaa}** 'kolfuu- boo'uu" jedhu uummanni Aanaa kiiramuu haaromsa akka biyyaafi Oromiyaatti gammaduufi haaromsa godinaa kaasee hanga Aanaa jirutti immoo gammachuu kan hin qabne ta'uu ibsa.Akkasumas bo'oo **4^{ffaa}** "dhiyeera-bari'eera" jedhu akkaataa qorannicha keessatti xiinxalameen sirni haaromsa mormutti yeroon kan bira darbeefi sira haaromsa 2010-2011 immoo calaqqee diimookiraasii qabatee dhufuu isaa agarsiisa. Bo'oon **5^{ffaa}** "gammaduu-gadduu" jedhu akkaataa qorannicha keessatti ibsameen uummanni Aanaa Kiiramuu haaromsa akka biyyaafi Oyomiyaatti jiru kan hiika haaromsaa ibsuufi garri gadii akka haaromsa hin ibsine agarsiisa. Kana malees bo'oon **6^{ffaa}** "ifa dukkana" jedu akkaataa qorannicha keesstti ibsameen hojiin sirna haaromsa sadarkaa federaalaa jalqabbii iftoomina kan qabuufi hojiin warra haaromsa mormuu iftoomina kan hin qabne ta'uu ibsa.

C.Faallaa waliin alaa:

Akkaataa qorannoo kana keessatti xiinxalameen jechoonni faallaa waliin alaa hedduu yoo ta'an iyyu akka fakkeenyaatti kanneen armaan gadii ibsamaniiru.

Ragaa 1.250…qeerroo-qarree…
295…barsiisaa-barataa…
360…aabboo-aayyoo…
362….jaarsa jaartii…

Fayyadamni afaanii kun haaromsa siyaasa 2010-2011 geggeeffame kssaatti kan mul'atu yoo ta'u yaada addaa addaa ibsa. Sarara 1ffaa "qeerroofi qarree" jedhu warra adda dureedhaan haaromsi akka dhufuuf aarsaa of taasisaa turan ibsa.kana malees sarara "barsiisaafi barataa" jedhuufi sarara 3ffaa" aabboofi aayyoon "jedhuufi sarara 4ffaa 'jaarsaafi jaartii" jedhu jechoota faallaa waliin alaa haaromsi siyaasa 2010 akka dhufuu kanneen gumaachaa turan ta'uu ibsa.

D.Faallaa kallattii: Fkn.

Ragaa.1.(212)…bahaa-lixaa…
(213)…gubbaa-goodaa…
(365)…gara olii-gara gadii…
(366)…kaabaa kibbaa…

Haalli itti fayyadama gurmaa'ina jechootaa faallaa kallattii armaan olii kan qorannicha keessatti argaman keessaa akka fakkeenyaatti kan fudhataman yommuu ta'u, akkaataa qaaccessa qorannichaan akka barbaachisummaa isaaniitti ibsamaniiru .sararri gaalee **1ffaa** "bahaa-lixaa" jedhu fi sararri gaalee **4ffaa** " kaabaa- kibbaa" jedhu qorannicha keessatti Oromoon haaromsi 2010-ammaa akka ta'uuf kan tokkummaan waliin ta'ee qabsaa'aa ture ta'uu isaati. Sararri gaalee **2ffaa** "gubbaa goodaa" jedhu 'gubbaa' kan jedhu haaromsa sadarkaa biyyaafi Oromiyaa ibsa. 'Gadii' kan jedhu immoo haaromsa godinaa kaasee haga Aanaa jiru ibsa.Akkasumas sarara gaalee **3ffaa"** gara olii" jedhu akkaataa qorannicha keessatti ibsamaniin haaromsi sadarkaa Federaalaafi Naannoo kan ibsudha.

4.1.4.2.2. Hiika masoo:

a. Masoo loogaa –Jechoonni moggaasa garaagaraan hiika tokko kennanidha.

Itti fayyadamni gurmaa'ina jechootaa armaan gadii kun qorannicha keessaa kan akka fakkeeynaatti fudhataman yommuu ta'u qorannicha keessatti jechoonni moggaasa addaa adda hiikaan tokko ta'an akka fakkeenyaatti kan fudhatamanidha.

Fkn. Ragaa-102-ba'eessa-baroo, gaarii, misha, dansa

(361)…qaaccessa- xiinxala

(364)…yaaxxina-yaadiddama, dayeessa

Itti fayyadamni gurmaa'ina jechootaa kana yoo xiinxalle, lakk.102, "ba'eessa, baroo, gaarii, misha, dansa" jedhan jechoonni shaman isaanii moggaasaan garaagarummaa qabu .Haata'u malee hiikkaan isaanii garuu tokkodha.Akkasumas lakk.361, "qaaccessa-xiinxala" kan jedhan yoo ilaalle moggaasaan garaarara.Ta'us garuu hiikaan isaanii immoo tokkumadha. Kana malees lakk.364, "yaaxxina, yaadiddama, dayeessa" kan jedhan jechoonni sadan isaanii moggaasaan garaagara hiikkaan isaanii garuu addummaa akka hin qabnedha.

b. Masoo Fayyadama

- ✓ Masoon kun immoo kan uumamu yeroo yaadrimee tokko itti fayyadama keessatti hiika garaagaraan ibsamanidha. Gurmaa'ina jechootaa kanneen akkasii hiikti isaanii galumsaa irratti hundaa'a. Kan qorannicha keessatti argaman akka fakkeenyaatti yoo ilaalle akka armaan gadiitti ibsamaniiru.
- ✓ Fkn.Ragaa -90-qulqulleessaa-qoradhaa,haraa, haaressaa,

359- Seenaa-waan darbe
-alaa olgalaa
(363)…dhugaa-haqa,
-liqimsuu

Gurmaa'inni jechootaa kanneen lakk.90," qulqulleessaa,qoradhaa, haaressaa, haraa" jedhan jechoonni arfan kun yoo ilaalle, jechuma tokkotu hiika garaa garaa kan kenu ta'uu isaa ibsa.Akkasumas "seenaa" kan jedhu hiika waan raawwatamee darbe, alaa gara manaatti galuuykn ol lixuu ibsa. Kana malees jechi "dhugaa" jedhu jechaan tokko yoo ta'eyyu sagalee ol kaasuufi gadi buusuutiin hiikti isaa kan jijjiiramu ta'uu isaati.Kunis dhugaa jettaa yaada jedhuufi waanta qoonqootti dhugan waan dhangalaa ta'uu ibsa.Walumaa galartti jechoonni masoo fayyadamaa bakk fi akkaa fayyadama xiinqooqaa fi xiin qooqa hawaasaan irrattii hundaa'ee hiikti kan itti kennamu ta'uu isaa agarsiisa.

4.1.4.3. Hiika heddee- Jechoota hiika lamaafi isaa ol qabanidha. Qorannoo geggeeffame kana keessatti jechoonni hiika lamaafi isaa ol qaban keessaa akka fakkeenyaatti armaan gaditti ibsameera.

Fkn.Ragaa.(171)…ija-bu'aa, firii, agartuu
(38)….Kufuu –fudhatama dhabuu, lafadhahuu, dadhabuu

Hiikti heddeen itti fayyadama jechootaa jechumti tokko hiika hedduu qabaatudha.Kunis lakk.171, “ija, bu’aa, firii, agartuu” jedhan jechoota arfan kana yoo xiinxalle moggaasaan gargari hiikaanis galumsa irratti hundaa’uun hiika lamaa olii akka qabu hubanna. Akkasumas jacha lakk.38. “kufuu, fudhatama dhabuu, dadhabuu” kan jedhan yoo ilaalle moggaasa jechaan garaagara, hiikaanis addaa adda ta’uus tokko ta’uus kanneen danda’anidha.Kunis haala galumsaa kan bu’uureffatanidha.

4.1.5. Hololoo Haaromsa Siyaasa Bara 2010 Hanga 2011 Geggeeffame Irratti

Hololoon yaada akka afwalaloo bifa miira muuziqaa qabuun dubbatama osoo hin ta’iin haala ergaa dabarsuu danda’uun bifuma tartiiba yaadaan kan dubbatamee ibsamudha. Okpewho (1997:78) hololoo yoo ibsu, “seeneffamni hololoo yaada dhangala’aa tartiiba gochaa qabatee yoomessaan ibsamudha, “jedha. Yaada kana irra waanti hubatamu hololoon qindaa’ina dubbii hiika barbaachisaa ta’e kan dabarsuu fi bifa keeyyataan barreeffamuu kan danda’u ta’uu isaati .Bu’uuruma kanaan ragaan qorannoo kanaa bifa hololoon iddaattoo dhugeessitoota qorannichaa irraa argamee kan haaromsa siyaasaa armaan gaditti qaacceffameera.

4.1.5.1. Haaromsa Siyaasaan

Haaromsi siyaasa Itoophiyaa bu’aa ba’ii hedduu keessa darbee iddoo amma jiru ga’ee jira**.** Haaromsa 2010 hanga ammaa akka biyyaatti geggeeffame bifa hololon akka armaan gadiitti qaacceffamee jira.

Afgaaffii qorannoo ‘haaromsa siyaasa bara 2010-ammaa akka biyyaatti jiru Akkamiin ibsitu’ jedhu obbo Kabbadee Dassaaloo (ganda kiiramuu 01) waliin taasifameen haaromsa jedhuun kun jijjiirama jechuu akka ta’e ibsu. Haaromsa siyaasaa jechuun immoo Mootummaan tokko keessoo hojii isaa fooyyessuu jechuu akka ta’e ibsu. Kana jechuun mootummaan biyya bulchu rakkoofi sirna duraan ture haala barbaachisummaa isaan fooyyessuu jechuudha. Kunis gama siyaasaan, diinagdeen, walitti dhufeenya hawaasummaa biyyoota addaa addaaniifi k.k.f.fooyya’iinsa argamsiisuu jechuudha. Haaluma kanaan yaaduma olii obbo Fiqaaduu Hundee (kiiramuu 01) kanaan qaanqeen qabsoo Mootummaam Naannoo Oromiyaa gaaffii Uummata Oromoo dhaggeeffachuudhaan Uummata Oromoo biraa caalaatti maddee finiinee aarsaa guddaan sabaafi sablammii biyyaa waliin ta’uun Haaromsi sadarkaa biyyaafi naannootti ta’e kan abdii namaaf

kennudha. Haaromsa bara 2010-ammaa kan fide immoo dhiibbaa biyya keessaafi alaan taasifameenidha.

Dhiibbaan biyya keessaa qeerroofi qarree, hayyoota qabsaa'an, Perzedaantii mootummaa Naannoo Oromiyaa kan ture obbo lammaa Magarsaa, Uummata Oromoo warra quuqama lammiifi biyya isaanii qaban kana malees sabaafi sablammii Itoophiyaa akka ta'edha. Dhiibbaan biyya alaa immoo namoota Oromoo ta'anii quuqama lammii qabaatanii biyya alaa jiraatan kanneen akka Jawaar Mohaamed fi kanneen biroo, akkasumas Dhaabbata mirga dhala namaa,miidiyaalee hawaasaa fikanneen kaan Haaromsichaaf kanneen gahee ol aanaa akka taphatan ibsu. Haaluma kanaan Haaromsa bara 2010-2011 sadarkaa biyyaatii hanga gandaatti jiru maal akka fakkaatu raga kennitoonni qorannichaa bifa walaloo, faaruu, tabaalliifi hololoon ibsan waallee dubbiin boqonnaa kana keessatti qaaccefamaniiru.

Kana malees dhaabbilee mirga namoomaa biyya alaa jiran mirgi uumamaafi diimookiraasii biyya Itoophiyaa keessatti akka cabe ibsan akka ta'e ibsu. Kunis odeeffannoo qulqulluufi haqa ta'e yeroo yeroon Uummata Oromoo, sabaafi sablammii biyya keessaafi biyya alaa hundatti beeksisuun gahee guddaa taphataniiru.

Haaromsi akka dhufuuf Yeroo qabsoo ciniinsuu ture keessatti, yommuu Muummicha Ministeeraa yerosii Obbo Hayilemaariyaam Dassaalenyi qabsoo hadhaa'aafi murannoo yerichaa irraan kan ka'e bulchuu dadhabuun xalayaa aangoo gadlakkisuu yommuu galchatetti tooftaa obbo Lammaan garee isaa waliin waliigalanii Dr. Abiyi Ayimediin ofduratti dabarsanii aangoo kennuun muudanii akka isaan biyya bulchuuf filatamaniif shoora isaan taphatan guddaadha. Kunis Uummata Oromoo boquu ol qabachiisuufi sabaafi sablammii Itoophiyaa bilisoomsuuf taasisan oolmaa isa guddaafi seenaa boonsaafi yoomuu hin dagatamnedha. Adeemsa kana keessatti Naannoon Amaaraa Haaromsi akka taasifamuuf Naannoo Oromiyaatti aananii kan qabsaa'uun sirna gabroonfataa of irraa cabsuuf kan tumsanidha. Sababiin isaa qabsoo qeerroofi qarreenis ta'e yommuu Dr. Abiyi yeroo jalqabaaf filatamu sagalee guutuu (45) kennuudhaan baay'ee tumsaniiru.Naannoon Uummatoota kibbaa sagalee 18 Dr. Abiyiif kennuun kan deeggaran yommuu ta'u, Naannoon Tigiraay immoo haaromsichi akka hin taaneef sagalee tokko illee yommuu hin laatiin hafan akka isaan haaromsicha morman ifa akka godhe ibsu.

Yaada armaan olii irraa waanti hubatamu haarmsitoonni haaromsaa akka biyyaatti qaama garaa garaa akka ta'aniifi gahee addaa addaa akka taphatan hubanna. Kunis akka qoranichaan dhugoometti, adda dureetiin haaromsaaf gahee olaanaa kan taphate akka naannootti naannoo Oromiyaa akka ta'edha. Kunis gaaffiifi qabsoo uummataa dhaggaaffachuun kan duraan haalli isaan hoogganaa ture "Murni xiqqaan iddoo barbaade oolchee nu bulchaa ture tokkummaan human walii taanee walitti gurmaa'uu qabna" jechuun waltajjii irratti dubbachuun Uummata Oromoo jajjabeessuun tiimii isaaniifi Uummata Oromoo waliin qabsaa'uun haalicha cabsuun hoogganuu danda'aniiru. Kanneen naannolee kaan irra tumsan immoo naannoo Amaaraa akka ta'anidha. Kunis geggeessitoonni naannichaa yerosii "tiim Lammaa" jedhamuun kan beekamanii fi uummata isaanii waliin kan gumaachan ta'uu isaaniiti. Kana malees yeroo filannoo haaromsaa Bitootessa 18/7/2010 geggeefametti miseensa mana maree kan ta'an afurtamii shaman isaanii sagalee guutuu kennuun deeggaraniiru. Naannoon Gambeellaas sagalee 45 keessaa 18 kennuun tumsaniiru. Haata'u malee guyyaa gaafa Sanaa naannoon Tigiraay sagalee tokkoyyu hin laatiin hafuun haaromsicha akka hin feene ifa godhaniiru. Biyyoota alaa keessaa immoo dhaabbataafi namoota oromoo ta'anii biyya hanbaa jiraatan kanneen akka obbo Jowaar Mohaamed turan.

Kana malees biyya Itoophiyaafi Eertiraa waggoota 20 oliif wallolaa turan walitti araarseera. Kana malees hariiroo biyyoota alaa ollaa jiran deemuudhaan walitti dhufeenya cimsateera. Dubaayitti namoota biyya Itoophiyaa ta'anii achitti hidhaman hedduu hiikeera. Kanaafuu hojiiwwan gaggaarii hedduu gama siyaasaan akka jijjiireeretu ibsme.

Yaada armaan olii irraa waanta nuti hubannu haaromsi gama siyaasaatiin taasifane mirga uumamaafi diimookiraasiidha. Kunis gama mirga uumamaatiin namni kamiyyu mirga lubbuun jiraachuu akka qabutu fooyya'e.Kun immoo namni yoo maal raawwateyyu du'uu akka hin qabnedha. Gama mirga diimookiraasiitiin immoo namni mirga siyaasa mormuu, deeggaruu, gurmaa'uu iddoo barbaade biyya isaa keessa jiraachuu, miidiyaa barbaade dhaggeeffachuu, mirga filuu, filatamuu, tarsiimoo siyaasaa fedhe karaa heeraafi seeraan diriirfachuun biyya isaa keessatti dorgomuun kan biyya ijaaru hojjechuufi yakka osoo hin dalagiin hidhamuu hanbisuu isaatu ibsame. Kanneen Kana malees biyyoota wallolan walitti araarsuuun ijaarsa gama nageenyaan gochuun haaromsa iyaasa biyyichaaf shoora olaanaa qabaachuu isaati.

4.1.5.2 .Haaromsa siyaasaa Keessatti Gama Diinagdeen

Qorannoo geggeeffameen haaromsa siyaasa 2010-ammaa geggeeffame keessatti ka'umsi haaromsa diinagdee akka jiru bira ga'ameera.Fakkeenyaaf gaaffii qorannoo haaromsa bara 2010-ammaa haaromsi gama diinagdeetiin argame maal akka ta'e obbo Fiqaaduu Hundee (ganda Kiiramuu 01) waliin adeemsifameen biyyi keenya Haaromsa dura rakkoo diinagdee cimaa keessa akka turte ibsu. Kunis hojiin gama diinagdeetiin hojjetame baay'ee yoo ta'uudhaa baate illee ka'umsi jiru gaariidha.Fkn Dhaabbatni "Meetek"mootummaaf tajaajilaa jirra jedhanii waanta isaan hojjetan kan nama qaanessudha. Kunis gara tajaajila dhuunfaatti naanneffachuun kiraasassaabdummaa isaan karaa xayyaaraafi dooniin diinagdee biyyaa miidhaa turan karaa seeraa qorannoo haaromsaan bira ga'amee to'annoo seeraa jala oolan akka fakkeenyaatti ka'a. Kana malees hordoffii haaromsaan baatii sadeetteffaa bara kuma lamaafi kudha tokko keessa namoonni aangoo olaanaa qaban hojii bittaa meeshaalee addaa addaafi biroo seeraa alummaan raawwachuun diinagdee biyyaa miidhan namoonni afutamii sagal to'annoo seeraa jala oolan akka fakkeenyaatti kaasuun nidanda'ama. Kunis seeraa alummaan qarshii mootommaa waliigalatti miliyoona 71 kan miidhan akka ture ibsu.

Biyyoonni olla ta'anii waliif nagaafi jaalala dhabuun yommuu baajeta waraana irratti baasan diinagdee irratti dhiibbaa taasisa.Yommuu araaramanii kallattii hundaan waliin hojjetan diinagdee biyyaa guddisa. Fkn Dr. Abiyi yommuu Itoophiyaafi Eertiraa waggoota 20 0l wallolanii turan walitti araarsuun daandiin Nitsuwwaa cufamee ture bansiisuun sabaafi sablammiin walkeessa deemuun daandii hojii ta'uun misoomaaf gumaachaa jira.Kanamalees Dr. Abiyi Ahimed hooggansa Haaromsaan biyyoota alaa kanneen akka Jaarmanii , indii,Amerikaafik.k.f.deemuu dhaan walitti dhufeenya cimsachuudhaan fandii deeggaruudhaaf waadaa galaniiru deeggaraas jiru.Kunis biyyoonni anbaa illee Itoophiyaa bukkee dhaabbatanii akka diinagdeen guddisaniif gargaara.

Yaada armaan olii irraa waanti hubatamu namoonni baajata biyyaa seeraa alummaan hojii irra oolchan hordofamuun to'annoo seeraa jala oolan namoonni hojii kiraasassaabdummaa addaa addaa keessa jiran gara fuulduraatti irraa ofqusachuudhaan diinagdeen biyyaa akka guddatu taasisa. Kana malees biyyoonni olla ta'anii wallolanii qarshii itti dhangalaasan irraa yoo ofqusatan guddina diinagdee biyya keenyaaf baay'ee barbaachisaa ta'uu isaati. Akkasumas biyyoonni Afrikaa olla ta'aniifi biyyoonni anbaa biroo jaalalaafi nagaan yoo waliin hojjetan

guddina diinagdeetiif shoora ol aanaa taphachuu isaati. Kanaafuu jalqabbiin Hooromsaa gama diinagdeetiin jiruus jajjabeessa ta'uu isaati. Biyyi Chaayinaa liqii qarshii biliyoonaan lakkaa'amu Itoophiyaa irraa qabdu irraa hir'isuun suuta suuta akka kaffaltu ta'eera. Walumaagalatti waliigalteen biyyoota olla waliin jiru biyyi keenya diinagdeen akka guddatttuuf kan haalli mijataan jiru ta'uu ibsame.

4.1.5.3. Haaromsa Siyaasaa keessatti Gama Hawaasummaatiin

Qorannoo geggeeffameen haaromsa siyaasa akka biyyaatti 2010- ammaa geggeeffameen jalqabbiin haaromsaa gama hawaasummaan mul'atu akka jiru hubatameera. Akka ragaaleen qorannoo kanaa mirkaneessetti haaromsa siyaasaa akka biyyaatti gaggeeffameen haaromsi gama hawaasummaatiin argame jira. Adeemsa hojii qorannoo afgaaffii haaromsi gama hawaasummaan akka biyyaatti taasifame akkamiin ibsitu? Jedhuun obbo Kabbadee Dassaaloo (ganda kiiramuu 01) waliin taasifameen akka armaan gadiitti ibsu. Haaromsi akka biyyaatti jiru kuun hawaasummaa gaarii uumuu danda'eera. Kunis biyyi keenya waggaa 27 guutuu qabsoo ciniinsuu haaromsaa keessa waan turteef sabaafi sablammiin yuunversiitii keessatti, naannolee jiran keessatti,lafa gabaatti,ollaatti ija hamtuu wal ilaalaa akka turantu ibsame. Kana malees biyyi nagaa waan dhabaa turteef waliif nagaa kennaa hin turre. Haaromsi akka biyyaatti jiru kuun biyya tasgabeessaa waan deemuuf hawaasummaan gaariin jalqabeera. Namni waliin jiraachuuf shaakalaa jira. Nagaan waliin hojjechuu jalqabeera. Sababiin isaa haaromsa 2010 as walitti dhufeenyi namoota biyya keessaafi biyya alaa gaariin jalqabiira.

Kun immoo hariiroo hawaasummaa gaarii uumaa jira. Hojiin daldalaas biyyoota gidduutti akka cimu ta'aa jira fakkeenyaaf biyya keenyaafi Eertiraa Dr. Abiyyi walitti araarsuun nistuwwaa iddoon jedhamu cufatee biyyi lameen kun kan wallolaa turan yeroo ammaa kana nistuwwaan banamuun jaalalaan waliin daldaluu eegalaniiru. Akkasumas waldhabdeen naannoo amantaa musiliimaa gidduutti uumamee ture Dr. Abiyyi haaromsa kanaan walitti araarsuun nagaa, jaalalaafi tokkummaa ijaaruun hawaasummaanis haareffamuun gama kanaanis jalqabbiin jiru gaariidha. Namoonni faayidaan isaanii jalaa tuqame tokko tokko caalaatti naannoo Oromiyaa miidhuufi naannoolee biroos jeequun sabaafisablammii walitti naqan yoo jiraatan iyyu , Naannoon Oromiyaa garuu adda dureetiin qabsaa'ee, gatii qaalii itti kaffalee waan jiruuf sabaafi sablammii hin mine. Karaa bulchiinsaa haaromsaa muummicha ministeeraas kallattiin walitti dhufeenyaa hojii irra jiru garuu abdii namatti horuun jajjabeessaa akka ta'e ibsu.

Walumaa galatti yaada armaan olii irraa waanti hubatamu haaromsa akka biyya Itoophiyaatti taasifame biyyoonni anbaa deeggaruudhaan addunyaan baay'ee kan ajaa' ibsiifachaa jirtuufi haalli hariiroo biyyoota kanneeniifi keessaa kallattiin kaa'amee jiru gaarii ta'uudha. Kunis namoonni faayidaan isaanii jalaa tuqame tokko tokko irra caalaa Oromiyaa dirree jeequmsaa gochuun ,naannolee biroos jeequun Haaromsa dadhabsiisuuf sabaafi sablammii walitti kan naqan, kan buqqisan yoo jiraataniyyu, Oromiyaan adda dureedhaan Haaromsaaf qabsooftee gatii qaalii kaffaltee waan jirtuuf, sabaafi sablammii Oromiyaa keessa jiru Oromoon hin mine. Oromootiin garuu naannoo addaa addaa irraa buqqisaniiru. Obsuudhaan Oromoon garuu Waliin hojjetee waliin nyaatee dhugee jiraachaa jira.Walumaagalatti kallattiin hawaasummaa gaarii ta'aa jira. Haaromsa tarkaanfachiisuuf uummanni Oromoo marii beeka waan ta'eef mar'achuun barbaachisaa akka ta'e obbo Kabbadeen ibsan.

Akkasumsa haaromsi argame qabeenya uummataa kanaa waan ta'eef ammas tokkummaan tarkaanfachiisuuf walmari'achuufi waldhaggeeffachuun barbaachisaa akka ta'edha. Adeemsa qabsoo haaromsaa kana keessattis Uummanni Oromoo mirga isaa falmachuu malee saba biraa kan hin miineefi hidhiibne ta'uu ibsa. Knis uummanni kun durii kaasee yommuu gaachanaafi eeboon lolaa tures kan booji'e illee ofitti dabalee oromeessa, kaan immoo guddifachuun akka hammachuu beeku ta'uu hubachiisa. Kanaafuu haaromsi kun akka lafa qabatee miilla jabeeffatee dhaabatuuf, biiftuu baateefi ifa argame akka hin banneefi miidhamni kaleessaa hundeen akka buqqa'uuf tumsuun Uummanni Oromoo Itoophiyaarra darbee Afiriikaaf seenaa gaarii galmeessuun barbaachisaa akka ta'e obbo kabbadeen ibsan.

4.2. Qaaccessa Ergaa Ragaalee Waallee Dubbii Haaromsa Siyaasa 2010-2011

Qabxii kana jalatti kaayyoo qorannichaa deebisuudhaaf qaaccessa ergaa ragaalee dubbii haaromsaa akka biyyaatti geggeeffame ibsaniifi akka Naannoo Oromiyaatti geggeeffame ibsan ergaa isaan dabarsantu tokko tokkoon dhiyaata. Kunis ergaan isaanii armaan gaditti dhiyaatanii ibsamanii qaacceffamaniiru.

4.2.1. Faaruu Haaromsa Akka Biyyaatti Taasifame Irratti jijijjiirama argame Ibsu

Haaromsi akka biyyaatti bara 2010 hanga 2011 taasifameen jijjiiramni baay'een akka biyyaatti kan ta'eefi haalli gara fuulduraatti jiru abdachiisaa ta'uu isaa ragaa kennitoonni qorannichaa marii garee xiyyeeffnnoo qeerroo (ganda Baabboo) waliin taasifameen jijjiirama argame ni ibsu.

Kunis egra Muummichi Ministeeraa Dr. Abiyi Ayimed gara aangootti dhufanii hojiwwan boonsaan hojjetamuu eegaluu isaa ergaa bifa faaruutiin yommuu ibsan akka armaan gadiitti taa'a.

Fkn.a. Hoo baala baddeessaa haaromnee sitti odeessa
Hoo baala baddeessa Dr.Abiyyiin arganne gaaddisa
Hoo baala baddeessa hidhaa keessaa nama hiikaa
Hoo baala baddeessaa biyya wallole walitti araarsa
Hoo baala baddeessa kan ammaa jaalala hundeessa
Hoo baala badeessa abdanneerra booriisaa (2)
Hoo baala baddeessaa hattuu biyyaa ni gidirsa
Hoo baala baddeessaa addunyaatu isa leelisaa
Hoo baala baddeessa haaromsaa jajjabeessaa (2
Hoo baala baddeessaa argateera deeggarsaa
Hoo baala baddeessaa dimookiraasii ni mul'isa
Hoo baala baddeessa dirree siyaasaa ni bal'isa
Hoo baala baddeessaa eenyu hojjete ammasaa
Hoo baala baddeessa akka har'aa miti kaleessa
Hoo baala baddeessaa haaromsaa jajjabeessaa (2)

Afwalaloo armaan olii irraa ergaan hubatamu haaromsi 2010-2011 akka biyyaatti taasifame kan nama jajjabeessuufi jijjiiramni haamilee namaa kennu akka jirudha. Fkn.faaruu afwalaloo bo'oo **3ffaa** "hoo baala baddeessaa hidhaa keessaa nama hiika" kan jedhu ergaan isaa namni siyaasaan kan haaromsa dura hidhamaa tere haaromsaan hiikamuufi qalbiinis hiikamuu ibsa. Bo'oon **4ffaa** "hoo baala baddeessa biyya wallole walitti araarsa" kan jedhu immoo muummichi ministeera haaromsaa biyya Eetiraa waggaa 20 oli Itoophiyaa waliin wallolte walitti araasuun nagaan bu'uu ibsa. Bo'oon **5ffaa** " hoo baala baddeessaa kan ammaa jaalala hundeessaa" kan jedhu ergaan isaa mootummaan haaromsaa sadarkaa Federaalaa jecha " ida'amuu" jedhu lallabuudhaan kan jaalala labsu ta'uu isaa ibsa. Bo'oon **6ffaa** "hoo baala baddeessa abdanneerra booruusaa" jedhu yoo xiinxalle, ergaan isaa ka'umsi jiru gaarii ta'uufi kun irra caalaatti Uummata Oromoof injifannoo qabsoo jaarraafi walakkaa akka ta'eedha.

Kanamalees faaruu afwalaloo bo'oo **2ffaa"** hoo baala baddeessa Dr.Abiyyii arganneerra gaaddisa" jedhu yoo xiinxalle ergaan isaa haaromsi kan aarsaan dhufeefi boqonnaa haaraa akka ta'e ibsa. Kunis Oromoon akka kanaan duraa haaromsa duraa miidhamuufi hacuuccaan hafee jalaa ba'uu isaa ibsa.Akkasumas bo'oo faaruu **8ffaa** " hoo baala baddeessaa addunyaatuu isa leellisa" jedhufi

bo'oo afwalaloo faaruu**13**[ffaa] "hoo baalabaddeessa eenyu hojjete ammasaa" jedhu yoo xiinxalle ergaan isaa muummichi ministeeraa yeroo ammaa kuun jijjiirama addaa addaa kan fide ta'uu isaati. Bo'oo **12**[ffaa] "hoo baala baddeessa dirree siyaasaa ni bal'isa "kan jedhu ergaan isaa namni kamiyyu karaa heerriifi seerri heyyamuu siyaasa barbaade deeggaruu akka danda'u ibsa. Jijjiiramoonni kunis jaalalaan, walqixxummaafi walitti ida'amuun biyyaaf hojjechuuf kan lallabu, hidhamtoota addaa addaa hiikuu, biyya Itoophiyaafi Eertiraa walitti araarsuun seeraafi heera biyyatii hojiirra hin ooliin turan hojiirra oolchuun dirree siyaasaa bal'isee diimookiraasii dhugaa mul'isuuf kan hojjetu ta'uun hojiiwwan isaan hojjetaa jiran jajjabeessaa ta'uu isaa nu hubachiisa. Kanaafuu Dr. Abiyyiin Itoophiyaa keessatti geggeessaa jijjiiramaa jalqabaa ta'uun Uummanni Oromoo hundi kan deeggaru ta'uun sabaafi sablammiin hundi deeggaruu akka qabu irraa hubachuun nidanda'ama.

Faaruun kun bo'oo afwalaloo sagal kan qabu yommuu ta'u, tokkoon tokkoo bo'oowwan faaruu afwalaloo kanaa kan hariiroo waldeeggaruu ergaa jijjiramni jiraachuu dabarsani dha. Kunis haaromsa kan jajjabeessaniifi hajiiwwan haaromsaan argaman akka ka'umsaatti kan ibsudha.Bo'oowwan kun tokkoon tokkoo isaanii ciroo hirkataa" hoo baala baddeessaa "jedhu kan qaban yoo ta'u, ce'umsa faaruu waliigalaa "hoo baala baddeessaa haaromsaa jajjabeessa" kan jedhu qabu. Kana malees bo'oon faaruuafwalaloo tokkoon tokkoo isaanii ciroo of danda'aa mataa mataa isaanii kan qabanidha. Fkn.a. bo'oo **1**[ffaa] "haa baala badeessaa haaromnee sitti odeessaa" jedhu yoo ilaalle, ciroo of danda'aa fi hikataa tokko qaba. Kunis jijjiirama argame kan ibsudha.Tokkoon tokkoo faaruu afwalaloowwanii ergaa jijjiirama jiruu mataa mataa isaanii qabaachuuibsa.Waliigalatti faarichi haaromsa akka biyyaatti ta'e gammachuu jiru kna ibsu dha. Haaromsi 2010 –ammaa geggeeffame kun bu'aa qabsoo Uummata Oromoo akka ta'e qorannoo kanaan bira ga'ameera. Kunis haaromsi akka biyyaatti taasifame kun bu'aba'ii hedduu keessa darbuudhaan iddoo kana ga'e. Haaluma kanaan akka gaaffii qoranoo haaromsa siyaasa 2010-ammaa maaltu fide? haaromsaan immoo jijjiirama maaltu dhufe jedhuu qorannoo adeemsifameen ragaan qorannoo marii gareetiin argame ibsutti irra caalaatti haaromsa kanaaf aarsaa guddaa kan kaffale Oromoo ta'uu ibsuun, akka uummata oromootti injifannoo argametti gammaduudhaan jijjiiramicha bifa faaruutiin ibsu.

4.2.2. Faaruu Haaromsi Akka Biyyaatti Taasifame Diimookiraasiin Sirna Gadaa Irraa Akka Dhufe Agarsiisu ibsu

Haaluma wal fakkaatuun gaaffii qorannoo marii garee xiyyeeffannoon haaomsa maaltu fide? Haaromsaan immooo jijjiirama maaltu argame jedhu qeerroowwan (ganda Baabboo) waliin taasifameen Oromoon durii kaasee sirna gadaan bulaa akka tureefi addunyaafuu gumaachuu isaatu ibsame.Kana malees sabaafi sab lammiin qabsaa'uun haaromsi dhufus adda dureetii akka uummatni Oromoo qabsaa'etu himame; haaromsa kanaanis jijjiirama kallattii addaa addaan akka argame ibsu. Haata'u malee warri Oromoo jibbanii Oromiyaa saamuuf ifaajan haaromsa duraafibooda oromoofi oromiyaa dirree lolaafi jeequmsaa godhachuudhaan Oromoon biyya bulchuu hin danda'u jechuun maqaa Oromoo cilee dibuuf hojjetu. Ta'us Oromoon diimookiraasiifi haqaan waan bulaa tureef diimookiraasii dhugaa fiduudhaaf tokkummaadhaan adda dureen qabsaa'uun injifannoo gonfatee akka biyya bulchuu danda'u mirkaneessuun addunyaan dhugaa ba'aafii akka jirtu ibsu. Kana bifa faaruutiin yommuu ibsan akka armaan gadiiti.

Fkn.a. Dimokiraasiin (2) duruu keenya ittiin buluu duruu beekna
Dimookiraasiin duruu keenya maddi gadaa keenya
Dimookiraasiin duruu keenya qeerroofi qarree keenya
Dimookiraasiin keenya Haaromsi tokkummaa keenya
Dimookiraasiin duruu keenya Odaa jalatti walgeenya
Diimookiraasiin duruu keenya walmari'anna keenya.
Diimookiraasiin duruu keenya ijoollee oromoo keenya
Dimookiraasiin duruu keenya tabba jiksne keenyaa
Diimookiraasiin duruu keenya aarsaa kaffalle keenya
Dimookiraasiin duruu keenya miilla jabeessi keenya
Diimookiraasiin duruu keenya hunda haaressi keenya.
Diimookiraasiin keenya qabsoon walakkaadha keenya.

Ergaan afwalaloo faaruu armaan olii irraa hubatamu haaromsi 2010 hanga ammaa taasifameef ka'umsi diimookiraasii sirna gadaa irraa akka dhufeefi haaromsi taasifame gola hunda hin galle. Fkn. bo'oo faruu afwalaloo **10^{ffaa}**"dimookiraasiin duruu keenya miilla jabeessi keenya" kan jedhu ergaan isaa haaromsi jalqabbiirra waan jiruuf tarkaanfachuu akka qabu hubachiisa. Kana malees haaromsi kun kan dhufe aarsaan guddaan kaffalamuudhaan ta'uufi Uummanni Oromaa diimookiraasiin buluu sirna gadaa irraa baratee waan beekuuf sana barbaaduun haaromsa akka

fide hubana. Fkn. bo'oo **2ffaa"** dimookiraasiin duruu keenya gadaa maddi keenya" jedhu kanuma ibsa. Afwalaloon kunis bo'oowwan isaanii ciroo of danda'aa lama lama kan qaban ta'ee warri faaruu sana jalaa qaban "diimookiraasiin duruu keenya"jechuun jalaa qabu. Af walaloo faaruu fkn.a. kun buufata lama qaba. Bo'oowwan afwalaloowwanii kunis baay'een isaanii birsagni isaanii naannoo tokko waan ta'eef hiriyyummaa walii kan qabanidha. Akkasumas bo'oon kanneen yaadaan kan wal tumsanidha. Fkn.a. bo'oo afwalaloo faaruu **1ffaa** " diimookiraasiin duruu keenya ittiin buluu duruu beekna" kan jedhu ergaan isaa diimoo kiraasiin sirna gadaa irraaakka dhufe ibsa.

Kan itti aanu fkn.a. bo'oo walaloo **3ffaa** "diimookiraasiin duruu keenya qeerroofi qarree keenya" jedhu yoo ilaalle ciroo of danda'aa lamaan kan barreeffame kan kun ergaan isaa haaromsi kan ta'e gaaffii diimookiraasii deebisuuf akka ta'eefi qeerroofi qarreen haaromsa 2010 hanga ammaa keessatti shoora olaanaa akka qabanidha. Diimookiraasiin immoo sirna gadaa irraa akka dhufe ergaa dabarsa. Bu'uuruma kanaa bo'oowwan kanneen jiran kan waliin hiriiranii jiranidha. Akkasumas bo'ooma walaloo**5ffaa** "diimookiraasiin duruu keenya odaa jalatti walgeenya" jedhu yoo xiinxalle haaromsa argame tarkaanfachiisuuf uummanni Oromoo marii beeka waan ta'eef mar'achuun barbaachisaa akka ta'e hubachiisa.

Akkasumsa faaruu bo'oo **9ffaa** " dimookiraasiin duruu keenya aarsaa kaffale keenya" jedhu yoo xiinxalle ergaan isaa haaromsi argame qabeenya aarsaa uummataa akka ta'edha. Kanamalees bo'oo faaruu **12ffaa** "dimookiraasiin duruu keenya qabsoon walakkaadha keenya" jedhu yoo xiinxalle ergaan isaa haaromsi akka biyyaatti taasifame bu'aa qabsoo uummata Orommoo yoo ta'eyyu, ammattu qabsoon haaromsaa akka biyyaatti kan hin xumuramneefi qabsoon walakkaarra ta'uu agarsiisa. Kanamalees haaromsa tokkummaan tarkaanfachiisuuf walmari' achuufi waldhaggeeffauun barbaachisaa akka ta'edha. Adeemsa qabsoo haaromsaa kana keessattis Uummanni Oromoo mirga isaa falmachuu malee saba biraa kan hin miineefi hidhiibne ta'uu ibsa. Knis uummanni kun durii kaasee yommuu gaachanaafi eeboon lolaa tures kan booji'e illee ofitti dabalee oromeessa, kaan immoo guddifachuun akka hammachuu beeku ta'uu hubachiisa. Kanaafuu haaromsi kun akka lafa qabatee miilla jabeeffatee dhaabatuuf, biiftuu baateefi ifa argame akka hin banneefi miidhamni kaleessaa hundeen akka buqqa'uuf tumsuun Uummanni Oromoo Itoophiyaarra darbee Afiriikaaf seenaa gaarii galmeessuun barbaachisaa akka ta'e hubachiisa.

4.2.3. Afwalaloo Warra Haaaromsa Akka Biyyaatti Mormaniifi Gufachiisan Balaaleffachuu Ibsu

Qorannoo kanaan Uummanni Aanaa Kiiramuu warra haaromsa mormaniifi gufachiisan akka balaaleffatan bira ga'ameera. Haaromsa 2010-ammaa taasifame akka dhugeessitoonni raga qarannoo kanaa akka Aanaa kiiramuu mirkaneessanitti, Haaromsi kun qabsoofi aarsaa sabaafi sablammii addaa addan dhufe. Haata'u malee Mootummaan waggoottan 27f biyya Itoophiyaa bulchaa ture saba Tigiree qofaaf aantummaa kan qabuufi saabaafi sablammii Itoophiyaa kaaniif garuu ilaalcha biyyaalessummaafi aantummaa uummataa kan hin qabne ture. Kana irraan kan ka'e yummuu sabaafi sablammiin biyyichaa wal deeggaree Haaromsa fidan, warri biyya saamuu bare faayidaan isaanii waan tuqameef haaromsa jibbuudhaan dhokatee sabaafi sablammii walitti buusuudhaan hudhaa akka itti ta'antu ibsame.

Yaada kana kan deeggaru raga kennaan af gaaffii obbo Gammachuu Fayyisaa (ganda qoqoffee) walaloon akka armaan gadiitti ibsu.

Fkn. Sirni waggaa 27 guutuu
Inni hojii miti gufuu
Amma nubiraa hin hafuu?
Sirnichi ilaalamee tuffatame
Yaraa dalagee ala baafame
Aangoon irraa fudhatame
Haaromsi kunoo taasifame.
Jarri ammas biyya gooltu
Nama keessaa ofbaaftaniittuu
Haaromsi dhufe gatii kaffalleetu
Salphaatti miti wareegamneetu
Ni tarkaanfachiifna waliigalleetu
Daandii imalla dhugaa qabanneetu
Qofaa miti walitti ida'amneetu.

Afwalaloo armaan olii haaromsichi duduubatti hin deebineefi warri haaromsa morman aangoo bifa kanaan argachuu akka hin dandeenye kan ibsudha. Bo'oon **14^{ffaa}**,"qofaa miti walitti ida'ameeti" jedhu ergaan isaa sabaafi sablammiin tokkummaan haaromsa tarkaanfachiisuun bu'a qabeessa akka ta'e ibsa. Walumaagalatti afwalaloon kun buufata lamaafi bo'oo kudha afur kan qabu yommuu ta'u, walduraaduubaan waldeeggaruudhaan ergaan isaawarra haaromsa morman balaalefachuu kan ibsanidha. irraa waanti hubatamu, warri amma haaromsa mormaa jiran,

kanneen haaromsa dura rakkoo addaa addaa biyya irra geessisaniifi saamaa turan akka ta'edha. Kunis haaromsa bara 2010 hanga ammaadhaan aangoon sirna waggaa 27 guutuu gara barbaadetti uummata oofee bulchaa ture irraa waan fudhatef aangoo harka isaaniitii bahe waan humnaan deeffatan ittifakkaateeti. Fkn.c.bo'oo walaloo **1ffaa**, **2ffaafi 3ffaa** walduraad uubaan "sirni waggaa 27 guutuu, inni hojii miti gufuu, amma nubiraa hin hafuu?" Jedhu, ergaan isaa sirni haaromsa dura biyyi akka hin guddanneefi Uummanni akka hin dubbanneef ukkaamsee bitaa ture, ammas karaa dhokataa ta'een haaromsa 2010-2011 mormaa akka jiran ibsa.Fkn. bo'oo **8^{ffaa}** "jarri ammas biyya gooltu" jedhu ergaan isaa kanneen haaromsa morman warra akka biyyaatti faayidaan isaanii tuqame akka ta'eefi uummanni Aanaa kiiramuu kan balaaleffatu ta'uu isaadha. Kunis hojii hamaa fi mo'amaa akkasii balaaleffachuufi utuu dhiisanii gaarii akka ta'e,ciroo hirkataa tokkoo, ofdanda'aa tokkoofi hima gaaffii tokkoon ibsamee jira.

4.2.4. Afwalaloo Tabaallii Warra Haaromsa Akka Biyyaatti Simatan ibsu

Tabaalliin gosa afwalaloo keessaa tokko ta'ee akkaataa dubbiin tokko bifa miidhagina qabuun ergaa dabarsuu danda'uun dubbatanii yaada ofii ibsatanidha. Kunis bifa walaloo haaqabaatuyyu malee bo'oowwan walaloo isaa ergaa darbu irratti kan xiyyeeffatu malee walqixxummaa bo'oo walalootiif hindhiphatu. Tabaalliin bifa miidhagina qabuun dhiyaata. Akkasumas waan mul'isu qaba.Kunis calaqqee jiruufi jireenyaati (Fedhasaa, 2013:56).Bu'uuruma kanaan ergaan dubbii haaromsa siyaasaa bifa tabaalliitiin ragahimtoonni haaromsa siyaasaa 2010 hanga ammaa ibsan akka fakkeenyaatti akka armaan gadiitti haa ilaallu.

Qorannoo geggeeffameen Uummanni Aanaa Kiiramuu haaromsa akka biyyaatti gaggeefame akka deeggaraniifi simatn bira ga'amreera. Fakkeenyaaf, afgaaffii qorannoo haaromsa simachuu waliin walqabatan qorataan "haaromsa gaggeeffame ni simattu yoo ta'e akkamiin ibsitu?" jedhu gaafachuun qorannoo geggeessee akka armaan gadiitti ibsameera. Fkn Obbo Maammoo Anbaayee (Caffee Soorumaa) yaada kana deeggaruun walaloo bifa tabaalliin yommuu ibsu:

Fkn. -Ameessa bitachuun koo marqaatti unachuufii
Wayyaanee diduun koo haaromsa simachuufii
Sirriitti nuu dhaabaa madaala Oromoottii
Abbiyyiin nuu wayyaa dhalata Oromootii
Akka warra kaanii miti ilma abbaa gadaatii
Afaaniin qofa miti hojiin deeggarreetii.

Yaada af walaloo tabaallii armaan olii irraa ergaan hubatamu diddaan fincila gabrummaa gaggeeffamaa tureen haaromsi akka dhufefi haaromsi akka biyyaatti ta'e simatamuu hubanna. Bo'oo **4ffaa** "Abiyyiin nuu wayya dhalata Oromootii" jedhu ergaan isaa haromsi salphaatti akka hin dhufne muummichi ministeeraa hojii eegaleera kan jedhudha. Muummichi ministeeraan bo'oo **5ffaa** "Dr. Abiyyis nuu wayya ilma abbaa gadaatii" jechuun sirna diimookiraasiitti waan amanuuf madaallii walqixxummaa sirriin biyya bulchuu danda'uufi mootummoota Itoophiyaa darban irraa adda ta'uu hubachiisa. Afwalaloon bifa tabaallii kunis buufata tokkoofi bo'oo hiriyyummaa qaban shan kan qabu dha. Kunis bo'oo walaloo fkn.b **1ffaafi 2ffaa** yoo ilaalle "ameessa bitachuun koo marqaatti unachuufii "jedhuufi "wayyaanee diduun koo haaromsa simachuufii "jedhu yoo ilaalleergaan isaa gochaan tokko sababaafi bu'aa qabaachuu isaati. Kunis sababni namni tokko ameessa bitatuun aannan nyaatatti unachuufi Uummanni sirna waggaa 27 bulchaa ture sababa inni fincilee mirgi sarbameennaan dide haaromsa barbaaduu isaati.Kunis Uummanni yoomiyyu jijjiirama kan barbaadu waan ta'eef.

Bo'oon af walaloo fkn.b.**3ffaa** "sirriitti nuudhaabaa madaala Oromootti "jedhu fudhaannee yoo ilaalle ergaan isaa haaromsumti 2010-2011 gara gadiitti garuu sirriitti hojiirra hin oolle kan jedhu of keessaa qaba. Kunis haala galumsa dubbichaan yoo ilaalamu hooggansa sadarkaa sadarkaan jiran irratti nama madaallii dhugaa hin jal'isneefi quuqama dhugaa qabu nuuf muudaa ykn taasisaa, Oromoon madaallii hin jal'isu waan ta'eef warra madaallii dhugaa jal'isanis nuuf qoradhaa ergaa jedhu dabarsa. Bo'oon **6ffaa** "afaaniin qofa miti hojiin deeggareetuu "jedhu ergaan isaa haaromsa akka biyyaatti ta'e deeggaruu keenya sirriitti hojiitiin agarsiisuu qana ergaa jedhu dabarsa.

4.2.5. Haaromsa keessatti Gaaffilee Uummata Oromo Akka Biyyaatti Hin Deebiin Jiran ibsuu

Qorannoo geggeeffameen haaromsa siyaasaa akka biyyaatti 2010-ammaa geggeeffame keessatti gaaffiin Uummata Oromoo hanga ammaatti hin deebi'iin jiran bira ga'ameera. Haaromsa kana keessatti ammas hudhaa kan ta'uu danda'an keessaa tokko akkan raga kennitoota addaa addaa irraa argadhetti, sadarkaa addaa addaatti gaaffii uummataa yeroon deebisuu dadhabuu akka ta'e afgaaffiifi marii garee xiyyeeffannoo adeemsifameen haala wal fakkaatuun bira ga'ameera. Fkn marii garee xiyyeeffannoon obbo Mootummaa Shifarraafi qeerroo lammeessaaMargaa (ganda Baabboo) B/saa Gammadaa Dheeressaafi obbo Dassaalee Oljirraa (ganda guddina Jireenyaa)

waldeeggaruun gaaffii Uummanni Oromoo hin deebi'iin jiran akka fakkeenyaatti waa'ee Finfinneen kan Oromiyaa ta'uu mirkaneessuu fi Afaan Oromoo afaan federaalaa ta'uuf Uummanni Oromoo kan itti miidhamaa tureefi qabsaa'aa ture ta'us gaaffii hanga yoonaa deebii hin argatiin jiran akka jirudha. Akkasumas afgaaffii B/saa Gammachuu Fayyisaa (ganda Tokkummaa Qoqoffee) yaaduma kana ibsuun itti dabalee bu'uuraalee misoomaa kan akka warshaalee addaa addaafi buufatni xayyaaraa Naannoo Oromiyaa keessatti iddoo hedduutii dhabamuun fi.k.k.f. Gaaffii uummata Oromoo yeroo dheeraa hin deebi'iin jiran akka ta'e ibsu.

Yaada armaan olii irraa waanti hubatamu haaromsi taraanfatee deemuufi bu'a qabeessa ta'uudhaaf gaaffii uummataa sadarkaa sadarkaadhaan jiran atattamaan deebisuu akka qabu dha. Haata'u malee ammalee gaaffileen akka Oromoofi Oromiyaatti waa'een faayidaa addaa Oromiyaan Finfinnee irraa argachuu qabdu hanga yoonaa hojiitti hin hiikamiin turuun isaa akka hudhaa haaromsa sadarkaa biyyee ta'e ibsameera. Kana malees Afaan Oromoo afaan federaalaa akka ta'uuf gaaffii uummata Oromoo kan deebiin isaa ture akka ta'eefi gaaffiiwwan misoomaa kan akka warshaalee addaa addaa kan uummataaf bu'aa buusuufihojiidhabdoota hedduu illee hojiitti galchuu danda'u ta'e kan biroon akka biyyaatti,naannoo addaa addaafi hanga gadiitti yeroon yoo deebi'uu baatan uummata mufachiisuudhaan hudhaa haaromsaa ta'uun kufaatii fiduu akka danda'anidha. Kana malees kanneen haaromsa mormuun balaa addaa addaa Uummata Oromoo irratti fi biyyattii irratti geessisan kan akka Getaachoo Asaffaa fi Abbaay Tsahaayyee seeratti dhiyaatanii adabamuun uummataaf ifa ta'uun akka gaaffiitti kan jiru ta'uu ibsu.

4.3. Qaaccessa Ergaa ragaalee waallee dubbii Haaromsa siyaasaa Akka Oromiyaatti

Ergaan ragaalee qorannichaa kan bifa garaagaraan argaman qabxii kana jalatti akkaataa qorannoo geggeeffameen tokko tokkoon ibsamanii akka armaan gadiitti qaaccessamaniiru**.**Kunis haaromsa akka Oromiyaatti geggeeffame irratti kan Uummanni Aanaa kiiramuu ibsanidha**.**

4.3.1. Afwalaloo Haaromsa Naannoo Oromiyaaf Shoora Obbo Lammaa Ibsu

Afgaaffii 'haaromsa Naannoo Oromiyaa 2010-2011' geggeeffame keessatti kan tumsan eenyu fa'i? Akkamiin ibsitu? 'Jedhu bbo Abbaatuu Xaalboo (ganda Lalistuu Sonboo) gaafachuun argame kan armaan gadii kanuma deeggara. Kunis;

Fkn, Lammaa koo ya lammeessaa ati dhugaa daanyaa ba'eessa
Diina Oromoo situ bittinneesaa seenaa bade situ haaressaa

Shukkaa jechaan raareedha isheen kaan murmurtuudha
Daanyaa jechaan Lammaadha isheen kaan gurgutuudha
Inni boojuu deebisaa isatu fide haaromsaa
Inni qalbii deebisa hojiinsaa nu boonsaa
Har'as ta'e kaleessaa ni abdanna booruusaa.
Haaromsa Naannoo Oromiyaa bu'aa guddaa fidde biyyaa
Yaadig ofummaa nutti iyyaa Waggaa 27 dhiphise biyyaa
Haaromsa Naannoo Oromiyaa tokkummaa oromo kiyyaa
Yaa ilma Magarsaa kiyyaa ati taate ilma abbaa kiyyaa
Dhiira garaan gubataa Quuqama lammii hubataa
Mucaa gara wallaggaa gidiraa uummataa argaa
Mucayyoo akka dargaggoo Siif baga laanne aangoo.

Tabaalliin afwalaloo armaan olii buufata lama kan qabu yommuu ta'u, geggeessaan mootummaa Naannoo Oromiyaa yerichaa bara 2008 gara aangootti dhufee, geggeessaa ilaalcha jijjiiramaa qabu waan ta'eef haaromsa 2010 hanga ammaa keessatti shoora mataa isaa kan taphateefi akka geggeessaa haaromsaa jalqabaatti kan ilaalamudha.Bo'oo **1ffaa**," Lammaa koo ya lammeessaa ati daanyaa ba'eessaa" jedhu ergaan isaa hojii inni haaromsa kana keessatti hojjete irraa ka'uudhaan ragaan qorannoo kun hojii inni hojjete kan jajjabeessanidha.Fkn.a. bo'oo **3ffaa**," shukkaa jechaan raareedha; isheen kaan murmurtuudha" jedhuufi bo'oo **4ffaa,"** daanyaa jechaan Lammaadha isheen kaan gurgurtuudha." Jedhu yoo ilaalle, ergaan isaa hooggantoonni mootummaa naannoo Oromiyaa yerosii warraaqaa akka tureefi haaromsa keessatti bu'uura jijjiiramaa kan fide ta'uu isaa ibsa. Kana malees bo'oo**7ffaa** " har'as ta'e kaleessaa ni abdanna booruusaa" jedhu ergaan isaa Uummanni Oromoo hooggantoota mootummaa keessaa kan yeroo jalqabaaf uummanni amane ta'uu kan ka'e bulchaan kun gaachana uummataa ta'uun gara fuulduraatti illee, hojiin gaariin akka hojjetamu kan nama abdachiisu ta'uu isaa agarsiisa.

Kana malees bo'oo **14ffaa,"** mucayyoo akka dargaggoo siif baga laanne aangoo "jedhu ergaan isaa fudhannee ilaallee, bara bulchiinsa haaromsaa keessatti obbo lammaan baay'ee kan jaallatame ta'uun hojiin isaa jajjabeessaa ta'uu agarsiisa. Kana malees bo'oo tabaallii **12ffaa**, "dhiira garaan gubataa quuqama lammii hubata" jedhu ergaan isaa hooggantoota turan keessaa obbo Lammaan himaana fuudhe osoo hin nyaatiin garaa isaatti yaadee haaromsa Itoophiyaaf qabsaa'uun gahee olaanaa taphachuun kan jijjiiramni kun dhufe ta'uu isaati. Akkasumas bo'oo tabaallii **8ffaa** "haaromsa naannoo Oromiyaa bu'aa guddaa buufte biyyaa" kan jedhu ergaan isaa yaada

mootummaan Naannoo Oromiyaa kan ture Obbo Lammaa haaromsa biyyaaf gahee guddaa akka taphate ibsa.

4.3.2. Faaruu Haaromsa Naannoo Oromiyaa 2010-Ammaa Gootummaafi Tokkummaa Jiru Ibsu

Haaromsa Noonnoo Oromiyaatti argame tokkummaa uummataa waliin ta'uu ragaa qorannoo mirkanaa'eera. Injifannoo haaromsa bara kumalamaafi kudhanii kan argame bu'a ba'iifi aarsaa sadarkaa sadarkan taasifameenidha.Kunis mootumman naannoo Oromiyaa ummata dhaggeeffachuudhaan haaromsa caasaa sadarkaa addaa addaatti geggeessaniiru. Haaluma kanaan marii garee xiyyeeffannoo (ganda baabboo) gaafa qoratameen mootummaan naannoo Oromiyaa gootummaadhaa uummata Oromoo waliin haaromsa geggeessuusaa akka armaan gadiitti ibsu. Kunis:

Fkn.a. Hoo korma guduruu Oromoon leencuma duruu (2)
Hoo korma guduruu Oromoon tokkuma duruu
Hoo korma guduruu Oromoon eenyu gabbarru
Hoo korma guduruu kan hin beenne nu haabaru
Hoo korma guduruu Oromoon qeerramsa duruu
Hoo korma guduruu eenyuree kan nugurguruu
Hoo korma guduruu Oromoon kormuma duruu **(**2)
Hoo korma guduruu haaromsaatti gammaduu
Hoo korma guduruu eenyuree kan nu ugguruu
Hoo korma guduru Oromoon ifuma duruu
Hoo korma guduruu eenyuree kan nu hunkuruu
Hoo korma guduruu nu baaneerra birmaduu (2)

Faaruu afwalaloo armaan olii ceesisa lamaafi bo'oo kudhalama qabu irraa waanti hubatamu haromsa 2010 hanga ammaa argame keessatti tokkummaa uummanni Oromoo qabuufi haaromsa dura immoo shira sirnnichaatiin akka diigamaa turedha. Kunis dur yeroo sirna gadaatiin bulaa ture, bo'oo **2^{ffaa}"** hoo korma guduru Oromoon durtokkummaa" kan jedhu, ergaan isaa Oromoon dur tokkummaa akka qabu gidduutti immoo shira warra Oromoo jibbanirraaykn sirna haaromsa duraan kan ka'e Oromoon bittinnaa'us amma tokkummaatti deebi'ee akka injifannoo argate ibsa. Kunis dur sirna gadaan yommuu bulaa akka tureefi roorro itti dhufus eeboofi gaachanaan tokkummaan lolaa turuusaati. Rakkoo jaarraa tokkoofiwalakkaa hacuuccaafi du'aa tureefis osoo hin jilbeeffatiin tokkummaan qabsaa'ee injifannoo argatee jira. Kunis bo'oo **1^{ffaa}** ''Oromoon leenca'' jechuun mala dubbii iddeessatti fayyadamuun Oromoon jabaataadha; gadi hinjedhu kan jedhu ibsa.

Kana malees bo'oo **5**[ffaa]‘‘Oromoon qeerramsa duruu’’ kan jedhu maluma dubbii iddeessaan kan ibsamedha. Kunis ergaan isaa Oromoon yoo rifate eenyu irraa dheessee kan hin beekne waan ta'eef Oromoo kan hin beekne seenaasaaa, gahumsa isaa, tokkumaasaafi hojii isaa haa hubatu kan jedhu hubachiisa. Jijjiiramni akka Oromiyaatti argames gumaacha uummata Oromoo ta'uufi akka haaromsa biyyaafis gumaachedha. Akkasumas bo'oo walaloo **6**[ffaa]**,** "hoo korma guduruu eenyuree kan nu gurguruu" kan jedhu yoo ilaalle, ergaan isaa sirna haaromsa dura tureen Oromoon mirga isaa falmatu dabarfamee du'atti laatamaa akka tureefi haaromsa 2010-ammaan immoo sirnichi jijjiiramuun hidhaan dalgaa Oromoo irraa kan salphate ta'uu ibsa.Bo'oo afwalaloo **8**[ffaa] "**h**oo korma guduru Haaromsatti gammaduu" kan jedhu immoo ergaan isaa jijjiirama jalqabetti gammannee gara fuulduraattis jabaachuu qabna kan jedhu ergaa qaba.

4.3.3. Hololoo Haaromsa Naannoo Oromiyaan Geggeeffameen jijjiirama jiran ibsu

Qorannoo afgaaffii haaromsa mootummaan naannoo Oromiyaa bara 2010-2011 geggeesse maali? Jedhu obbo Fiqaaduu Hundee (Ganda Kiiramuu 01) waliin adeemsifameen akka armaan gadiitti ibsu. Kunis: Haaromsa mootummaa Naannoo Oromiyaa bulchaa kan ture Obba Lammaa Magarsaa Haaromsa isaan Naannoo Oromiyaatti geggeessan heddeedha. Kunis gama siyaasaa, diinagdeefi hawaasummaan jijjirama isaan taasisan hedduu nama boonsa. Ilmi abbaa gadaa kun gootummaafi kutannoo Oromoon qabu addunyaatti kan himedha. Gama siyaasaan gaaffii Oromoo dhaggeeffachuun oromoo tokkummeessuun qabsoo finiinsuun Uummata oromoo boquu ol qabachiiseera. Namoota siyaasaan hidhamaniifi dararamaa turan hedduu hiiksiseera. Kana malees Naannoo Oromiyaatti caasaa isaanii jijjiiruudhaan eenyuti eessatti caalaatti bu'aa buusuu danda'a kan jedhu itti yaaduudhaan haaromsa geggeesseera. Naannolee olla deemuudhaanis walitti dhufeenyaafi jaalala cimsuudhaan nageenya labseera. Kana malees kallattii Haaromsa diinagdeetiin idaastiriintiin Naannoo Oromiyaa guddisuuf Paarkii Indaastirii Gogina Jimmaa, Adaamaa, Godina Iluu Abbaa-Booraa keessatti jalqabanii jiran hojii fakkeenyummaa qabaniifi hojii jajjabeeffamu waan ta'eef Uummata Oromootti abdii horeera. Akkasumas qindoominaan hojjechuufi hordofuun baasii Gadaafi Hojii Gamtaa Oromiyaa jajjabeessuun galii Oromoofi Oromiyaa guddisuuf hojiin hojjetamaa jiru baa'ee gaariidha.

Yaada armaan olii irraa obbo Lammaa Magarsaa qabsoo isaan gama siyaas diinagdeen Oromiyaa keessatti taasisan Oromiyaarra darbee biyyaaf gumaachuu isaati. Kumis qabsoo mirga uumamaafi diimookiraasii isaan uummata oromoo qabatanii haaromsa 2010 as taassisani dha.

Kunis waanjoo gabrummaa waggaa naannoo dhibbaafi shantamaa ejjennoodhaan adda dureedhaan qabsaa'ee jijjiirama mul'atu fiduu isaati. Kana malees gama haaromsa diinagdeetiinis paarkiiwwan addaa addaa dhaabuudhaan Oromiyaa misoomsuu kallattiin jalqabamee jiru gaarii ta'uu isaa ibsu.Fkn ijifannoon argame, namoonni hedduu mana hidhaatii hiikamuu, lafti maqaa invastimantiin saamamuu akka naannootti salphateera. Namni siyaaaan adamsamee hidhamuun fooyya'uu kaasuun jijjiiramni jiru hubatameera.

Haaluma walfakkaatuun qorannoo af-gaaffii 'haaromsa mootummaan noonnoo Oromiyaa bara 2010-ammaa geggeesse maali?' jedha b/saa Gammadaa Dheeressaa (Ganda Guddina Jireenya) qoratameen, namni akka obbo Lammaa Magarsaa kutannoo qabu hanga yoonaatti warra Oromiyaa bulchaa turan keessa hin jiru"jedha. Kunis haaromsi akka geggeeffamuuf shoora olaanaa kan taphateefi haaromsa hanga ammaa Oromiyaa keessatti geggeeffamameen jijjiirama hedduu nama galmeessise akka ta'e ibsa. Kunis gama siyaasaa, diinagdeefi hahaasummaan jijjiirama akka jalqabe ibsa. Gama siyaasaan hidhamtoota siyaasaa hedduu akka hiiksiseefi yeroo amma kana namni kamiyyu siyaasa irratti karaa sirrii ta'een afaan guutee akka dubbatu kan of barsiise akka ta'e ibsa. Gama diinagdeen ragaan sobaa kan baajeta mootummaa miidhe akka sakatta'amu taasisuusaati ibsame. Kana malees albuuda Oromiyaa namoota dhuunfaan Investimentiin qabamee ture irraa fuusisuun hojiidhabdootaaf akka kennamu gochuusaa ibsan. Fkn warqee laga shaakisoo eeru. Akkasumas lafa iddoo garaagaraatii maqaa Investimenteedhaan seeraan ala qabamanii turan gara baankii lafa mootummaatti deebiseera. Fkn lafa naannoo Aanaa Kiiramuu laga baddeessaafi kanneen biroo.kana malees lafa barsiisonni irratti mana ijaarratan akka kennamu kan taasise ta'uu isaati. Gama hawaasummaan kanneen Oromiyaa olla jiran sumaalee, Amaaraa, Asoosaafi biroo waliin walitti dhufeenya gaarii akka uume ibsu.

Kana malees qorataan daawwannaa gaafa 20/8/2011 waltajjii haaromsaa Ganda Baabbootti taasifameen yaada uummanni jijjiirama haaromsa Mootummaan Naannoo Oromiyaan dhufe hedduu kaasan irraa, Naannoo Oromiyaatti mootummoota naannoo bulchaa turan keessaa kan akka obbo Lammaa akka hin turreefi hoogganaa jalqabbii jijjiiramaa hedduu agarsiisan ta'uun hubatameera. Kunis uummanni Oromoo dararama guddaa keessa akka tureefi lubbuufi qaama itti dhabaa kan ture sira bulchiinsa isaa keessa tokkummaan injifannoo haaromsaa siyaasaa akka argatan ibsu. Kunis yoo xiqqaate yeroo ammaa kana namni ofitti amanee haasa'uu danda'eera. Hamma tokko Uummata Oromoo irraa ba'aan akka salphate ibsameera. Gama diinagdeen

jijjiiramni hedduun yoo dhiban iyyu jalqabbiin jiru jajjabeessaa akka ta'e yaada namootaa irraa hubachuun danda'ameera.

Yaada armaan olii irraa mootummaan Naannoo Oromiyaa obbo Lammaa Magarsaa warra duraan Oromiyaa bulchaa turan hunda irra hojii firii gaarii qabu hojjechuun haaromsa keessattis jijjiirama baay'ee kan fide ta'uu isaati. Kunis hamma danda'etti gara kuteenyaan Oromoofi Oromiyaaf gama siyaasaa, diinagdeefi hawaasammaan jijjiiruuf nama of wareege ta'uun adda isa taasisa. Kanaafuu obbo Lammaan Magarsaa nama fakkaattota isaa jaalala dhugaa irratti hundaa'e horachuun nama haaromsa keessatti adda dureen gumaacha hedduu taasise ta;uu isaati.

4.3.4. Afwalaloo Haaromsaa Bara 2010-Ammaa Akka Naannoo Oromiyaatti Komii Jiru Ibsu

Ragaan afgaaffii qorannoo 'haaromsa siyaasa Naannoon Oromiyaa 2010 hanga 2011 geggeesse keessatti komiin jiru maali? akkamiin ibsitu?' jedhu gaafachuun ganda (guddina Jireenyaa) irraa argame miirri komii yeroo sana uummata Oromootti dhagahame bifa afwalaloon akka armaan gadiitti ibsu. Kunis akka armaan gadiitti ibsamee jira.

Fkn. Waraabeyyiin guyyaa warri ta'anii-
Karaa ittiin nu nyaatan mari'atanii
Ni ilaalu malee ijaa hin arganii
Karaa asoosaa kunoo nutti ka'anii
Abbaafi haadha ilmoorraa ajjeessanii
Ilmoos fixanii qabeenyaas saamanii
Ni dhaga'u malee hin dhaga'anii.
Kaan buqqa'ee yommuu beela'anii
Daftee hin mul'attuu gargaarsaanii
Kun hundi akkam bada lubbuunii
Nuun hin jenne jedhe uummannii.

Afwalaloo buufata lamaafi bo'oo kudhatokko qabu kana irraa waanti hubatamu,qaamoleen shira xaxuun haaromsa 2010 hanga ammaa mormaniin miidhamni lubbuu, qaamaa, qabeenyaafi buqqaatii ga'uu agarsiisa. Kunis fkn.b. bo'oo **1^{ffaa}** , "warabeyyiin guyyaa mataa dhofkatanii " jedhuufi bo'oo **2^{ffaa}** " karaa ittiin nu nyaatan mari'atanii " jedhu yoo ilaalle, ergaan isaanii mala dubbii iddeessaatti fayyadamuudhaan bo'oowwan afwalaloo kun lameen isaanii warra biyya diiganiifi haaromsa morman ibsu Kunis ergaa barbaachisu akka dabarsuu danda'utti bifa hiriyyummaa qabaniin barreeffamanii jiru. Akkasumas fkn.bo'oo 3ffaa , " ni ilaalu malee ijaa hin

arganii " kan jedhu mala dubbii mitheetti gargaaramuudhaan ergaan isaa kanneen badii dalagan nama beekaa fafu waliin kan walfakkaatan ta'uufi qaroomina akka hin qabneefi rakkoo yoo uuman illee booru seeraan akka gaafataman kan hin hubanne ta'uu ibsa. Akkasumas fkn b. bo'oo **7ffaa**, "nidhaga'u malee hin dhaga'anii "jedhu mala dubbii mitiheetti fayyadamuudhaan ergaan isaa kanneen gochaa badii suukanneessaa raawwatan kuun waa'ee haaromsaa utuu dhaga'anii diduufi gara jabeeyyii ta'uu isaanii kan ibsudha. Walumaagalatti bu'uuruma kanaan bo'oowwan afwalaloo kaanis waldeeggaranii bifa hiyiyyummaa qabaniin miidhamaafi komii uummata Oromoo yeroo sanaa kan ibsamanii ergaa dabarsanidha. Bo'oon **9ffaa** daftee hin mul'attuu gargaarsaanii" jedhu ergaan isaa yeroo sanatti uummanni Oromoo gargaarsa addaa addaa bulchaa Naannoo irraa dhabuu isaa ibsa.

4.3.4.1. Afwalaloo Haaromsi Naannoo Oroniyaa Gaarii Ta'uufi Komii Godinaa -Aanaa Jiru Ibsu

Qorannoo adeemsifameen haaromsi sadarkaa Naannoo Oromiyaatti geggeeffame fooyya'aata' uufi Godina Wallagga Bahaa kaasee hanga Aanaatti qaawwi bal'aan jiraachuun bira ga'ameera. Yaadni ragaa walaloo barsiisaa Dajanee Doorsis (ganda 01) irraa argame akka fakkeenyaattii kan armaan gadii kanuma ibsa.

Fkn. Haaromsi yoo deeme miilla godhatee
Godinaa hanga gandaatti yoo mul'atee
Gubbaa hanga goodaatti hundi yoo hubate
Biyyiifi hawaasni hunduu waliin guddate.
Ummanni yoo argate mirga uumamaafi diimookiraasii
Diinagdee isaa guddisuuf carraaqee hojjeta gaafasii
Yoos daraaree ija godhata hidda ergatee haaromsii
Haaromsi laafee dudduubatti hin deebi'u yommusii.
Hojiin caasaa warra gandaa
Kan haaromsaa irraa addaa
Keessoon hojiisaanii badaa
Geggeessitoonni caasaa gandaa
Ilalchi jiru hinjijjiiramne badaa.

Afwalaloo bufata sadiifi bo'oo kudha sadii qabu kana irraa waanti hubatamu, haaromsi sadarkaa godinaatii hanga gandaatti jiru sirrii akka hin taanedha.Fkn. bo'oo **7ffaa** "yoos daraaree ija godhata hidda ergatee haaromsii "jedhu yoo xiinxalle ergaan isaa akkaataa hooggantoonni ittiin muudamaniifi hoogganaa jiran, rakkoo jijjiiramaaf hojjechuu dadhabuutu mul'ata .Kunis ilaalcha

duraan uummata fayyaduurra of fayyaduuf deemuun mul'ataa tuere sun kan ammas haaromsa keessatti calaqqisaa jirudha. Kunis rakkoo hubannoo, kiraasassaabdummaa, gahumsa dhabuufi loogii waliin kan walitti hidhate ta'uu mul'isa. Fkn.c. bo'oo1**2** **ffaa** "gubbaa hanga goodaatti hundi yoo hubate " jedhuufi bo,oo **4** **ffaa** " biyyiifi hawaasni hunduu waliin guddate" jedhan yoo ilaalle, ergaan isaanii rakkoowwan haaromsa 2010 hanga ammaa sadarkaa godinaa hanga gandaatti jiran, kanneen armaan olitti caqafaman yoo furaman fayyadamummaan hawaasaa mirkanaa'ee haaromsi ija gaarii godhachuufi kaayyoon haaromsaa galmaan ga'uu akka danda'u walduraaduubaan kan mul'isanidha.

Akkasumas afwalaloon armaan olii fkn. c. irraa waanti hubatamu, uummanni godinaa hanga gandaatti jiran mirga diimookiraasiifi uumamaa yoo gonfatan jiruufi jireenya isaanii keessatti haamileedhaan akka jiraatanidha. Kunis haaromsi taasifamaa jiru hordoffiifi qorannootiin yeroo yerootti deeggaramee hojiitti yoo hiikamedha.Haalli qabatamaa jiru garuu godinaa hanga gandaatti qaawwi akka jiru mul'isa. Fkn.c. buufata 13 ffaa walduraaduubaan bo'oo 3 ffaa, 5 ffaa, 6 ffaa 7ffaa 'n' ergaan isaanii uummanni yoo argate mirga uumamaafi diimookiraasii ,diinagdee isaa guddisuuf carraaqee hojjeta gaafasii, yoos daraaree ija godhata haaromsii" jedhan yoo xiinxalle, ammallee rakkoon bulchiinsa gaarii godinaa hanga gandaatti akka jiru mirkaneessa..

4.3.4.2. Haaromsa Naannoo Oromiyaa komii Bulchiinsaa Godinaa –Aanaa Kiiramuu Ibsu

Haaromsa Naannoo Oromiyaa godina Wallagga Bahaatii hanga Aanaa Kiiramuutti rakkoowwan hojiirra ooluu dhabuu haaromsaa waliin walqabatan akka jiran qorannichaan bira ga'ameera. Kanneen keessaa akka fakkeenyaatti afgaaffii B/saa Nagaash Toleeraa (ganda kiiramuu 01) waliin geggeefameen haala qabatamaa jiru irratti hundaa'uun, haaromsi sadarkaa naannoleetii geggeeffame gaarii ta'us godinaa kaasee kan geggeefame immoo "akka nama uffata dhumaa irratti uffata haaraa erbuuti**"** jedhu. Kunis caasaa geggeessitoota mootummaa sadarkaa addaa addaarra jiran iddoofi itti gaafatamummaa isaanii waljala dabarsuun haaromsa bu'uuraafi fayyadamummaa hawaasaa mirkaneessu ta'uu akka hin dandeehye ibsu. Yaaduma kana irratti mariigaree xiyyeeffannoo qorannoo adeemsifameen Taganyee Ayyalee (ganda caffee guddinaa) haaromsi caasaa mootummaa itti gaafatamummaa addaa addaa irra jiran gubbaa hanga gandaatti taasifame hojii iddoo baay'eetti qaawwa qabu akka ta'e ibsa.

Kunis ammaas irra deebi'anii warra rakkoo ilaachaa duraan qabantti hooggansa kennuun rakkoo kaleessaa itti fusiisuu malee jijjiirama dhugaa akka hin taane ibsa. Kan ta'uu qabu kanneen biyya miidhan jedhamanii shakkaman kan akka isaan rakkoo biroo hi uumneefi inni kaan immoo irraa barachuu danda'anitti sektera isaan irraa hojjechaa turaniifi miidhaa qaqqabe hatattamaan qulqulleessuun adabbii barbaachisaa kennuu dadhabuun hudhaa haaromsaa akka tsa'e ibsa. Kana malees miseensuma marii garee kana keessaa obbo Zalaalam Namoo haala qabatamaa Aanaa Kiiramuu keessatti koomaandipoostiin dargagoo Ittafaa lamuu manasaa deemuun baatii 7/2011 keessa ajjeesan irraa ka'uun mootummaan caasaa loltoota isaa warra akka barbaadanitti nama ajjeesanfi reeban to'achuurratti rakkoon akka jiru ibsan. Keessattuu warra 'koomaandi poostii 'sirriitti hordoffii seeraa gochaa akka hin turre ibsan.

Akkasumas daawwannaa waltajjii haaromsaa sadarkaa Aanaatti geggeessitoota gandaa aanichi qabu 19 faana waltajjii qaama godinaafi bulchaa Aanaan geggeeffama daawwachuudhaan rakkoon bulchiinsa gaaree akka Aanaatti akka jiru yaadawwan ka'an irraa hubachuun danda'ameera. Kunis caasaan hooggantoota godinaa kaasanii hanga gandaatti jiran ammallee rakkoo ilaalcha akka qaban yaada ka'e irraa hubatameera. Kunis olaantummaan seeraa hojiitti hiikamee akka hin jirredha. Kunis lafa mootummaa kan baankiin lafa mootummaa beeku kan qabiyyee dhuunfaa hin taane nama dhuunfaan saamamaa akka jiru miseensonni waltajjichaa cimsanii kaasuun akka fakkeenyaatti, lafa Ganda Baabboo iddoo addaa didibbee jedhamu lafa hektaara 10 olii namni dhuunfaan saamaa kan jiruufi nama kana immoo seeraan Aanaan kun himatee seeratti dhiyeessee akka hin jirretu ka'e. Bifuma walfakkaatuun Aanaama kana keesssa lafa ganda baddeessaa jedhamus lafa mootummaa kan qabiyyee dhuunfaa hin ta'iin namoota dhuunfaan saamamaa akka jiru waan ka'eef haaromsi hojiitti hiikamuurratti Aanaa kanatti rakkoo akka qabu hubatameera. Kana malees hordoffiin karaa godinaa Aanaa irratti taasifamaa jirus baay'ee laafaa ta'uun isaa hubatameera. Kanaafuu haaromsi naannoo gadii rakkoo bulchiinsa gaarii ammayyu furee akka hin jirre yaada haala dubbii haaromsaa irratti uummanni waltajjii haaromsa irratti kaasee xiinxaluun ni danda'ama.

Yaada armaan olii irraa waanti hubatamu godinaa kaasee hanga gadiitti haaromsi bu'uuraa akka hin geggeeffamneefi haaromsa bu'uuraa geggeessuuf immoo kanneen rakkoo ilaalchaa qaban maksuun kanneen quuqama biyyaafi lammii qaban hawaasa keessaa sakatta'uun gara hooggansaatti fiduun barbaachisaa akka ta'edha. Kana malees qajeelfamini, heeriifi seerri

qaamolee mootummaa keessaa warra hojii raawwachiisan biratti amayyu cabaa waan jiruuf mirgi diimookiraasiifi uumamaa uummata jalaa sarbamaa waan jiruuf namni badii dalage yoo jiraates seeratti dhiyeessuu malee akka malee reebuuykn ajjeesuun sirrii akka hin taaneefi hojii seeraa alummaa kana maksuuf hordoffii cimsuun hojiin kamiyyu akkaataa seeraafi heeraan bifa qajeelfamni jedhuun hojiirra ooluufi dhiisuu isaaf hordoffiin laafaa waan ta'eef dammaqinaan mootummaan irratti akka hojjechuu qabudha.

Haaluma walfakkaatuun Gaaffii qorannoo afgaaffii haaromsa bara 2010-ammaa sadarkaa Naannootti taasifame irratti hundaa'uun 'hojiirra oolmaa irratti rakkoowwan Goginaa hanga Aanaa kiiramuu jiru maali? Akkaitti ibsitu 'jedhuun barsiisaa Nagaash Toleeraa (Kiiramuu 01) geggeeffameen bifa hololoon, rakkoon karaa caasaa muudamtoota kaabinee hooggantoota haaromsaa waliin walqabatu warri haaromsa dura hoogganaa turan ammayyu hooggansarra waan jiraniif bu'uurarraan akka hin hiikamne ta'uu ibsameera. Kunis rakkoo ilaalchaa, gahumsaa, kiraasassaabdummaafi loogii figahumsa waliin walqabate ta'uu ibsameera. Knis baay'inaan kan hooggansa kaabineerra jiru warruma kaleessa Oromoofi Oromiyaa akkasumas biyya gurguretu har'as sanuma akka yaadan ibsameera.

Akkasumas Getaachoo Qana'aa (Ganda Naccinoo) yaaduma kana irratti bifa gaaffii oliin mariigareen adeemsifameen rakkoon caasaa muudamtoota geggeessitoota haaromsaa rakkoo hundee gadifageeffatee jiru akka ta'e ibsaniiru. Kunis haala qabatamaa Aanaa Kiiramuu irraa ka'uun, keessattuu caasaan godinaa kaasee hanga gandaatti jiru hojiin isaanii rakkoo ilaalchaafi kiraasassaabdummaa akka qabu ibse.Akka fakkeenyaatti geggeessaa waajjira barnooota aanaaafi waajjira nageenya aanaa kaasu. Kunis jarri kun warra haaromsa duras rakkoo akkasii geggeessaa tureefi ammas geggeessaa jiran akka ta'e ibsaniiru. Walumaa galatti raga qorannichaan rakkoon hodoffiifi qorannoo geggeessuu dhiisuu caasaa naannoo irraa kaasee, keessatuu godinaaleetii hanga gandootaatti akka jiru hubatameera.

Kana malees qorataan haala qabatamaa haaromsa waliin walqabatee jiru addaan baafachuuf daawwii waltajjii haaromsaa bakka qaamni geggeessa Godinaa, Aanaafi Gandootaa 19 walga'anii waltajjii haaromsaa sadarkaa Aanaa Kiiramuutti geggeessaniin gaafa 18/8/2011 waltajjicha keessa taa'ee dhaggeeffatee himaachuudhaan yaada uummanni haaromsa irratti kaasan daawwateera. Bu'uuruma kanaan uummanni ganda irraa dhufan rakkoowwan bulchiinsa gaarii waliin walqabatee karaa aanaa hordoffiifi to'annaa akka hin jirrefi qaamni aanaafi gandaa

waggaa keessatti yoo baay'ate allama akka walargu kaasuun, hojiiwwan seeraa alummaa kanneen akka lafa mootummaa namni dhuunfaan saamuu, hatuufi saamichaa babal'atee akka jiru ibsaniiru. Kana irraa caasaaleen hooggantoota haaromsaa sadarkaa godinaa irraa ka'ee qorannoofi hordoffiin haaromsaa jabaatee akka hin jirre hubachuun danda'ameera.

4.3.4.3. Hololoo Haaromsa Naannoo Oromiyaa komii Hojii Dhabdummaan Aanaa Kiiramuun mul'atu Ibsu

Akka ragaalee qorannoo kanaa irraa argametti, haaromsa Naannoo Oromiyaawaliin walqabatee hudhaan haaromsa kanaaf ta'uu danda'u kan biroon immoo hojiidhabdummaa akka ta'e qorannichaan hubatameera. Kunis sadarkaa godinaafi haala qabatamaa Aanaa Kiiramuun ibsan. Kunis marii garee xiyyeeffannoo geggeeffameen qeerroo Abboomaa Silashii (ganda Guddina Jireenyaa) mootummaan barattoota yuunversiitii irraa eebbifamanii taa'aniif carraa hojii yoo uume malee hojii dhabaan kun karaa biraa rakkoo hawaaummaa ta'uun haaromsa kana danquu akka danda'u ibsa. Yaduma kana deeggaruun miseensuma garee kanaa kan ta'e dargaggoon Dasaalee Nagaraa rakkoon hojiidhabdummaa rakkoo nageenyaa ta'uu akka danda'u ibsa. Kunis haala qabatamaa Aanaa Kiiramuu irraa ka'uun, hojiidhabdoonni baay'achaa akka dhufaniifi waldaan gurmeessuun lafa mootummaa jiru irratti bobbaasuun hojiitti galchuu irratti waajjirri I.M.X.fi Waajjirri lafaa Aanaa kiiramuu rakkoo kiraasassaabdummaa akka qaban ibsu.Kunis lafti mootummaa nama dhuunfaan saamamaa akka jiru ibsu.

Fkn lafa naannoo badeessaa jedhamu.yaaduma kana deegaruun marii garee adeemsifameen Taganyee Ayyalee (ganda Caffee Guddinaa) barataan yuunversiitii irraa bahee taa'u yoo kallattiin hojii karaa mootummaa mijate malee biyyaratti ba'aa ta'uun rakkoo addaa addaa akka uuman ibsa.Kana malees akka daawwii waltajjii haaromsaa irratti uummanni kaasetti naannoo waajjira lafaa waliin walqabatee uummanni amantummaa akka irraa hin qabne kaasaasaniiru. Kunis osoo namaata lafa mootummaa saaman beekanii callisanii ilaaluun kiraasassaabdummaa keessa akka jiraachuu danda'an ibsameera. Kanaafuu osoo hojiidhabdoonni jiranii hojiidhabdoota irratti qindeessanii hirkatummaa jalaa akka baasan gochuurra lafti mootummaa seeraa alaan saamsisuun caasaan hooggantoota godinaa kaasee hanga gandaa jiru ilaalchaan kan hin haaromne ta'uu hubachuun ni danda'ama.

Yaada kana irraa caasaa hooggantootaa warra haaromsatti gufuu ta'e maksuun kan aantummaa biyyaafi uummataa qabu muuduun haaromsi akka hojiitti hiikamu gochuun barbaachisaadha. Kana malees dargaggeessi human oomishuu danda'u yuunversiitii irraa bahee hojii malee yoo

taa'e rakkoo nageenyaafi hawaasummaaf saaxilamu isaaniiti.Kanaafuu hammaataa danda'ametti sadarkaa Oromiyaa irraa kaasee hanga gandaatti kalattii ittii hojiitti galuu danda'an karoorfamee dargagootni bu'a qabeessa akka ta'anidha.Kana malees rakkoon gama kiraasassabdummaan isaan danqu furamuufi mootummaan warshaa addaa addaa banuudhaan rakkicha furuu akka qabu dha.

4.3.4.4. Haaromsa Naannoo Oromiyaa Bu'uuraalee Misoomaan komii Godinaa -Aanaa Jiru Ibsu

Akka ragaalee qorannoo kana irraa hubatametti haaromsa keessatti rakkoon hudhaa ta'ee hawaasa rakkisaa jiru tokko akka raga kennitoonni qorannichaa dhugeessanitti rakkoo hanqina dhiyeessii tajaajila hawaasaafi kontorobaandii waliin walqabatanidha. Kunis haala qabatamaa godina wallagga Bahaa Aanaa Kiiramuun ibsan. Kunis akka marii garee xiyyeefannoon qoratametti, obbo Tasfaayee Hulluuqaa (ganda lalistuu Sonboo) dhiyeessii tajaajila hawaasaa keessattuu sukkaarriifi zayitiin warshaama irraa rabsamu irraa kaasee hanga gandaatti rakkoo hamaa qabaachuu isaati ibsame.kunis mootummaam sukkaaraafi zayita akka biyyaatti waldaadhaan akka hawaasa bira ga'u taasisus dhiyeessiin kun naannoo irraa naannootti, gadina irraa godinatti, aanaatii aanaatti garaagarummaa qabaachuu isaatu ibsame. Fkn naannoo Oromiyaa keessatti zayitni nuugiifi saalixii dhoksaatti naannoo amaaraatii kontorobaandiin dhufa malee akka hin jirre ibsu.

Kana malees afgaaffii rakkoo hudhaalee haaromsaa Margaa Bayyanaa (ganda Caffee Guddinaa) 30/8/2011 adeemsifameen sukkaarri godina wallagga Bahaa aanaa Kiiramuutti, mana tokkoof kennamu kiiloo lamaa-afuriitti yommuu ta'u, hawaasni yommuu rakkatu harka warra kontorobaadistootaatii gatii ol ka'aan yommuu bitatu, godina Shaanbuutti immoo mana tokkoof kan kennamu kiiloo saddeetii hanga kudhanii akka ta'etu ibsame. Akkasumas afgaaffii obbo Margaa Shifarraa (ganda Baabboo) adeemsifameen hanqinni xaa'oofi gaatiin ol ba'uun akka waliigalaatti qoteebulaan rakkachaa jiraachuu isaa ibsan.Kana malees mariigaree xiyyeeffannoo (ganda caffee soorumaa) geggeeffameen obbo Baqqalaa Mokonnon rakkoon gama bu'uuraalee misoomaatiin jiran godinaa kaasee hanga gandaatti rakkoo walxaxaa akka qabu ibsu. Kunis gama bishaan, ibsaa, daandii, dhiyeessii xaa'oofi sanyiin mul'atanidha. Kunis haala qabatamaa gandaafi Aanaa isaanii irraa ka'uun ibsu. Rakkoon kunis sadarkaa gandaatti gama bishaaniin paanphiin harkaa hojjetame illee tajaajila laachaa kan hinjirre ta'uu,kana malees sadarkaa Aanaatti piroojektiin bishaanii guddaan miliyeena sagaltamii toorba fixe tubboon isaa tajaajilaa

ala ta'ee jiraachuu, gama ibsaan immoo ibsaan akka Aanaatti maqaaf kan jiru yoo ta'e illee torbanitti yoo baayate guyyaa sadii ifuu, pooliin ibsaa iddoo garaagaraatti kufee jiraachuu,gama daandiin immoo daandiin Aanaafi ganda walqunnamsiisu muraasni qofti akka jiru,gama dhiyeessii sukkaaraafi zayitaa, xaa'oo fi sanyiin jirus godinaa kaasee hanga gandaatti jiru hamaa ta'uu ibsu. Kunis kontorobaadistootaan kan hawaasaaf dhiyaate saamamuu isaa ibsu. Fkn xaa'oon kuntaalli shantamni dhoksaan gurguramuuf utuu deemuu Aanaa kiiramuu ganda Baagin keessatti qabame.

Qorataan daawwannaa waltajjii Ganda Baabboo daawwateen haaromsa kana keessatti rakkooleen hanqina dhiyeessii bu'uuraalee misoomaan uummanni rakkachaa akka jiru yaada uummataa ka'e irraa hubachuun danda'ameera. Kunis sanyii boqqolloo seeraan argachaaa akka hin jirre,bishaan dhugaatii qulqulluu akka aanaattis akka gandattis akka hin jirre, daandiin Aanaafi Ganda Baabboo walqunnamsiisu akka hin jirre,sukkaarraafi zayitii seeraan argachaa akka hin jirrefimana barumsaa gandi baabboo akka hin qabne ka'eera. Kana irraa sadarkaa godinaa kaasee hanga gandaatti tajaajilli kun seeraan kennamaa akka hin jirre hubachuun ni danda'ama. Kuni immoo itti fayyadamummaan hawaasaa akka hin mirkanooneef haaromsaaaf hudhaa ta'uu kan danda'udha. Kanaafuu Mootummaan Naannoo itti quufinsa hawaasaa mirkaneessuuf qorannoofi hordoffii Godinaa kaasee hanga Aanaatti jiru irratti xiyyeeffachuudhaan yoo hojete haaromsa gadifagoo geggeessuun barbaachisaa akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

Kana irraa waanti hubatamu seeraa alummaafi saamichi gama bu'uuraalee misoomaafi dhiyeess walqabate hundee gadi gageeffatee hawaasa rakkisaa akka jirudha. Kunis mootummaan rakkoo kontorobaandiifi qaxxaamuraan duuromuuf hojii saamicha hawaasa irratti geggeeffamaa jiru kana hordoffiin federaala irraa kaasee hanga gandaatti jiru laafaa ta'uu isaati. Kana malees zayitiin nuugiifi saalixii irraa hojjetamu kontorobaadistootatti gurgurama malee uummataaf kan hin dhiyaanne ta'uu isaati. Kun immoo faallaa haaromsaa waan ta'eef rakkoo bulchiinsa gaarii kana mootummaan hatattamaan furuu akka qabudha. Ykn immoo mootummaan dhiyeessii sukkaaraafi zayitii daldalaan gabaaf akka dhiyyeessu gochuun gatii isaa haala sirrii ta'een gabaa tasgabbeessuu akka qabu hubanna. Akkasumas xaa'oon biyya keessatti baay'inaan oomis ham uun gatii giddugaleessaan uummanni bitatee fayyadamaa ta'uu baannaan haaromsarratti dhiibbaa fiduu akka danda'udha.

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, BU'AA QORANNOO FI YABOO

5.1. Cuunfaa

Boqonnaan kun cuunfaa, argannoofi yaboo kennuurratti xiyyeefata.Isaanis qofaa, qofaatti adda bahanii dhihaataniiru. Kaayyoon qorannoo kanaa naannoo Oromiyaa Godina Wallagga Bahaa Aanaa Kiiramuutti qaaccessa dubbii haaromsa siyaasa bara 2010-ammaa haala Aanaa Kiiramuu jedhu irratti xiyyeeffata. Kunis kaayyoo qorannoo kanaa galma geessisuuf tooftaan ittiin adeemame, mala akkayyoo dha. Gandeen Aanaan Kiiramuu 19 qabdu keessaa toorba akkayyootiin fudhataman keessatti, mariigareen dhiira 52fi dubara 1 walitti nama 53fi afgaaffiin nama dhiira 13 waliigalatti namoota **66** filatamaniiru. Mariigareen bulchiinsa gandeenii waliin ta'uun 'hubannoo namoota dhimmicha irratti qaban heeramee kan raawwatedha. Afgaaffiinis bifuma walfakkaatuun namoota dhimma qorannoo kanaa irratti qababan Gandeen 7 irraa hojii aloolaa waliin walqabatee haala mijataa uumameen hojjetameera. Kunis mataderee qorannoo qaaccessa dubbii haaromsa siyaasaa bara 2011-ammaa geggeeffame keessatti itti fayyadama afaanii jiru haaromsa akka biyyaattiifi Naannoo Oromiyaatti geggeeffame irratti meeshaalee odeeffannoon kanneeniin suura, viidiyoofi yaadannoo gaggabaabaan deeggaruun yoomessa uumamaan funaanamanii ibsuun mala akkamtaan qaaceffamaniiru. Kanneeniinis bu'aawwan qorannoo argamaniiru.

Bu'uura kaayyoo ijoofi bu'aa qorannoorraa argame irratti hundaa'uun cuunfaan armaan gadii kaa'ameera. Qorannoon kun gosa qorannoo qulqulleeffataa (akkamtaa) ta'ee, mata dureen qorannichaa, qaaccessa dubbii haaramsa siyaasaa bara 2010-ammaa haala Aanaa Kiiramuun yommuu ta'u, kana keessatti itti fayyadama afaaniitu xiinxalame. Maashaaleen ragaan qorannoo kanaa afgaaffii, mariigaree xiyyeeffannoofi daawwannaan funaanamee dubbii bifa afwalaloo hololoon akkasumas malleen dubbii, qoqqoodama seerluugaafi walitti dhufeenya jechootaatu qaacceffame. Haaromsa siyaasa akka biyyaattiifi akka Naannoo Oromiyaatti bara 2010-2011 geggeeffame keessatti ibsamanii haala ragooliin ittiin dubbatan tooftaa afaanitti gargaaramanii haaroms ittiin dabarsan qaacceffamaniiru. Kunis afwalaloo, malleen dubbiin, qoqqoodama seerluugaafi walitti dhufeenya jechootaan hojjetamaniiru. Kanneen ergaan isaanii maal akka ta'es qaacceffananiiru. Kunis haaromsi bara 2010-ammaa akka biyya keenyaatti taasifameen jijjiiramaafi rakkoowwan mul'atan ibsamanii qaacceffamaniiru. Kana malees haaromsi akka naannoo Oromiyaatti maal akka fakkaataniifi dabalataan godinaaleetii hanga gandootaattis

uummanni maal akka jedhee afaanitti fayyadamee ibse hammatee jira. Akkasumas rakkoowwan haaromsa dura turaniifi kanneen mootummaa haaromsa dura hacuuccaan biyyaafi uummata bitaa turan irratti dhiibbaa taasisuun sirna gabroonfataa qabsoon cabsan qaacceffamaniiru. Kana malees haaromsa kanatti hudhaa ta'uun kanneen morman qaamaa kam akka ta'eefi maaliif akka ta'es gabaasa qorannichaa keessatti qaacceffamaniiru.

Xiinxalli kennames ija yaaxxina illaanyaa (ideological theory) fi *fayyadama xiinqooqa* sirnaawaa (systemic functional linguistic theory) kana malees yaaxxina haalaan geggeeffame. Fayyadmni xiinqooqaa akkaataa afaan haala galumsaan ibsamanii hiikaman waan qoratuuf, qorataanis haala mata duree qorannicha ilaallatuun uummanni bifa dubbiin jedhe hiika isaa ittiin qaaccessuuf yaaleera. Akkasumas yaaxxinni illaanyaa dubbii haaromsaa ija siyaasaatiin ilaalanii hubatanii itti dhimma bahuu irratti xiyyeeffata. Kunis qorannoo haaromsaa geggeeffameen akkaataa Dorso (1972) jedheen. Kallattii itti fayyadama afaanii ija siyaasaatiin ilaalamanii, xiinxalamanii dubbii haaromsa siyaasaa bara 2010-ammaan irratti afaanitti fayyadamuun haala uummanni Aanaa Kiiramuu bifa afwalaloo, faaruu, malleen dubbiin, tabaalliifi hololoo, jedhan kan qaacceffamanidha.

Walumaagalatti qorannoon kun mata duree qaaccessa dubbii haaromsa siyaasaa bara 2010-2011 haala Aanaa kiiramuu jedhu irratti kan geggeeeffame yommuu ta'u, boqonnaa shan qaba.kunis: boqonnaan tokko, seenduubee,argamaa naannoo qorannichaa, ka'umsa qoranichaa, Kaayyoo qorannichaa, barbaachismmaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaafi qindoomina qorannichaa kan hammatee jiru yommuu ta'u, boqonnaan lama immoo yaadrimee qorannichaa, yaaxxina qorannichaa, sakatta'a barruu mataduree qorannoo waliin walqabataniifi barruu walfakkii qabatee jira. Boqonnaan sadii malleen qorannichaa gabaasa qorannoo kana keessa jiranidha. Kunis: mala qorannoo, madda ragaalee,mala iddaattessuu, irraawwatama qorannichaa,hirmaattota qorannischaaf yeroo kenname, meeshaalee ragaaleen ittiin funaanamaniifi mala qaaccessa ragaalee qorannichaa kan qabate yommuu ta'u, boqonnaan afur immoo qaaccessa ragaalee qorannichaa ta'ee boqonnaan shan immoo cuunfaa qorannoo, argannoofi yaada furmaataa (yaboo) kan of keessatti hammatee jirudha.

5.2. Bu’aa Qorannoo

Odeefkennitoonni hundi isaanii dandeettiifi beekumsa bu’aa qorannoo kanaaf argamsiisan keessatti leenjii tokko malee dhugaa qabatamaa dhimmoota mata durichaa madda odeeffannoo bu’uura (primary) ta’aniifi ibsa asilii (original) kennuun isaanii raggaasifameera.

- Bu’aan qorannoo kanaa itti fayyadamni afaanii afwalaloo, hololoo akkasumas malleen dubbii, qoqqoodama seerluugaafi gurmaa’inni jechootaa argamaniiru.Kanaanis haaromsi gara oiliitti akka federaalaa (biyyaatti) jiru jajjabeessaa ta’uu fi miidha dursanii naannolee qorachuun hordoffiifi qorannoo cimsuun bira ga’uu dadhabuufi olaantummaan seeraa kabajamuu irratti qaawwi akka jiru hubatameera.
- Haaromsa akka biyyaatti taasifame itti fayyadama afaaniin kanneen gufachiisan kanneen biyya saamuu barbaadaniifi warra faayidaan isaanii tuqame akka ta’e hubatameera.
- Haaromsa akka biyyaatti taasifame kana keessatti itti fayyadamni afaanii gaaffiin Uummata Oromoo Afaan Oromoo Afaan Federaalaa ta’uufi faafidaa addaa Oromiyaan Finfinnee irraa argatu hin deebiin jiran ibsan arganmaniiru
- Haaromsa akka biyyaatti bara 2010-ammaa taasifameef abbaan ka’umsa haaromsaa adda dureen uummata Oromoo akka ta’e hubatameera.
- Haaromsi 2010 hang ammaa keessatti itti fayyadamni afaaniin haaromsa akka Naannoo Oromiyaatti jiru kan abdii namaa kennuufi gaaffileen Uummata Oromoo haga ammaa hin deebi’iin jiran akka jiran hubatameera. Kanamalees haaromsa kana keessatti warri faayidaan isaanii tuqame qorumsi miidhama lubbuu, qabeenyaafi buqqa’iinsi uummata Oromootti akka fidan hubatameera.
- Haaromsi godinaaleetii kaasee hanga gandootaatti jiran rakkoo hamaaafi walxaxaa akka qaban hubatameera.
- Haaromsa bara 2010-ammaa akka biyyaatti taasifameef kanneen mootummaa haaromsa duraa irratti dhiibbaa geessisuun sirna hacuucuun bitu cabse, irra caalaatti Uummata Oromoo biyya keessaafi hanbaa, miidiyaalee akka O.M.N. O.B.S.fi biroodha.
- Haaromsa bara bara 2010-ammaa keessatti rakkoowwan bulchiinsa gaarii keessattuu godinaaleetii kaasee hanga Aanaatti jiran yoo furamuu baatan haaromsichi dudduubatti akka deebi’u qorannichaan mirkanaa’eera.

- Haaromsaan jijjiiramni akka biyyaafi naannootti jiru jalqabbii diimookiraasii akka ibsuufi hojiin bal'aan hafee akka jiru bira ga'ameera.
- Mootummaan federaalaa haaromsa lafa qabsiisuuf hordoffiifi to'annoo naannootii kaasee hanga gandaatti cimsee hojjechuu akka qabuufi hanqinni hordoffii bal'aan akka jirudha.
- Haaromsa bara 2010-ammaa Godinaa hanga Aanaa keessatti rakkoon irra caalaatti mul'atu: rakkoodhiyeessii tajaajila hawaasaa, ilaalchaa, loogii, kiraasassabdummaa, gahumsa ykn ogommaa malee hojjechuu akka ta'e bu'aa qorannichaan argameera.
- Rakkoo gaaffii uummataa yerootti deebisuu dhiisuun akka jiru bira ga'ameera. Fkn gaaffii Afaan Oromoo afaan federaalaa nuuf haa ta'u, gaaffii faayidaa addaa Oromiyaan Finfinnee irraa arachuu qabduufi gaaffilee piroojektootootafi bu'uuraalee misoomaas akka hudhaa haaromsaatti bira ga'ameera.
- Hojii dhabdoonni baay'achuun haaromsa irratti akka dhiibbaa qabu hubatameera.
- Rakkoon hanqina bu'uuraalee misoomaa akka bishaanii, ibsaafidaandii akkasumas rakkoon dhiyeessii tajaajila hawaasaa kan akka sukkaaraa, zayitaa, xaa'oofi sanyii kiraasassaabdumm aafi loogii waliin akka walqabatu hubatameera.

5.3. Yaboo

Yaboon bu'aa qorannoo tokko keessatti rakkoowwan bira ga'amaniif iddoo itti yaadnni furmaataa kennamu dha.Haaluma kanaan qorataan bu'aa qorannoo isaan rakkoowwan haaromsa bara 2010-ammaa keessatti jiran bira ga'amaniif yaada furmaataadha jedhmanii ka'aniifi yaadaman akka armaan gadiitti kaa'uuf yaaleera. Isaanis:

- Warri dhuunfaafi gareen haaromsa mormaniin rakkoowwan karaa daangaafi iddoo addaa addaatti sabaafi sablammii irratti uumamaniif mootummaan Federaalaa utuu dursee naannolee irratti qorannoo geggeessee balaan lubbuu, nageenyaa, qabeenyaafi godaansaa osoo hin qaqqabiin ittisee gaarii dha.
- Mootummaan federaalaa kanneen biyya saamaa turan ciminaan seeratti dhiyeessuun olaantummaa seeraa osoo kabachiisee warri badiif karoorfatan ni dhiisu.
- Mootummaan federaalaa utuu gaaffii Uummata Oromoo kanneen akka Afaan Oromoo Afaan Federaalaa Ta'uufi faayidaa Oromiyaan Finfinnee irraa argattu hojiitti hiikee fala.
- Rakkoowwan karaa caasaa mootummaa rakkoo bulchiinsa gaariin mul'atan, Federaalli Naannoo Oromiyaa hordofuun Naannoon Oromiyaa immoo godinaalee qorachuun

gadifageenyaan haaressuutu barbaachisaa ta'a. Keessattuu godinaaleetii kaasee hanga gandaatti hidda gadifageeffatee rakkoo ilaalcha dulloomaa kiraasassaabdummaa, loogiifi walbeekumsaan walqabatee jiru buqqisuuf ,yommuu hooggantoonni muudaman hawaasaafi sekteroota ati miseensa dhaaba kanaati; ati immoo miti osoo hin jedhiin kanneen ilaalcha biyyaalessummaa qaban hirmaachisuun kan biyyaafi uummataaf, namoota quuqama dhugaa, lammii, biyyaafi federaalizimii qaban kanneen uummanni jaallate utuu muudanii haaromsi iddoo hundatti hojiitti hiikamuu danda'a.

- Uummanni akkuma haaromsa dura hanga aarsaa lubbuutti ofwareegee qabsaa'aa ture keessattuu Uummanni Oromoo rakkoowwan akka biyyaatti, naannootti, godinaaleetii hanga gandaatti gama bulchiinsaan, diinagdeen, loogiinfi kiraasassaabdummaan jiran irratti dammaqinaan qabsaa'ee utuu mootummaaf eeruu kennee quba qabsiisee gaariidha.
- Barattoonni Yuunversiitiifi dhaabbilee addaa addaa irraa ba'anii taa'an rakkoon gama hojiidhabdummaan akka biyya keenyaatti heddumatee jiru ta'uun haaromsa irratti dhiibbaa geessisaa jiruuf mootummaan warshaalee addaa addaa dhaabuudhaan akkasumas rakkoo gama gurmeessuutiin jiru sakatta'ee osoo furee gaarii ta'a.
- Rakkoo gama hanqina bu'uuraalee misoomaafi dhiyeessii tajaajila hawaasaa jiru baajataafi hordoffiifi qorannoo cimsuun, piroojektoota bishaan dhugaatii, ibsaa, daandii fi dhiyeessii sukkaaraa, zayitaa, xaa'oofi sanyii kiraasassaabdumaan walqabatan seeratti dhiyeessuun adabuun osoo jiraatee rakkichi salphachuu danda'a.
- Rakkoon waliigaltee dhabuu mootummaafi gidduu jiru rakkoo lubbuu dhabuu, nageenyaafi qabeenyaa ta'ee waan jiruuf ammallee mootummaan osoo garabal'inaan bifa jaarsummaan akkaataa waliigaluun danda'amuun gara araaraatti dhufee waliif utuu galanii fuulduratti gaarii ta'a.
- Rakkoon nageenyaa karaa dhaabbilee morkattoota siyaasaa tokko tokkoo uumamaa jira jedhee uummanni shakkaa waan jiruuf, heeraafi seera isaan ittiin socho'aniifi to'ataman tumamee lafa taa'ee osoo hojiitti hiikamee gaarii ta'uu danda'a.
- Mootummaan bu'uuraalee misoomaa kan akka mana barumsaa,bishaanii fi biroo isiniifan raawwadha jedhee yommuu hin raawwatiin hafu uummanni gungumeera.Fkn aanaa Kiiramuu bulshiinsi magaalaa qoqoffee bishaan dhugaatiifi mana barumsaa iyyachuu Biiroo Perezedaantii Oromiyaa al lama deemnee jennan sinii raawwatama yeroo

gabaabduu keessatti jedhamee turuun gungummii haaromsaa fideera.kanaafuu mootummaan wan danda'amu qofa utuu waadaa seenee hojiitti hiikee gaarii ta'a.

- Uummanni Oromoo naannoo jaarraa tokkoofi walakkaa tokkummaan isaa laafuun hacuuccaa keessa ture; erga tokkummaa cimsatee immoo haaromsaan aangoo akka biyyaatti argatee lafa dukkanaa'e bariisise. Kanaafuu sabaafi sablammiin injifannoo argame waliin tiksatee, itti gaafatamtoonni aangoota sadarkaa addaa addaa irra jiran hundi haaromsa hojiitti hiikuun tokkummaafi jaalalaan hunduu yoo hojjete, caalaatti haaromsa tarkaanfachiisuudhaan biyyi keenya biyya diimookiraasiin itti dagaageefi guddatte ta'uu dandeessi.

.

Wabiilee

Abdella (2010).Governance for the future; Democracy and development in theLeast developed countries.

Addisuu Tolasaa (1999).*Geerarsa Folksongs as the Oromo National Literature*.A study Ethinography folklore and of the Ethiopian colonization ofOromia.USA.The Edwin mallen press.

Addunyaa Barkeessaa (2010).Natoo: Yaarimee caasluuga Afaan Oromoo.Finfinnee.Mega printing press.

_____(2011).*Akkamtaa:* Yaadrimee Qorannoo Hujoo, Oromiyaa: Finfinnee.

_____(2016). "The Discursive Contruction And Representatian Of The Waata Identity: A Critical Discourse of Oral Texts" Addis Ababa University: PHD. (kan hin maxxafamiin)

Allwright, D. and Bailey, M.K (1991*).Focuson the language classroom: AnIntroduction to classroom research for language teachers*.Cambridge; Cambridge University.

Akton.(2009).*Good governance:A new public managerialism,available at htt*: //www usak.org.tr pdf.

Asaffa J.(2007).*Oromummaa: Oromoo culture,Identity and Nationalism*.Oromiya. Publishing campany. Atlanta.

Asafaa Tafarraa (2003)"*Towards apolitical sociology of Oromo literature*: Jarso Wakos poetry "Addis Ababa Univarsity MA thesis.

Austin,J. (1962).*How TO DO Things with words*.London.Oxford University press.

Brown, G.and Yule,G.(1983*).Discource Analysis*.Cambridge:University press.

_____2000).*Dictionary of semiotics*.Frinted and bound in Great Britain byBiddies ltd.Guildford and kings iynn.

Cook,G.(1990).*Discource*.Oxford :OxfoDiscourcrd University press.

Darajjee Balaayinee.(2010).*Tintaagoochuu.Mana maxxansaa Itaafiizer.*

Dastaa Dassaleny.(2013).*Bu'uura Qorannoo*.Yuunvarsiitii Finfinnee.

Dawson ,C.(2002)Practial Research Methods:London '.

Dijk V.(2001) Critical Discource Anaiysis. UK: Blackwel.

Dinissa D.(2008).*Do cervice reforms leed to better governance*? A case study ofGrampanchayts in West, avelable at http//research.All academicCom.Meta Journal.

Doughty, p.peace, J.and Thornton, G.(1971).*Language in use*.LondonEdward Arnold.

Dorson (1972).Folklore and Folklife:An Introduction.Chicago:the University press.

Eemiyas Gaashuu. (2010).*Yaabbeduu Jibooch*.Finfinnee.

Fairclough,N.(1992).*Discource and social change*.Cambridge:Policy press.

----------(1995).critical Discource Analysis:The Critical Study of Language.Lond:Long man.

Finnega,R.(1977).*Oral poetry:*Oral poetry:composition performance andContex.Combridge: Comridge University.

----------(1970).*Oral iterature in African*.Nairobi Oxford UniversityPress.Daressalam.Gada Melba 1988 oromiya: An itotrodaction to theHistory of The oromo people.Minnea polis publishers.Kartoum,sudan.

Gammachiis Zawdee. (2016). "Xiinxala *Hasbarruu Fayyadama Afaan Oromoo Mana MurtiiKeessatti."* Yuunvarsii Addis Ababaa: Waraqaa qorannoo digirii lammaffaa (kan hin maxxanfamne.)

Gemechu andAseffa.(2006)."Merrige Practice among the Gidda Oromo".Addis Abeba University.

*Gissillaa. (2017). Xiinxala Fayyadama Afaan Oromoo Faaruu Amantaa Ortoodoksii Keessatti"*Yuunvarsiitii Addis Ababaa; Waraqaa qorannoo digirii lammaffaa (kan hin maxxanfamne.)

Guddataa Abeetuu.(2016)."*Xiinxala Haasbarruu Meeshaalee Ayyaana Wayyaana Giiftii Elemoo"*Yuunversiitii Finfinnee; Waraqaa qorannoo digirii lammaffaa (kan hin maxxanffamne.)

Hataamuu Bultii (2006) Gahumsa Hojii Haaromsa Sirreeffamtoota Amala Sirreessaa Oromiyaa: Oromiyaa.

Hodge.B.and Kress, G.(1993).*Language as Ideology(2nd ed).*London and Newyork.Routledge.

Hoijer (1954). Language in Calture. Chicago. Unversity press.

Holliday.(1994).Systemic Functional Linguistic.London:Edward Arnold.

Hoy.D.(2004). *Critical Resistance from post structuralism to post-critique*. Combridge MA combridge MA and London:The M/T press.

Hymes.D.(1972).*Models of the interaction of language and social life*.In Gumperz,J. and Hymes,D.(eds) *Directions in sociolingustics*.New work:Holt,Rinhart and Winiston.

Jabeessaa Ejetaa.(1995).Seenaa Uummata Oromoo Hudeerraa Hanga Ammaatti.

Kothair,C.R.(1990),Research Methodology:Methods and Techniques (2nd ed).New Delhi.

Milroy, l.and Muvsken,p(1995):*Itrodution*:*Code switching and bilingualism Research.*In L.Milroy and p. Muysken (eds),one speaker to languages:Cross.disciplinary perspective one switching New Work: CambridgeUniversity press.

Mohammed Sayid. (2009).*Seenaafi qabsoo Oromootaa*.Finfinnee, Itoophiyaa: Finfinfinnee, Itoophiyaa: Finfinnee.

Montesono.(2016).*Governance and public service Delivery*;*The case Water supply in Akaki kaliti sub-city;*A Thesis submitted to the school of granduate studies of Addis Ababa University in partial Fulfillment of the Requirements for the Masters of art in public management and policy specialization Area in Development Management;Addis Ababa Univarsity, Ethiopia.

Pickering.M.(2008),Research Methods for cultural Studies Edinb bugh University press.

Schriffin, D. Tannen, D.and Hamilton.H.E.(2001).TheHandBook of Discource anaiysis.USA, BlackWell publishers ltd.

Qorrichee Gaarummaa. (2017). *Qaaccessa Qabiyyee, Unkaafi Fayyadama Afaan Oromoo.*Waraqaa qorannoo digirii lammaffaa (kan hin maxxanfamne).

Tesema Ta'a. (1980).The Oromo of Wollega.Addis Abeba University.

Toksoz F.(2008).*Good Governance*: improving*quality of life*, Tesepublications, Turkey: Istanbul.

Tayei,S.(2005).Research Methods and Writing research Proposals,Cairo.

Taatoo

Seenduubee odeefkennitoota afgaaffii garaagaraa

Lakk.	Maqaa	Koorniyaa	Umurii	Amantaa	Ganda	Hojii	Barumsa	Guyyaa
1	Nagaash Toleeraa	Dhi.	60	Waaqeffataa	Kiiramuu-01	Barsiisaa	MA	14/8/2011
2	Margaa Shifarraa	Dhi.	43	Pirootestaantii	Baabboo	Nageenya	Dippiloomaa	28/8/2011
3	Gammachuu Fayyisaa	Dhi.	59	Pirootestaantii	Qoqoffee	Barsiisaa	Digirii	19/8/2011
4	Gammadaa Dheeressaa	Dhi.	28	Pirootestaantii	Guddina Jireenyaa	Barsiisaa	Digirii	29/8/2011
5	Kabbadee Dassaaloo	Dhi.	68	Pirootestaantii	Kiiramuu-01	Sooruma	Digirii	4/8/2011
6	Dassaalee Duuressaa	Dhi.	47	Pirootestaantii	Baabboo	Manaajera	Dippiloomaa	28/8/2011
7	Abbaatuu Xaalboo	Dhi.	70	Waaqeffataa	Lalistuu Somboo	Qoteebulaa	Kutaa-7	5/8/2011
8	Dhinsaa Abdiisaa	Dhi.	53	Ortodoksii	Naccinoo	Manaajera	Dippiloomaa	8/8/2011
9	Dassaalee Oljirraa	Dhi.	40	Waaqeffataa	Guddina Jireenyaa	Nageenya	Kutaa-8	29/8/2011
10	Dhaabaa Qana'aa	Dhi.	71	Waaqeffataa	Caffee Guddinaa	Qoteebulaa	Kutaa-4	10/8/2011
11	Fiqaaduu Hundee	Dhi.	50	Pirootestaantii	Kiiramuu-01	Afayaa'ii	Digirii	9/8/2011
12	Maammoo Anbaayee	Dhi.	60	Waaqeffataa	Caffee Soorumaa	Qoteebulaa	Kutaa-8	24/8/2011
13	Tasfaayee Gammachuu	Dhi.	30	Pirootestaantii	Guddina Jireenyaa	barsiisaa	Dippiloomaa	08/8/2011

Ibsa
Pirootestaantii-6
Waaqeffataa-5
Ortodoksii-1
Waliigala=12

Taatoo
Seenduubee mariigaree xiyyeeffannoo garaagaraa

Lakk.	Maqaa Guutuu	Koor.	Umurii	Amantaa	Ganda	Hojii	Barumsa	Guyyaa
1	Abboomaa Silashi	Dhi.	27	Waaqeffataa	Guddina jireenyaa	Barataa	Yuunversiitii	2/8/2011
2	Fiqiruu Asinaaqoo	Dhi.	46	Pirootestaantii	Kiiramuu 01	Hoogganaa M/B	MA	15/8/2011
3	Zalaalem Namoo	Dhi.	30	Ortodoksii	Caffee Soorumaa	Manaajera Gagdaa	Dippiloomaa	30/8/2011
4	Lammeessaa Margaa	Dhi.	25	Pirootestaantii	Baabboo	Barataa	Yuunversiitii	21/8/2011
5	Baabbushee Baayisaa	Dhi.	32	Pirootestaantii	Lalistuu Sonboo	Bulchaa gandaa	Dippiloomaa	26/8/2011
6	Ayyaanaa Namoomsaa	Dhi.	27	Pirootestaantii	Naccinoo	Hooggama a M/B	Digirii	7/8/2011
7	Gabayyoo Asaffaa	Dhi.	31	Prootestaantii	Qoqoffee	Kaantiibaa	Digirii	1/9/2011

8	Dassaalee Nagaraa	Dhi.	29	Ortodoksii	Guddina Jireenyaa	Barataa	Kutaa -12	2/08/2011
9	Tasfaayee Soorii	Dhi.	46	Pirootestaantii	Kiiramuu 01	Hoogganaa M/Barumsaa	MA	15/08/2011
10	Taganyee Ayyalee	Dhi.	30	Waaqeffataa	Caffee Guddinaa	Barataa	Yuunversiitii	30/8/2011
11	Sanyii Baqqalaa	Dhi.	30	Pirootestaantii	Lalistuu Somboo	Ogeessa misoomaa	Digirii	26/8/2011
12	Waasihun Sayidoo	Dhi.	31	Pirootestaantii	Naccinoo	Barsiisaa siivikii	Digirii	8/8/2011
13	Dajanee Doorsis	Dhi.	32	Pirootestaantii	Kiiramu 01	Barsiisaa	Digirii	15/08/2011
14	Addunyaa Mokonnon	Dhi.	33	Ortodoksii	Caffee Guddinaa	Qoteebulaa	12	30/8/2011
15	Fayyisaa Gammadaa	Dhi.	27	Pirootestaantii	Baabboo	Barataa	Yuunversiitii	21/08/2011
16	Faradaa Waaqjiraa	Dhi.	35	Pirootestaantii	Lalistuu sonboo	Manaajera	Digirii	1//2011
17	Getaachoo Qana'aa	Dhi.	32	Waaqeffataa	Naccinoo	Barsiisaa	Digirii	8/8/2011
18	Caalaa Qixxeessaa	Dhi.	26	Pirootestaantii	Baabboo	Barataa	Kutaa -11	21/8/2011
19	Geetahuun Galataa	Dhi	29	Waaqeffataa	Qoqoffee	Bulchiinsa lafamagaalaa	Digirii	25/8/2011
20	Gabayyoo Fiqaaduu	Dhi	26	Pirootestaantii	Guddina Jireenyaa	Barataa	Kutaa-12	2/8/2011
21	Dhaabaa Tarrafaa	Dhi	40	Waaqeffataa	Kiiramuu 01	Barsiisaa seenaa	Digirii	15/8/2011
22	Tashome Gobana	Dhi.	27	Pirootestaantii	Baabboo	Barataa	Kutaa-11	21/8/2011
23	Margaa Bayyanaa	Dhi	38	Waaqeffataa	Caffee Guddinaa	Qotee bulaa	Kutaa-9	30/8/2011
24	Sooressaa Amanuu	Dhi.	27	Prootestaantii	Lalistuu Sonboo	Barataa	Yuunversiitii	26/8/2011
25	Zalaalem Doorsis	Dhi.	32	Pirootestaantii	Nacinoo	Barsiisaa Gi'oogiraafii	Digirii	8/8/2011
26	Urgee Garbii	Du.	28	Pirootestaantii	Qoqoffee	Ogeettii Fayyaa	Diphiloomaa	25/8/2011

27	Lalisaa Fiqaaduu	Dhi.	27	Pirootestaantii	Guddina Jireenyaa	Barataa	Kutaa-11	2/08/2011
28	Barnaabaas Nagarii	Dhi.	28	Pirootestaantii	Kiiramuu 01	Barsiisaa Afaan Orom.	Digirii	15/8/2011
29	Toleeraa Abarraa	Dhi.	20	Pirootestaantii	Baabboo	Barataa	Kutaa-10	21/8/2011
30	Lamuu Qanaatee	Dhi	45	Ortodoksii	Caffee Guddinaa	Qoteebulaa	Kutaa-7	30/8/2011
31	Kumarraa Abdiisaa	Dhi	35	Pirootestaantii	Lalistuu Sonboo	Ogeessa Qannaa	Digirii	26/8/2011
32	Kaasahun Waaqoo	Dhi.	31	Waaqeffataa	Naccinoo	Barsiisaa Chemistrii	Digirii	8/8/2011
33	Sooressaa Assabaa	Dhi	23	Pirootestaantii	Gudina Jireenyaa	Barataa	Kutaa-10	2/8/2011
34	Xilaahun Dhinsaa	Dhi	29	Piootestaantii	Kiiramuu 01	Barsiisaa Herregaa	Digirii	15/8/2011
35	Fayyisaa Qana'ii	Dhi.	60	Waaqeffataa	Caffee Guddinaa	Qoteebulaa	Kutaa 11	30/8/2011
36	Addunyaa Bayisaa	Dhi.	30	Pirootestaantii	Lalistuu Sonboo	Qoteebulaa	Kutaa-9	26/8/2011
37	Jireenyaa Irranaa	Dhi.	32	Pirootestaantii	Naccinoo	Barsiisaa	Digirii	8/8/2011
38	Taakkalaa Ayyaanaa	Dhi.	31	Pirootestaantii	Qoqoffee	Sassaabaa galii	Digirii	25/8/2011
39	Mootummaa Shifarraa	Dhi.	39	Pirootestaantii	Baabboo	Qoteebulaa	Dippiloomaa	21/8/2011
40	Iftiyoom Jireenyaa	Dhi.	26	Pirootestaantii	Guddina Jireenyaa	Barataa	Yuunversiitii	2/8/2011
41	Taaddasaa Balaay	Dhi.	32	Pirootestaantii	Qoqoffee	Ho.Waajjira lafaa	Digirii	25/8/2011
42	Baqqalaa Mokonnon	Dhi.	55	Pirootestaantii	Ceffee soorumaa	Qoteebulaa	Dippiloomaa	24/8/2011
43	Abbabaa Abdannaa	Dhi.	40	Ortodoksii	Caffee soorumaa	Nageeeenya	Kutaa-8	24/8/2011
44	Guutamaa Jireenyaa	Dhi.	32	Pirootestaantii	Caffee Soorumaa	Bulchaa	Kutaa-10	24/8/2011
45	Gammadaa Tarrafaa	Dhi.	30	Pirootestaantii	Caffee Soorumaa	Manaajera	Diphiloomaa	24/8/2011
46	Addunyaa Toleeraa	Dhi.	34	Pirootestaantii	Caffee soorumaa	Qotee bulaa	Kutaa-12	24/8/2011
47	Baayisaa Dhinsaa	Dhi.	38	Pirootestaantii	Caffee Soorumaa	Qoteebulaa	Kutaa-10	24/8/2011
48	Jireenyaa Waaqjiraa	Dhi.	27	Pirootestaantii	Caffee Soorumaa	Ogeessa Qonnaa	Digirii	24/8/2011
49	Jireenyaa Dassaalee	Dhi.	28	Waaqeffataa	Guddina Jireenyaa	Barataa	Kutaa-12	2/8/2011
50	Daandii Gaashuu	Dhi.	29	Pirootestaantii	Kiiramuu 01	Barsiisaa	Digirii	15/8/2011
51	Margaa Naga'oo	Dhi.	38	Waaqeffataa	Lalistuu sonboo	Qotee bulaa	Kutaa-12	26/8/2011
52	Baayisaa Margaa	Dhi.	27	Pirootestaantii	Baabboo	Barataa	Kutaa-11	21/8/2011
53	Getaachoo Dhugaasaa	Dhi.	50	Pirootestaantii	Kiiramuu 01	Barsiisaa	Kiiramu 01	15/8/2011

Ibsa
Pirootestaantii-37
Waaqeffataa-8
Ortodoksii-9
Waliigala nama= 53

DABALEEWWAN

Dabalee –A

Yuuivarsiitii

Finfinnee Koollejjii Namoomaa, QorannooAfaanotaa, Joornaalizimiifi Qunnamtii, Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookiloorii

Qajeelfama gaaffii qorannoo afgaaffiif dhiyaatan:

Qorannoo kana milkeessuuf gaaffiin qorannoo kun kan qophaa'e:
Naannoo Oromiyaa,Godina Wallagga Bahaa aanaa Kiiramuutti Qaaccessa Qabiyyee Waallee Dubbii Haaromsa Bara 2010-Ammaa Haala Aanaa Kiiramuu ilaalchisee yaada ijoo afgaaffiif qindaa'e.

Seensa

Qabxiin afgaaffii kun kan qophaa'e hawaasa Aanaa Kiiramuu irraa waallee siyaasaa: qaaccessa qabiyyee dubbii/haasaa haaromsa bara 2010-ammaa qulqulleeffachuuf jecha baatii Eblaa 2011 keessa A.L.H. kan qindaa'e dha . Afgaaffiin kun yaada murteessoo ta'an gadiqabee xiinxaluun ni barbaachisa jedhamee amanama.Kanneen haaromsa kana waliin walqabatan ibsuun qaaccessuun barbaachisaa waan ta'eef.Kanaafuu afgaaffii kana irratti hanga danda'ametti odeeffannoo kennamu guutuufi ifaa akka taasistan abdiin qaba.Deeggarsa isin taasistan fiixaan bahumsa qorannichaaf murteessaa waan ta'eef, isin galateeffataa shakkii tokko malee bilisaan yaada keessan akka naaf qooddan yoon gaafadhu kabajini koo guddaadha.

Kutaa Tokko: Qajeelcha gaaffiiwwan afgaaffiif dhiyaatan:

1.Ganda__Toorba(7).

2.Guyyaafi baatii-Ebla 2011 keessa guyyaa addaa addaa.

3.Yeroo daqiiqaa 35-40 .

1.Umurii _____2.Koorniyaa_____3. Ganda_____4. Sadarkaa barumsaa_____

Gaaffilee :

1. Haaromsa siyaasa bara 2010-ammaa akka biyyaatti geggeeffame maal jettu? akkamiin ibsitu?
2. Haaromsi bara 2010 akka dhufuuf waan Uummatni Oromoofi biroo tokkummaan akka falfatan taasise maali?
3. Haaromsa siyaasaa bara 2010-ammaa akka biyyaatti ta'e maaltu fide, akkamiin ibsitu?
4. Warri haaromsa siyaasaa 2010-ammaa akka biyyaatti geggeeffame morman eenyu? Akkamiin ibsitu?
5. Haaromsa siyaasaa akka biyyaatti bara 2010-ammaa geggeeffame keessatti komiin jiru maali, akkamiin ibsitu?
6. Haaromsa siyaasa 2010-ammaa akka biyyaatti geggeeffame simachuu akkamiin ibsitu ?
7. Haaromsa siyaasa 2010 geggeeffameef kanneen gahee ol aanaa taphatan eenyu fa' ?

8. Haaromsa siyaasa bara 2010-ammaa akka biyyaatti geggeefame keessatti jijjiiramni argame maal fa'i?
9. Haaromsa siyaasa Mootummaan Naannoo Oromiyaa geggeesseen jijjiirama maal fa'aatu jiru akkamiin ibsitu ?
10. Haaromsa Naannoon Oromiyaa 2010-ammaa geggeesse keessatti komiin jiru maali akkamiin ibsitu ?
11. Haaromsa Naannoon Oromiyaa 2010- 2011 geggeesse keessatti rakkoo godinaa-Aanaa waliin walqabatan akkamiin ibsitu ?
12. Haaromsi siyaasaa biyya keenyaafi Naannoo Oromiyaa gara fuulduraatti sadarkaa caalutti ykn gaariitti darbuudhaaf maaltu ta'uu qaba?

DABALEE –B

Yuunvarsiitii Finfinnee Koolejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa Joornaalizimiifi Qunnamtii Muummee Afaan Oromoo Ogbarruufi Fookloorii

- Marii garee xiyyeeffannoo (focus group discussin)
  Naannoo Oromiyaa,Godina Wallagga Bahaa aanaa Kiiramuutti Waallee Dubbii Haaromsa Bara 2010-Ammaa Haala Aanaa Kiiramuu ilaalchisee yaada ijoo marii gareef qindaa'e.

Seensa

Qabxiin marii kun kan qophaa'e hawaasa aanaa Kiiramuu irraa waallee haaromsa bara 2010-ammaa qulqulleeffachuuf jecha baatii Eblaa 2011 keessa A.L.H. kan qind aa'e dha . Mariin garee kun yaada murteessoo ta'an gadiqabee xiinxaluun ni barbaachisa jedhamee amanama.Kanneen haaromsa kana waliin walqabatan ibsuun qaaccessuun barbaachisaa waan ta'eef.Kanaafuu marii garee kana irratti hanga danda'ametti odeeffannoo kennamu guutuufi ifaa akka taasistan abdiin qaba.Deeggarsa isin taasistan fiixaan bahumsa qorannichaaf murteessaa waan ta'eef,isin galateeffataa shakkii tokko malee bilisaan yaada keessan akka naaf qooddan yoon gaafadhu kabajini koo guddaadha.

Kutaa Tokko:Qajeelcha gaaffiiwwan mariigareef dhiyaatan:

1. Ganda__Toorba(7).
2. Guyyaafi baatii-Ebla 2011 keessa guyyaa addaa addaa.
3. Yeroo daqiiqaa 50-60 .
4. Baay'ina hirmaattotaa dhiira___,Dhalaa____waliigala_____.

Kutaa Lama: Gaaffilee Qajeelcha marii gareef dhiyaate:

1. Haaromsa siyaasa bara 2010-ammaa akka biyyaatti geggeeffame gareen ta'uun erga mari'attanii faaruun (afwalaloon) ykn kan biroon akkamiin ibsitu?
2. Haaromsi bara 2010 akka dhufuuf waan Uummatni Oromoofi biroo tokkummaan akka falfatan taasise gareen ta'uun mar'adhaa natti himaa.
3. Haaromsa siyaasaa bara 2010-ammaa akka biyyaatti ta'e gareen mar'adhaatii maaltu akka fide afwalalooykn bifa biroon ittiin ibsitan natti himaa .
4. Warri haaromsa siyaasaa 2010-ammaa akka biyyaatti geggeeffame morman eenyu faa akka ta'an gareen erga mar'attanii akkamiin ibsitu?
5. Haaromsa siyaasaa akka biyyaatti bara 2010-ammaa geggeeffame keessatti komiin jiru maal akka ta'e gareen mar'achuun natti himaa.
6. Haaromsa siyaasa 2010-ammaa akka biyyaatti geggeeffame simachuu gareen ta'uun akkamiin ibsitu ?
7. Haaromsa siyaasa 2010 geggeeffameef kanneen gahee ol aanaa taphatan gareen mari'achuun eenyu akka ta'eefi bifa ittiin ibsuu dandeessaniin natti himaa.

8. Haaromsa siyaasa bara 2010-ammaa akka biyyaatti geggeefame keessatti jijjiiramni argame maal fa'i akka ta'e gareen mar'adhaatii bifa dubbii ibsuu dandeessaniin natti himaa.
9. Haaromsa siyaasa Mootummaan Naannoo Oromiyaa geggeesseen jijjiirama jiru gareen ta'uun akkamiin ibsitu?
10. Haaromsa Naannoon Oromiyaa 2010-ammaa geggeesse keessatti komii jiru gareen ta'uun akkamiin ibsitu?
11. Haaromsa Naannoon Oromiyaa 2010- 2011 geggeesse keessatti rakkoo godinaa-Aanaa waliin walqabatan gareen ta'uun akkamiin ibsitu ?
12. Haaromsi siyaasaa biyya keenyaafi Naannoo Oromiyaa gara fuulduraatti sadarkaa caalutti ykn gaariitti ce, uudhaaf maal ta'uu akka qabu gareen mar'adhaa natti himaa.

Dabalee C. Daawwannaa

Cheeklistii ykn qabxiilee mirkaneessituu ragaaleen daawwannaatiin funaanaman.

Yuunvarsiitii Finfinnee Koollejjii Namoomaa, Afaanotaa, Gaazexeessummaafi Qunnamtiitti Muummee Afaan Oromoofi Fookloorii.

1. Waltajjiin geggeeffame haaromsa2010-ammaa akka biyyaa ilaalchisee maalttu waallee dubbii kamiin ibsame?
2. Waltajjiin geggeeffame haaromsa 2010 –ammaa argameef waan uummanni tokkummaan akka qabsaa'u taasise ilaalchisee maaltu ibsame?
3. Waltajjichaan haaromsa siyaasa 2010-2011 akka biyyaatti eenyutu akka fidetu ibsame?
4. Waltajjichaan warra haaromsa 2010-ammaa geggeeffame mormaniifi gufachiisan eenyu fa'aa akka ta'etu ibsam ?
5. Waltajjicha irratti komii uummanni haaromsa 2010-2011 irratti akka biyyaatti kaase maal fa 'i?
6. Haaromsa bara2010 –ammaa akka biyyaatti geggeeffame ilaalchisee waltajjii irratti simachuufi geeggaruu isaanii akkamittiin ibsan?
7. Haaromsa bara2010-2011 akka biyyaatti geggeeffame ilaalchisee waltajjii haaromsaa irratti kanneen gahee olaanaa taphatan eenyu fa'a akka ta'atu ibsame ?
8. Haaromsa bara 2010 ilaalchisee jijjiirama akka biyyaafi Naannoo Oromiyaatti argaman maal fa'aa akka ta'antu ibsame?
9. Haaromsa akka Naannoo Oromiyaatti 2010-2011 geggeeffame irratti komii uummanni kaase maal fa'i?
10. Haaromsa bara 2010 akka Mootummaan Naannoo Oromiyaatti gegeeffame ilaalchisee rakkoowwan Godina Wallagga Bahaa- Aanaa Kiiramuu waliin walqabatan maaltu akkamiin ibsame?
11. Waalleen dubbii Haaromsa bara 2010-2011 akka biyyaafi Naannoo Oromiyaatti geggeeffame irratti waltajjicha irratti dhiyaate ergaa akkamii dabarsa?
12. Waltajjii haaromsaa sana irratti haaromsi akka biyyaafi Naannoo Oromiyaatti 2020-2011 geggeeffame gara fuulduraatti sadarkaa caalutti ykn gaariitti ce'uudhaaf maal ta'uu akka qabutu ibsame?

DABALEE –D

RAGAALEE AFGAAFFIIFI MRIIGAREE XIYYEEFFANNOO IRRAA ARGAME

A.Ragaa afgaaffii

- **Ragaa afwalaloo ,tabaalliifi faaruu**

Ragaa :1. (1) Ameessa bitachuun koo marqaatti unachuufii
(2) Wayyaanee diduun koo haaromsa simachuufii
(3) Sirriitti nuu dhaabaa madaala Oromootti
(4) Abbiyyiin nuu wayyaa dhalata Oromooti
(5)Akka warra kaanii miti ilma abbaa gadaati. .

Ragaa:2. (6) Amaarriifi Oromoo
(7) Haaromsa fidan kunoo
(8) Lameen waliif qomoo
(9) Soddoota waliin deemoo
(10) Ollaa waliiti daangaanoo
(11) Wal keessa jiru dhiigaanoo
12) Tiim Lammaadha isaanoo.
(13) Oromoofi Amaarri qabsaa'anii
(14) Diimookiraasii arguuf hawwanii
(15) Jijjiirama fiduuf walii galanii
(16) Tiim lammaan kunoo beekamanii
(17) Imala qabsoo waltajjii itti fufanii
(18) Quuqama biyyaa kan qabanii
(19) Qeerroofi qarreen deeggaranii
(20) Uummata qabsaa'u dhaga'anii
(21) Haaromsa biyyaaf kunoo fidanii. .

Ragaa:3. (22) Kan uummanni itti ta'e aarsaa
(23) Diimookiraasiitiif falmuusaa
(24)Walqixxummaaf miidhamuusaa
(25) Lubbuufi lafee itti dhabuusaa
(26) Qabsoo uummataa mul'iste firiisaa
(27) Maqaan jijjiiramichaa Haaromsaa

Ragaa:4. (28) Tigeeree ati yaa Tigiree Dubbii eenyu diree
(29) Maal yoo gaarii ooltee Maa biyya goolte
(30) Yoo nagaa buustee haaromsaaf nudhiistee
(31) Tigiree ya Tigiree hojiin kee gaariidhaaree
(32) Oromoofi sumaalee eenyu addaan hiree?
(33) Obbolawwan lamaanii addaan nu qooddanii
(34) Ofii dabaan dhokattanii walitti nu naqtanii.
(35) Oromoofi sumaalee eenyutu wallaalee
(36) Nu tokko malee ijoollee kuush eenyu haalee?
(37) Hojiin kee sitti baramee eenyuun sossobda mee
(38) Hojiin kee yoo kufu Yommuu barri sitti dhufu

(39) Sirni kee yommuu kufu qawween kee yoo laafu
(40) Waraana dhokattuu galfatee oromoo galaafatte. .

Ragaa:5. (41) Kan faayidaan tuqame Tigiree haaromsa hin deeggartuuree
(42) Gumuziin qindeessuu simitiiree taayitaa gaabbite argattaaree
(43) Gumuziifi gambeellaa dabalattee uummata Oromootti taphattee
(44) Kaan ajjeestee kaan buqqaaftee bu'aa isaa maal argattee ?
(45)Hinteessuu harka sassaabbattee sirni kee amma du'ee
(46) Gumuziin Oromoo wajjiin ture waliin nyaatee waliin dhugee
(47) Har'a hima kee dhaga'ee ka'e Oromootti maaf ka'e ?
(48) Hojiikeetu gaddeemtuu ta'e dacheetu si dhaga'e.

Ragaa:6. (49) Situ waraabessa nyaataa ta'e haaromsi abdachiisaa ta'e
(50) Hojiin kee jibbisiisaa ta'e mul'anni kee lamsha'ee taa'e-?
(51) Gumuziifi gambeellaan madaa keenyatti dabalte eelaa
(52) Haasaan afaan kee dammaa Hojiin kee immoo dhamaa
(53) Amma aduun sitti dhiyeeraa Oromoof reefuu bari'eera-jechama
(54) Miilli keenya lafa ejjeteera diimookiraasiin jalqabeeraa
(55)Dhoksaa dhiisi sitti barameeraa sirni waggaa 27 cabeera
(56) Gumuziifi ganbeellaan amma waadaa kee haaleera.
(57)Bulchaa Naannoo Oromiyaa waammatanii
(58) Ebila kumalamaafi tokko Asoosaatti mari'atanii
(59) Hojii kee hunda tokko tokkon lakka'anii taajjabanii.

Ragaa:7. (60) Sirni waggaa 27 guutuu
(61) Inni hojii miti gufuu
(62) Amma nubiraa hin hafuu?
(63) Sirnichi ilaalamee tuffatame-
(64)Yaraa dalagee ala baafame
(65) Aangoon irraa fudhatame
(66) Haaromsi kunoo taasifame.
(67) Jarri ammas biyya gooltu
(68) Nama keessaa ofbaaftaniittuu
(69) Haaromsai dhufe gatii kaffalleetu
(70)Salphaatti miti wareegamneetu
(71) Ni tarkaanfachiifna waliigalleetu.

Ragaa: 8. (72) Gambeellaa yaa gumuzii
(73) Tigireetu sitti late afamusii
(74) Faayidaan gowwoomtan isinii
(75) Oromoo sinii wayya boorosii
(76) Gadaa iraa baratee diimookiraasii
(77) Eenyuun hin dhiibu yoomisii
(78) Dhiibuuf hin deemu har'asii
(79) Atuu dhugaa baata kaleessasii
(80) Waa'ee Oromoo dubbata dacheenisii
(81) Waa'ee Oromoo haasa'u mukeenisii
(82) Addunyaaf gumaache diimookiraasii.

(83) Ilaa yaa Gambeellaafi Gumuzii
(84) Baattoo diinaa hin ta'iin boorusii
(85) Maal isin miidhee Oromoonisii
(86) Amma haa bayyaannatu Haaromsii

Ragaa :9. (87) Dr.Abiy geggeessaa Haaromsaa
(88)Ati illee nama ogeessa ba'eessa
(89) Waraanni Asoosaa maddi eessaa
(90) Warra kana qindeesse qulqulleessaa
(91) Badii isaaniitiif seeratti dhiyeessaa
(92) Gareen kun boor nu bittineessaa
(93) Namatu waraabessa guyyaa ta'e malessa

Ragaa:10. (94) Lammaa koo ya lammeessaa ati dhugaa daanyaa ba'eessa
(95) Diina Oromoo situ bittinneesaa seenaa bade situ haaressaa
(96) Shukkaa jechaan raareedha isheen kaan murmurtuudha
(97) Daanyaa jechaan Lammaadha isheen kaan gurgutuudha
(98) Inni boojuu deebisaa isatu fide haaromsaa
(99) Inni qalbii deebisa hojiinsaa nu boonsaa.

Ragaa:11. (100) Mucayyoo akka qeerramsaa Sodaatee maal dheessaa
(101)Qabsoo uummataa finiinsa hojiin kee dubbata ofiisaa
(102) Kan kee agarre firiisaa Lammaa koo abbaa jijjiiramaa
(103) Siin hin argiin iji hamaa geggeessitoota irraa addumaa
(104) Ati qabsaa'aadha dhugumaa Oromoofi oromyaa qabattee
(105)Sirna nyaatee hin quufne hubattee Dhugaa faana hidhattee
(106) Kutannoon garaa murattee Dr.Abiyi kunoo ofdura oolfattee
(107) Uummata kee dhaggeeffatee qeerroofi qarree deeggartee
(108) Sirna nama jibbu jijjiirtee haaromsaan hidhaa nu hiiktee.
(109) Imalaa qabsoo uummataa diimookiraasii dhugaaf falmitaa
(110) Kaayyoo haaromsaa hin dagattu akkuma leencaa aggaamtaa
(111) Dimookiraasii nu jalqabsiistee haaromsa nu gonfachiiste.

Ragaa:**12**. (112)Gumuzii ya gambeellaa
(113) Sintu ofgodhe teellaa
114 Unu walumaan tollaa
(115) Wal hin galchinu boolla
(116) Haaromsatti hin taanu eelaa
(117) Nu komata dhaloonni teellaa.
(118) Tigiree gambeellaa Gumuzii
(119) Asoosaa karaa Kamashii
(120) Gariin isaanii warra faranjii
(121) Qabeenyaan warra hiyyeessasii
(122) Hojiin isaanii biyya ijaaruufii.

Ragaa: **13.** (123) Yeroo Tigireen karaa Asoosaa nutti duule
(124) Ariifattee dhuftee maaf nu hin ilaallee

(125) Haaromsaaf jennee obsinee terree
(126) Yaa Lammaa nuuf birmattuuree
(127)Oromoon madaan isaayyu hin qoorree.
(128) Warri kaleessa faayidaaf nu sakaale
(129) Kunoo har'as nutti ka'uu barbaade
(130)Dafii nu qaqqabii Oromoon sitti aade.

Ragaa:**14**. (131)Waraabeyyiin guyyaa mataa dhoksatanii
(132)Karaa ittiin nu nyaatan mari'atanii
(133) Ni ilaalu malee ijaa hin arganii
(134) Karaa asoosaa kunoo nutti ka'anii
(135) Abbaafi haadha ilmoorraa ajjeessanii
(136) Ilmoos fixanii qabeenyaas saamanii
(137) Ni dhaga'u malee hin dhaga'anii.
(138) Kaan buqqa'ee yommuu beela'anii
(139) Daftee hin mul'attuu gargaarsaanii
(140) Maaliif nutti taphatti salaabiinii.

Ragaa:15. (141) Haaromsi gara olii mataa toleera gara gadii garuu miilli dhibeera
(142)Naannoleen gariin fooyya'eera godinaa-gandaa hordoffii badeera
(143)Dr.Abiyi geggeessaa haaromsaa godinaafi aanaa nuu leenjisaa
(144)Haata'an akka Lammaa Magarsaa sirriitti haacabu ilaalchi kaleessaa
(145) Itti gaafatamummaan hawaasaa haa jiraatu sammuu isaanii keessa .
(146) Gaaffiif deebiin yoo jiraate ba'eessa haaromsi dagaagee yommus lalisaa
(147) Walfaallessuu hin qabu arrabniifi garaansaa Uummanni boo'aa manasaa
(148) Tayitaa godhatee dhuunfaasaa haaromsi tokko tokkoof dugdaafi garaasaa
(149) Ba'aa hin jiru itti gaafatamummaa nama akka gaararraa adda baasaa.

Ragaa:16. (150) Silaa ulaagaan dandeettiifi gahumsa
(151) Godinaa-gandaa garuu wal beekumsa
(152) Faayidaan of ijaaruuf dhuunfaasaa
(153) Kun miti fayyadamummaa hawaasaa
(154)Kaan hin jijjiiramne kaayyoon kaa'ame
(155)Kaaniif hin galle haaromsi taasifame
(156) Haaromsi gara olii seeraan taasifame
(157) Haaromsi gara gadii faayidaan taasifame.
(158) Baatee deema dhokfateetu garaasaa
(159) Gara gandaatti yoodhufne baddubaasa
(160)Dhaloota qubeen bakka nuu buusaa
(161) Dhugaan soba mo'ee haamul'atu ifisaa-
(162) Yoos mirga uumamaafi diimookiraasii bilisa
(163) Hoogganaan tokko tokko utuu nyaatuu beela'a
(164) Haaromsi haaguddatu sakatta'uun caasaa.

Ragaa:17. (165) Haaromsi yoo deeme miilla godhatee
(166)Godinaa hanga gandaatti yoo mul'atee
(167)Gubbaa hanga goodaatti hundi yoo hubate
(168)Biyyiifi hawaasni hunduu waliin guddate.

(169) Ummanni yoo argate mirga uumamaafi diimookiraasii
(170) Diinagdee isaa guddisuuf carraaqee hojjeta gaafasii
(171) Yoos daraaree ija godhata hidda ergatee haaromsii
(172) Haaromsi laafee dudduubatti hin deebi'u yommusii.
(173) Hojiin caasaa warra gandaa
(174) Kan haaromsaa irraa addaa
(175)Keessoon hojiisaanii badaa
(176)Geggeessitoonni caasaa gandaa
(177) Ilalchi jiru hinjijjiiramne badaa.

Ragaa:18. (178) Haaromsi biyyaafi naannoo nu jajjabeessa
(179)Gara gadiitti yoo dhufne haamilee nu buusaa
(180)Namni gaararraa ta'e diina biyyasaa
(181) Goota barbaanna akka Lammaa Magarsaa.
(182)Haaromsi mataa malee miilla hin qabu
(183)Warri gadii quuqama haqaa hinqabu
(184) Uummanni utuu gammaduu gadduu
(185) Haaromsi ammaa hin nyaatiin quufuu
(186) Namni baay'een ni dhaga'a hin dhaga'u
(187)Waajjira seenee deebi'ee kan ba'uu
(188) Uummanni utuu kolfuu boo'uu

Ragaa:19. (189)Namni kaan utuu ilaaluu hinarguu
(190) Kaan utuu gammaduu kan gadduu
(191)Kaan utuu dubbatuu kan callisuu
(192) Itti gaagatamummaan dagatameeraa-taasifamaa
(193)Xiiqii dhugaaf hidhannoon dhabameera.
(194) Loogiifi sobni biyya miidhuu argameera.
(195) Haaromsa biyyaafi naannootti ta'e
(196) Godinaa kaasee hanga gandaa yoo ga'e
(197) Muudamni filannoo seeraan ta'a yoo ta'e
(198) Muudama irraa yoo ka'an warri gufuu ta'e
(199)Mirgi uumamaafi diimookiraasii yoo fulla'e
(200) Warri faayidaaf deemtu yoo adda ba'e
(201)Dhaloonni haaraa yoo bakka bu'e
(202) Haaromsi deemee ce'ee galma ga'e.

B. Ragaa Mariigaree Xiyyeeffannoo irraa argame

Ragaa.1. **(203)**Haaroomnee haaroomne Oromoon haarofne
(204) Haaroofnee haroomne Lammaa dabalannee
(205) Haroofnee haaroomne qeerroofiqarree taane
(206) Haroomnee haroomne Jawaar hordofnee
(207)Haroofnee haroofne O.M.N.dhaggeeffannee
(208) Haaroofnee haaroomne biyya haaressinee

(209) Haroomnee haaroomne roorroo keenya cabsinee
(210)Haaromnee haaroofne madaa keenya qoorsine
(211)Haaroomnee haaroomne Dr. Abbiyyiin moosifne
(212)Haroomnee haaroofne bahaa lixaa wal waame
(213) Haaroomnee haaroomne gubbaa goodaa walwaame
(214) Haaroomnee haaroofne kuffiisne wayyaane.
(215)Haaroomnee haaroomne fuulduraaf aggaamne
(216) Haaroomnee haaroomne warra basaastuu ariine
(217) Haaroomnee haaroomne Oromoon diina waraane
(218) Haaroomnee haaroomne haaromsa arganne. .

Ragaa:2. (219) Haaromsi haaromsa nutti tolee jalqabiinsaa
(220)Haaromsi haaromsaa kan biyyaa gammachiisa
(221) Haaromsi haaromsaa kan gadii nuu qolquleessaa
(222)Haaromsi haaromsa haabareedu ijisaa
(223)Haaromsi haaromsaa dookteriin nu jajjabeessaa
(224) Haromsi haaromsaa hidhaa keessaa nama baasaa
(225) Haaromsi haaromsaa boquu olqabachiisaa
(226) Haaromsi haaromsa arganeerra gaaddisaa
(227) Haaromsi haaromsa nu cimsaa tarkaafiisaa

Ragaa:3. **(228)** Moonee ni moone Haaromsa arganne
(229)Moonee ni moone Haaromsa jalqabne
(230) Moonee ni moone biyya bulchine
(231)Moone ni moone tigireen sagalee nullanne
(232) Moonee ni moone maal isaan goone
(233) Moone ni moone waraabessa ariine
(234) Moonee ni moone amaarri yoom numorme
(235) Moonee ni moone Itti wareegamnee
(236) Moonee ni moonee boquu ol qabanne.

Ragaa:4. (237)Qabsoofnee qabsoofne haaromsa arganne
(238) Qabsoofnee qabsoofne wayyaanee kuffiisne.
(299)Qabsoofnee qabsoofne buquu olqabanne
(240) Qabsoofnee qabsoofne gaara jiksine
(241) Qabsoonee qabsoone Lammaa gootomsinee
(242)Qabsoonee qabsoone Haaromsa fidanne.
(243) Qabsoonee qabsoone diimokiraasii jalqabne
(244) Qabsoonee qabsoone ishoo jenne maarre
(245) Qabsoofnee qabsoofne qeerroofiqarree taane
(246)Qabsoonee qabsoone addunyaaf gumaachine
(247)Qabsoofnee qabsoone Haaromsa taasifanne.

Ragaa:5. (248)Dimokiraasiin duruu keenya ittiin buluu duruu beekna
(249) Dimookiraasiin duruu keenya addunyaafuu geenya
(250) Dimookiraasiin duruu keenya qeerroofi qarree keenya
(251)Dimookiraasiin keenya Haaromsi tokkummaa keenya
(252)Dimookiraasiin duruu keenya Odaa jalatti walgeenya

(253) (263) Diimookiraasiin duruu keenya walmari'anna keenya.
(254) Diimookiraasiin duruu keenya ijoollee oromoo kee
(255) Dimookiraasiin duruu keenya tabba jiksne keenyaa
(256) Diimookiraasiin duruu keenya aarsaa kaffalle keenya
(257) Dimookiraasiin duruu keenya miilla jabeessi keenya
(258) Diimookiraasiin duruu keenya hunda haaressi keenya.
(259) Diimookiraasiin keenya qabsoon walakkaadha keenya

Ragaa: 6. (260) Hoo baala baddeessaa haaromnee sitti odeessa
(261) Hoo baala baddeessa Dr.Abiyyiin arganne gaaddisa
(262) Hoo baala baddeessa hidhaa keessaa nama hiikaa
(263) Hoo baala baddeessaa biyya wallole walitti araarsa
(264) Hoo baala baddeessa kanammaa jaalala hundeessa
(265) Hoo baala badeessa abdanneerra booriisaa (2)
(266) Hoo baala baddeessaa hattuu biyyaa ni gidirsa
(267) Hoo baala baddeessaa addunyaatu isa leelisaa
(268) Hoo baala baddeessa haaromsaa jajjabeessaa (2
(269) Hoo baala baddeessaa argateera deeggarsaa
(270) Hoo baala baddeessaa dimookiraasii ni mul'isa
(271) Hoo baala baddeessa dirree siyaasaa ni bal'isa
(272) Hoo baala baddeessaa eenyu hojjete ammasaa
(273) Hoo baala baddeessa akka har'aa miti kaleessa.

Ragaa :7 (274) Hoo korma guduruu Oromoon leencuma duruu
(275) Hoo korma guduruu Oromoon tokkuma duruu
(276) Hoo korma guduruu Oromoon eenyu gabbarru
(277) Hoo korma guduruu kan hinbeenne nu haabaru
(278) Hoo korma guduruu Oromoon qeerramsa duruu
((279) Hoo korma guduruu eenyuree kan nugurguruu
(280) Hoo korma guduruu Oromoon kormuma duruu (2)
(281) Hoo korma guduruu haaromneera gammaduu
(282) Hoo korma guduruu eenyuree kan nu ugguruu
(283 Hoo korma guduru Oromoon kaannisa duruu
(284) Hoo korma guduruu eenyuree kannu hunkuruu
(285) Hoo korma guduruu nu baaneerra birmaduu (2)

C .Ragaa Daawwannaan afwalalooArgame.

1. (286) Rakkoolee Oromoo hubattanii dukkanaan gamatti ifa agartanii
(287) Gootota injifannoo horattanii haaromsa siyaasaa baga argattanii
(288) Qeerroofiqarree dhaggeeffattee amma maal akka rakkatte sabikee
(289) Onneeffattee saba dhaggeeffatte O.D.P'n ila kunoo of mil'atee.
(290) Rakkoo biyyaa furuuf karoorfatee ijjennoon haaromsi dhalatee
(291) Bakka jiru dhaabbatee xiinxalee dhaloota qubeef hooggansa late.
(292) Sirni waggoota danuu kan ciree nu nyaate toora walxaxaa baay'atee
(293) Bu'uuraa maksuuf isa saba takaalee tiim Lammaatu nu baase.
(294) Qeerroofiqarreen barsiisaa barataa uummata Oromoo hundaanii

(295 Waanjoo jaarraafi walakkaadha cabsanii O.D.P.ta'anii hubatanii
(296) Himaanaa dhalootaa Aarsaa qeerroofiqarree haaromsa fidanii
(298) Irra hin tarkaanfannu dhiiga kunoo haaromsa nu jalqabsiisanii

Ragaa:2. (299)Geggeessaa haaromsaa warri taanee
(300) Himaanaa Uummataa akka hin nyaannee
(301) Ilaa adaraa fuutani galmaan ga'aa
(302) Haaromsa gufachiisuuf hin danqiinaa
(303) Haaromsi jedheera na hin ajjeesiinaa
(304)Yoo tokko taane waliif human taanaa!
(305)Egaa O.D.P.waliin jijjiiramaaf kaana.
(306) Sirni isa kaleessaa miti harka qabaa fiigaa

Ragaa hololoon afgaaffiifi mariigareenn argaman keessaa

(307) …Gaaffiif deebii hidhaafi ajjeechaa gochuu……
(308)…..Biyya saamuuf malee biyya ijaaruuf hin turre…..
(309)…Seenaa boonsaa hin dagatamne……
(310)… Naannoon Tigiraay filannoo haaromsaa irratti sagalee dhowwatan….
(311)….Uummanni Oromoo abbaa haaromsaati……
(312)…..Haaromsi sadarkaa biyyaafi Naannoo Oromiyaa abdii namaa kenna……
(313)…Hidhamtoota siyaasaa hiikuu……..
(314)…Hirmaannaa dubartootaa akka federaalaatti 50% gochuu……
(315….Miidiyaa bilsoomseera…….
(316)… Diimookiraasii jalqabuu…..
(317)… . Dhaabbanni Metek qoratamuu…
(318)….Itoophiyaafi Eertiraa walitti araarseera…….
(319)…….Haalli gara fuulduraa abdachiisaa…
(320)….Sina diimookiraasii-
(321)…..Haaromsa simachuu…
(322)…sina cunqursaa….
(323)…Haaromsa mormuu…
(324)…sirna bittaa…….
(325)…Haaromsa gufachiisuu---
(326)……sirna Ukkaamsaa…
(327) …Haaromsa deeggaruu
(328)…sirna darbe……
(329)…Dhiibbaa alaa…
(330)….DHiibbaa keessaa….
(331)…Dhiibbaa miidiyaa…
(332)…Dhiibbaa uummata Oromoon ..
(333)….Dhiibbaa qeerroofi qarree….
(334)…Mirga uumamaa…..
(335)…Mirga diimookiraasii….
(336)…Koomandpoostiin Ittafaa Lamuu ajjeesuu….
(337)…Afaan Oromoo Afaan Federaalaa ta'uu dhabuu…
(338)….Oromiyaan faayidaa addaa dhabuu…

(339)…Oromiyaa keessaa Piroojektiin addaa addaa dhabamuu…..
(340)…Haaromsi akka nama uffata haaraa uffata dhumaa irratti erbuuti…
(341)…Fayyadamummaa hawaasaa mirkaneessuu irratti rakkoon jira……
(342)….Haaromsi muudamtootahooggantootaa guutummaatti jijjiiruu barbaachisa…
(343)….Dhiyeessiin bu'uuraalee misoomaa rakkoo qaba…
(344)….Hojiidhabummaan haaromsa irratti dhiibbaa qaba…
(345)….Olaantummaa seeraa kabachiisuu irratti rakkoon jira…
(346)….Haaromsi sektera hunda qorachuu irratti qaawwa bal'aa qaba..
(347)….Mootummaan piroojektoota hundeessuufi hordofuu irratti rakkoo qaba…..
(348) …Piroojektiin bishaanii aanaa Kiiramuu miliyoona 92 fixe foorjidii ta'e ……
(349) ….Mucayyoo akka dargaggoo ….

(350)…Hojii gaarii……
(351)….Hijii badaa….
(352)…Hojii tole……
(353)…Hojii dhabaa….
(354)…Hojii badde….
(355)… Maqaa balleessuu…
(356)…Maqaa tolchuu…
(357)… Maqaa baduu…
(358) …Maqaa toluu…
(359) -----seenaa……
(360) … Abboo aayyoo..
(361)……qaaccessa…
(362)…..jaarsaa jaartii..
(363)…..dhugaa….
(364)…yaaxxina…
(365)….gara olii…
(366)…kaabaa kibbaa..
(367)…..jaarsaa jaartii..
(368)….fooyya'aa –badaa…
(369)…gaarii- badaa….
(370)…olaanaa-gadaanaa…
(371)…fooyyessuu-balleessuu…

Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uu ibsaa hojiin kun kana dura Yuunversiitii kamiyyu keessatti kan hin dhiyaanne ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubise hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattookoonan mirkaneessa.

Maqaa qorataa_____

Mallattoo_____

Guyyaa_____

Ani Dr. _____barataan kun hojiin isaa of ittisuuf dhihaachuu danda'uu isaa mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa Gorsaa_____

Mallattoo_____

Guttaa_____